


XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA

BISHAAN GUBATE KEESSATTI



QORATTUUN: XILAA YEE WARQINAA BULCHAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAAANITHITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014

JIMMAA, OROMIYAA

XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA

BISHAAN GUBATE KEESSATTI

QORATTUUN: XILAAYEE WARQINAA BULCHAA

GORSITUUN: ALAMITUU OLII (PhD)

GORSAА AANTEE: CIMDII WAAQUMAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII
HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

HAGAYYA, 2014

JIMMAA, OROMIYA

YUUNIVARSIITII JIMMAATTI MUUMMEE BARNOOTA

AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi ogbarruu guuttachuuf, Xilaayee Warqinaa mataduree ‘Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama’ Bishaan Gubate’ jedhuun hojjette ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guutee kan dhiyaatedha.

Qorattuu:_____

Mallattoo:_____

Guyyaa:_____

Waraqaan qorannoo kun gorsa nuti kennineen ulaagaan isaa mirkanaa’ee jira.

Maqaa

Mallattoo

Guyyaa

Gorsaa Dursaa:_____

Gargaaraa Gorsaa:_____

Qoraa Keessaa:_____

Qoraa Alaa:_____

Itti Gaafatamaa Muummee yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axareeraa

Qorannoonaan kun Itti Fayyadama Afaanii Asoosama ‘Bishaan Gubate’ jedhu irratti xiyyeefata. Fayyadama afaanii asoosamoota Oromoo irratti qorannoo gahaan taasifamuun dhabuun ka’umsa ijoo qorannichaati. Asoosama filatame kana keessatti malleen dubbii, mammaaksaafi jechama argaman haala walitti dhufeenya isaaniitiin sassaabamuun jechaan waan xiinxalamaniif,saxaxa ibsaatti dhimma bahameera. Saxaxni kun ragaa jechaan sassaabame tokko gadi fageenyaaan xiinxaluuf waan gargaaruuf. Akkasumas qorattuun asoosama filatame kana akka madda odeeffannootti kan dhimma itti baate yemmuu ta’u, asoosamicha mala iddattoo miti carraa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun asoosamoota Afaan Oromoo yeroo dhihoo as barreeffaman keessaa filatameeera. Innis ulaagaa asoosamni tokko guutuu qabu guutuudhaan mataduree qorannoo kana milkeessuu waan danda’uuf. Ragaan qorannoo kanaas maddoota ragaa jiran keessaa madda ragaa tokkoffaatti gargaaramuun barruu dhihaate keessaa sassaabamaniiru. Innis, mala sakatta’ a dookumantiin yemmuu ta’u, malli kun barreeffama akka odeeffanno qorannootti nama fayyadan keessaa odeeffanno walitti qabachuuf kan gargaaru waan ta’eef. Dayeessawan ogbaruu jiran keessaa, dayeessa faayidaa bu’uureffateera. Dayeessi kun hojiilee ogbaruu tokko keessatti faayidaa beekumsi hawaasaa haala jiruufi jirenya keessatti qabu xiinxaluuf kan gargaaru waan ta’eef, meeshaaleen ragaaleen ittiin sassaabaman mala sakatta’ a dookumantii yommuu ta’u, innis ragaalee bifa qindaa’aa ta’een walitti sassaabuuf kan gargaarudha. Sakatta’ a dookumantii fayyadamuun itti fayyadamni afaanii asoosama filatame kana keessatti xiinxalamana: malleendubbii (akkasaa, iddeessa, nameessa, eemiti, habalaka, arbeessuu, ateessaafi anyaarsee),mammaaksaafi jechamootadha. Odeeffannoonaan asoosamicha sakatta’ uudhaan argame akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin mataduree matadureedhaan qoqqooduudhaan adeemsa gosa qorannoo akkamtaatiin xiinxaluun dhihaatee jira.Bifuma kanaan bu’aan qorannichaan argame akka mul’isutti akkaataan itti fayyadama Afaanii asoosama kana keessatti dhimma itti ba’aman gadadoo, rakkoo siyaasaaf dinagdee, abdii kutachuu ykn abdiidhaan jiraachuu,rakkoo maatiifi firaaj wajjin qabaniif rakkina jiru gadi fageenyaaan maal akka fakkaatu haala miira dubbistoota keessatti uumuu danda’uun dhihaatee jira. Dabalataanis, muuxannoo jaalalaa keessatti tokkummaa oromummaa kan agarsiisudha. Qorannoonaan fayyadama afaanii ogbaruu barreeffamaa Afaan Oromoo irratti godhamu osoo bal’inaan adeemsifamee gaarii ta’ a.

Galata

Adeemsa waraqaa qorannoo kana keessatti jalqabaa hanga dhumaatti hojjedhee akkan xumuruuf fayyabuleessaafi dandeettii kan naaf kenne Waaqayyoof galanni guddaan haata'u. Itti aansuudhaan nuffii tokko malee gorsa ogummaa naaf kennuun waraqaa qorannoo kana hojjedhee akkan milkaa'uuf daandii beekumsaa natti agarsiisuun gumaacha guddaa kan naaf godhan gorsituu koo kan ta'an Alamituu Oliif (PhD) galannikoo daangaa hin qabu. Isaani kan hojii kana keessatti gorsaafi deeggarsa barbaachisuun na cina dhaabbachuun fiixaan ba'umsa qorannoo kanaatiif gahee guddaa kan bahan. Itti aansuudhaan gargaaraa gorsaa Cimdi Waaqumaa (Asso.Prof.) deeggarsa gorsaan na cinaa dhaabbatan hedduun galateeffadha. Dhumarrattis adeemsa bu'aabayii hojii waraqaa qorannoo kanaa keessatti kitaabilee wabii mataduree kiyyaan walfakkaatu qopheessanii maxxansuun hojiin waraqaa qorannoo kootii akka galma gahuuf gumaacha naaf taasisaniif galanni koo daangaa hin qabu.

JIBSOO

Hiika Jechootaa fi Gabaajeeawan

Dilii	Cubbuu, balleessaa,badii.
Haanxii	Haanxaa, muka qallaa mukarraa bahe kan waan ilkaan keessatti hafe ittiin baasuuf tajaajila.
Gunteealla	Waan harma jigeen ol qaban, utubaa harmaa.
Makaddaa	Boraatii
Mallaa	Boqoo, maddii.
Xuuxxoo	oomisha mudura keessaa tokko
Alawaada	Bakka nyaanni itti bilcheeffamu, bakka meeshaan nyaanni itti bilchaatu taa'uu.
Finoolii	Mana udaaniifi fincaaniif itti fayyadaman.
Geelee(oota)	Shamarran walitti dhiheenyaa qaban, hiriyoota, saahiboota, geennota, Addooyyee.
Shiggiree	haadduu, qarabaa.
Noolii	Gatii geejjibaaf kaffalamu.
Niiraa	Saantima
Gooyte	Rabbi, Uumaa, Waaqayyo.
Sadoo	Qananii
kobkobii	Gulantaa
Maxeebaa	Waan nyaata itti nyaatan, sahnii, sahnaa.
Harmalla	Dubartii abbaa warraan gargar baate, suubboo, gursummeettii

baafaata

Axareeraa	ii
Galata	iii
JIBSOO	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	6
1.5.Daangaa Qorannichaa	6
1.6.Hanqina Qorannichaa.....	6
1.7.Qindoomina Qorannichaa	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII	8
2.1. Maalummaa Ogbarruu.....	8
2.3. Maalummaa Asoosamaa	10
2.4. Akkaataa Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti	12
2.4.1. Fayyadama Jechootaa.....	14
2.4.2. Mala Dubpii	14
2.4.3. Mammaaksa.....	17
2.4.4. Jechama	18
2.4. Dayeessa Qorannichaa	20
2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii	21
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	23
3.2. Gosa Qorannichaa	23
3.3. Irraawwatama Qorannichaa.....	24
3.4. Iddattoo Qorannichaa	24
3.5. Madda Ragaa Qorannichaa	24
3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	24
3.7. Mala Xiinxala Ragaalee	25
4.1 .Sabseenaas Asoosama <i>Bishaan Gubate</i>	26

4.2. Fayyadama Afaanii	28
4.2.1. Xiinxala Itti fayyadama Malleen Dubbii.....	28
4.2.1.1 Xiinxala Itti Fayyadama Akkasaa	28
4.2.2. Xiinxala Itti Fayyadama Mammaaksaa	80
4.2.3. Xiinxala Itti fayyadama Jechamootaa.....	84
Boqonnaa kana jalatti bakka goolaba,argannoofi yaadni furmaataa waraqaa qorannoo kanaa gabaabinaan keessatti ibsamee jirudha.....	90
5.1. Goolaba	90
5.2.Argannoo.....	91
WABIILEE	94
Addunyaa Barkeessaa (2011). <i>Akkamtaa: Yaadrim ee qorannoo Huujoo: Finfinnee.</i>	94
Dabaleewwan	96
Dabalee ‘A’Mala Dubbii Akkasaan Dhihaate	96
Dabalee ‘B’Mala Dubbii Iddeessaa	102
Dabalee ‘C’Mala Dubbii Nameessaafi Eemitiin Dhihaate	104
Dabalee ‘D’Mala Dubbii Habalakaafi Arbeessuun Dhihaate	105
Dabalee ‘E’Mala Dubbii Ateessaan Dhihaate	107
Dabalee ‘H’ itti fayyadama jechamootaa.....	109

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen dhihaatan seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa kaayyoo qorannichaa, kaayyoo gooro qorannichaa, kaayyoo gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa kan dhihaatudha.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun ogummaa fi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruuf jirenya isaa akkasumas, waan keessoo namaatti dhaga'amu gaddaa fi gammachuu qabu ittiin ibsatu kalaqa sammuu ilma namaati. Yaaduma kana cimsuuf Asaffaa (2009: ff21-22) yemmuu ibsu: ‘Ogbarruun ogummaa kalaqaa, ogummaa waa uumuu ta’ee kan muuxannoo jiruuf jirenya keessatti itti yayyabnu, bu’uuressinuu fi akka qabatamutti miidhaksinee fi faayessinee ittiin ibsinudha. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu’aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnudha’’ jedha.

Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, ogbarruun ogummaa waa kalaquu ta’ee, muuxannoo, jiruuf jirenya dhala namaa dhugaa jiru irratti hundaa’uun bareechinee kan ittiin ibsinuu fi waan hawaasummaaf bu’aa qabu tokko kan ittiin waliif qoodnu ta’uu isaati. Gama biraatiin, Fedhasaa (2013: f7) ogbaruu yeroo ibsu, “Ogbarruun hojii kalaqaa afoola fi barreeffamaa ofkeessatti kan hammatudha” jedha. Haaluma kanaan, ogbarruun afoola sammuu keessatti kalaqamuun afaaniin kan darbu yemmuu ta’u, kan barreeffamaa immoo kalaqa sammuu namaa barreeffamaan dhiyaatudha. Yaada kana keessatti wanti hubatamuu qabu, wanti barreeffamaan dhiyaatu marti ogbarruudha jechuu akka hin taanedha.

Finnegan(1978:f18).irratti maalummaa ogbaruu yoo ibsitu,Ogbarruun hojii kalaqaa hawaasa miidhaginaa fi bifaa dhugummaattiin hawaasa keessaa waraabamuun deebi'anii hawaasaaaf kan dhiyaatan ta’usaa akka kanatti ibsiteetti. “Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and social significance”jetti.

Yaada kanarraa kan hubatamu, ogbaruu hojii kalaqaa ta'ee, muuxannoo dhala namaa karaa miidhaginaa fi mi'aa ofkeessaa qabuun kan calaqqisiisu, karaa beekumsi hawaasaa ittiin ba'ee mul'atu isa olaanaa akka ta'e, isa kanarraa ni hubatama.

Ogbarruun dabarsa aadaa ummataa yoo ta'u, gal mee namoota hubannoo, muuxannoo, beekumsaa fi sadarkaa adda addaa qabaniiti. Misgaanuu (2012: f7) ogbarruun hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee aadaa, duudhaa, siyaasa, dinagdee, amantaa, falaasama, hawaasummaa, jiru jirenya hawaasa tokkoo kan itti calaqqisiifamudha. Gama biraatiin waa'ee ogbarruu Rabbirraa (2011: f160) irratti yeroo ibsu, "Ogbarruun ogummaa fi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaa fi haala jiruuf jirenyasaa akkasumas dhaga'iitii keessoo isaa: gaddaa fi gammachuu qabu ittiin ibsatudha" jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, hojiilee kalaqaa keessaa tokko asoosama. Asoosamni hojii kalaqaa ta'ee jiruufi jirenya hawaasa tokkoo akka daawitiitti kan ibsudha. Yaada kana Misgaanuu, (2012: f15) haala armaan gadiin ibsa. "Asoosamni akaakuu ogbarruu keessaa tokko ta'ee kan barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuudha. Akkasumas, asoosamni hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi'ee dhiyeessudha" jedha.

Waraabbi armaan oliirraa wanti hubatamu, asoosamni barreeffama gochaalee namoota dhugaan hawaasa keessa jiraniin raawwataman bu'uura taasifachuun kalaqa sammuu namaa dabalatee barreeffamuun hawaasichumaaaf kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Asoosamni gooroowwan ogbaruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee haala jiruufi jirenya hawaasa tokkoo bifaa miira dubbistootaa ofitti harkisuun miidhaksee kan dhiyeessu hojii kalaqaati. Yaada kana cimsuuf Asaffaa (2009: f125) waa'ee asoosamaa yoo ibsu, "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee amala, sansaka, hobannoo fi kkf.namoonni keessatti qaban sana qooddatootatti uffisee ergaasaa kan dubbistootaaaf ittiin dabarsudha" jedha.

Waraabbi armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu, asoosamni hojii kalaqaa ilma namaa ta'ee, dhugaa jirurratti hundaa'uudhaan haala jiruuf jirenya hawaasa tokkoo kan akka aadaa, duudhaa,

amantaa, hawaasummaa fi falaasama namoonni hawaasa keessatti qaban qooddattootatti uffisee ergaasaa dubbistootaaf ittiin dabarsu ta'uu isaati. Dabalataanis Rabbirraa (2011:f177) irratti waa'ee asoosamaa yoo ibsu, "Asoosamni ogbarruu barreffamaa keessaa tokko ta'ee argaa yaadaa barreessaan kalaqamee suuraa jirenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isudha. Akkasumas asoosamni mudannoo fi mufannoo namni tokko haala jiruufi jirenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee waraqaarratti mul'atudha" jedha.

Waraabbi armaan oliirraa wanti hubatamu, asoosamni ogbarruu barreffamaa keessaa tokko ta'ee argaa yaadaa barreessaatiin kalaqamee haala jiruufi jirenya dhala namaa addunyaa dhugaa keessaatti kan mul'isuufi mudannoo fi mufannoo namoonni haala jiruufi jirenyaa keessatti qaban mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee dubbistootaaf waraqaarratti dhiyaatu ta'uu isaati.

Asoosamni ogbarruu jalatti kan ramadamu ta'ee, hojilee kalaqaa kan asoosaan haala jiruufi jirenya hawaasaa keessatti calaqisiisuu danda'an muuxannoo qabu irratti hundaa'uun barreessuudha. Yaadrimée asoosamaa ilaachisee, Berhanu (2009:f91) irratti maalummaa fi seenaa dhufaatii asoosama yoo ibsu: "The word fiction comes from latin word 'fictio' which means something imagined and invent... Fiction denotes a story created from the author's imagination. Hence, in general sense the word fiction refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact" jedha.

Waraabbi armaan oliirraa wanti hubatamu jechi asoosama jedhu afaan laatiinii 'fictio' jedhu irraa kan dhufe ta'ee hojii kalaqaa sammuu barreessa keessatti kalaqamu akka ta'e ibsa kanarraa ni hubatama. Asoosamni kunis, hojii kalaqa sammuu asoosessaa keessaa bahee barreffamuufi barruu seeneffamaa yaadsammuu asoosaa keessaa kan maddu hojii dhugaa hawaasa keessatti calaqisu kan barreessaan muuxannoo isaa waliin walitti fiduun dhugaa jiru fakkeessuun uumudha.

Barreessaan asoosama yeroo barreessu, yaada isaa ibsachuuf afaan adda addaatti dhimmaa bahuu ni danda'a. Afaan bara asoosamasaa kalaqaa barreessee jiru irratti hedduu dalaguu danda'a. Kun immoo afaan, aadaa, jechoota safuu hawaasichaafi ksf. waan ofkeessatti qabatee jiruuf hojiin kun hunduu asoosama keessaan ifa bahuu danda'a. Ogbarruuwan barreffamaas kallattii adda addaan madaaluudhaan hawaasicha hammam ibsuu akka danda'u gama itti fayyadama

afaaniitiin, mala dubbii, mammaaksafi jechama hawaasichaa haala kamiin akka fayyadame hubachuun ni danda'ama.Haaluma kanaan xiyyeefannoон qorannoo kanaas ogbaruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti kan bu'uureffatu yoo ta'u, asoosama jiran keessaa kan matadureen 'Bishaan Gubate' jedhu keessatti itti fayyadama Afaanii xiinxaluudha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoон kun asoosama xiinxaluurratti xiyyeeffata. Asoosamni immoo dhimmaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Akkasumas,asoosamni jiruufi jirenya hawaasa tokkoo hawaasa kaaniif kan ibsuufi haala guddina hawaasa sanaa calaqqisiisuuf gargaara.Haalli kunimmoo walitti dhufeinya hawaasa garagaraaf bu'uura ta'a. Asoosamoota Afaan tokkoo karaa adda addaatiin xiinxaluudhaan ciminaafi hanqina isaanii adda baasuun guddina afaan tokkoof murteessaadha.

Kanaafuu qorattuu kanaaf wantoonni ka'umsa ta'uufi danda'an Afaan Oromoo yeroo dhiyoo keessa afaan barreeffamaa fi afaan barnootaa ta'e. Afaan kun yeroo gabaabaa kana keessatti afaan qo'annoo fi qorannoон garagaraa ittiin adeemsifamaa jiruufi sadarkaa afaanonni biroo carraa kana jaarraa hedduuf argachaa turanwaliin dorgomuu erga eegalee jijiiramni inni agarsiisaa jiru hedduudha.Kunimmoo,haalli afaanichi itti guddachaa jiru saffisiisuu ta'uu isaa agarsiisa. Haaluma kanaan afaan kana irratti qorannoон garagaraa bifa garagaraatiin yuunivarsiitii adda addaa keessatti akka adeemsifamaa jiru beekamaadha. Haa ta'u malee qorannoowwan afaan kana irratti adeemsifaman kanneen baay'inaan kan isaan irratti xiyyeeffatan dameewwan afaanii keessaa ogafaan irratti hojjetaman hedduu yoo ta'an ogbaruu barreeffamaa keessaa fayyadama afaanii irratti kan hojjetame garuu baay'ee xiqaadha. Qorannoowwan kanneen keessaa yoo ilaalle: Kadiiraa Alii (2016). Qaaccessaa asoosama Aarsaa fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun digirii lammaffaa Afaan Oromoo fi ogbaruu ittiin guuttachuuf qorannoон taasifame. Firoominni qorannoон Kadiiraa fi kanaa fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun fi kitaaba asoosamaa irratti kan adeemsifame ta'uu isaati.Kunimmoo guddinaa fi dagaagina ogbaruu barreeffamaa irratti dhiibbaa waan qabuuf qorattuun kanuma irraa ka'uun mata duree kana irratti hojjechuuf ka'umsa godhatte.

Hojjilee asoosamaa xiinxaluu fi qeequun immoo guddina afaanichaas ta'e; dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana karaa salphaa fi ifaa ta'een dubbistoonni akka hubataniif gumaacha

olaanaa qaba. Kana jechuun, bu'aa ogbaruu tokkoo fudhatanii qeequun xiinxaluuniifi madaaluun dubbistoonni ogbaruu sana haala salphaa fi ifaa ta'een dhaamsa inni dabarsuu barbaade sana akka hubataniif isaan gargaara.

Qorattuunis yaada kana bu'uura taasifachuun asoosama 'Bishaan Gubate' keessatti akkaataa barreessaan kun afaanitti fayyadamuun waa'ee hawaasichaa itti calaqisiisuu danda'e xiinxaluudha. Gama biraatiin, asoosamoonni afaan Oromootiin barreeffamaa jiran, kallattii kanaan yoo xiinxalaman guddina ogbaruu hawaasichaa kan gara fuulduraaf gumaachuu danda'a jettee waan yaaddeef asoosamoota filataman keessaa akkaataa itti fayyadama afaanii asoosama 'Bishaan Gubate' keessatti kan jedhu irratti xiinxala geggeessite. Haaluma kanaan qorannoон kun gaaffilee armaan gadii deebisuu danda'a jedhamee abdatama.

1. Itti fayyadamni afaanii asoosama 'Bishaan Gubate' keessatti argaman kam fa'i?
2. Akkaataan itti fayyadama afaanii asoosama 'Bishaan Gubate' keessatti maal fakkaata?
3. Itti fayyadamni afaanii asoosama filatame kana keessatti argamu ergaa akkamii dabarsa?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoо kanaa "Itti fayyadama afaanii asoosama 'Bishaan Gubate' keessatti" argaman xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoон kun kaayyoowwan gooree armaan gadii of keessaa qaba. Isaanis:

1. Asoosama filatame kana keessatti afaan barreessaan itti fayyadame adda baasuu;
- 2 Akkaataa barreessaan asoosamicha keessatti afaanitti dhimma ba'e adda baasuu;
- 3 Ergaa afaan barreessaan asoosamicha keessatti fayyadame ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoonaan kun qaamota armaan gaditiif bu'aa kallattiidhaan ni buusa jedhamee abdatama.

- Namoota qorannoonaan kana fakkaatu hojjetaniif ka'umsa ta'uun ni danda'a.
- Baruu fi barsiisuu keessatti barsiisaan qorannoonaan kana dubbisuun akka meeshaatti fayyadamee barsiisuu danda'a .
- Namoota hojii qorannoonaan kanaa dubbisaniif hawaasa dubbatan keessatti afaanitti fayyadamanii ergaa barbaachisaa ta'e dabarfachuu akka danda'aniif gargaara.

1.5.Daangaa Qorannichaa

Asoosamota afaan Oromootiin barreeffaman hundarratti qorannoonaan osoo geggeeffamee gama guddina ogbaruu Oromootiin bu'aa gaariin irraa argamuun ni danda'a. Haata'u malee, altokkotti asoosama hundarratti xiinxala geggeessuun ulfaataadha. Kanaafuu qorannoonaan kun asoosamota afaan Oromootiin barreeffaman keessaan asoosama barreessaan Muhammad Siraaj barreesse sababa kanaan dura mataduree kana irratti qorannoonaan geggeeffame waan hin jirreef asoosama dheeraa 'Bishaan Gubate' jedhu bara 2021 A.L.A.tti maxxanfame irratti kan geggeeffamu yoo ta'u, gama qabiyyeen immoo itti fayyadama afaanii xiinxaluu irratti kan daangeffamedha.

1.6.Hanqina Qorannichaa

Qorannoonaan tokko yeroo geggeeffamu hanqina mataasaa qabaachuu mala.Haata'u malee,qorannoonaan geggeeffamu kamuu yeroo adeemsifamu rakkoo ta'e ni fura jedhameeti adeemsifama.Qorannoonaan kunis qaaccessa itti fayyadama afaanii asoosama 'Bishaan Gubate' jedhurratti kan geggeeffamedha.Kana waan ta'eef, akkaataa itti fayyadama afaanii qorattuun asoosama eerame keessaan funaantee qaaccessite yaada barreessaan guutummaan guutuutti bakka bu'uu dhiisuu danda'a.Sababni isaa ergaan barreeffame hojii kalaqaa inni guddaan barreessaan biratti waan argamuuf jechuudha.Akkaataa seeneffama asoosama eerame kanaatti ergaa barreessaan dabarfachuu barbaadeefi akkaataan ani itti hiike hanqina qabaachuu danda'a.

1.7.Qindoomina Qorannichaa

Qorannoonaan kun yommuu geggeeffamu boqonnaa shan kan ofkeessaa qabu yemmuu ta'u,boqonnaa tokkoffaan qabiyyeewan kanneen akka:seenduubee qorannichaa,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo,barbaachisummaa,daangaa,hanqina qorannichaa kan ofjalatti hammatedha. Boqonnaa lammafaan immoo sakatta'a barruuwanii fi kanneen qorannicha faana walitti dhihaatan jedhaman sakatta'uun lafa itti dhihaatedha.Akkasumas,boqonnaa sadaffaan qorannoo kanaa saxaxa qorannichaa,gosa qorannichaa,irraawwatama qorannichaa,mala iddattoon ittiin filatame, meeshaa ragaaleen ittiin funaanamaniifi xiinxalaman akkasumas,adeemsa qorannichaa kanneen jedhaman ofjalatti kan hammate yemmuu ta'u,boqonnaa afrappaan ragaalee xiinxaluufi hiikuu qabiyyeewan jedhaman kan ofjalatti hammateefi boqonnaa isa dhuma keessatti immoo goolabaafi argannoonaan qorannichaa dhihaataniiru.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

Boqonnaa kana jalatti, qabiyyeewan dhihaatan: maalummaa ogbaruu, maalummaa asoosamaa, akkaataa itti fayyadama afanii, fayyadama jechootaa, malleen dubbii, mammaaksa, jechama, dayessa qorannichaafi sakatta'a barruu walfakkii kan dhihaatudha.

2.1. Maalummaa Ogbaruu

Ogbarruun hojii kalaqaa ilma nmaa ta'ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaasa, dinagdee, amantaa hawaasummaa falaasamaafi haala jiruuf jirenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqisiifamudha.

Yaada kana ilaachisee Birhaanuu (2009: f 22).

Ogbarruun ogummaa kalaqaa, ogommaa waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruuf jirenyaa haqa irratti ittiin kan yappyabnu/bu'uressinuufi amma akka qabatamutti miidhaggiin miidhagsinee fi faayneee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala itti waan hawaasummaaf bu'aa qabu waliif dabarsinu waan beekumsa ilmaan tokko namatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnudha jedha.

Ogbarruun ogummaa keessaa tokko ta'ee jechoota filatamoofi mimmi'aawoon kan barreffaman akka ta'an hayyooni ni kaasu. "Ogbarruun gosa ogummaa keessaa tokko ta'ee jechoota filatamoodhaan haala jiruuf jirenya hawaasaa kan agarsiisu akka ta'e ibsa". Asaffaa (2009).

Waraabbii kanarraa wanti hubatamu, wantootni ogbarruudhaan dhiyaatan wantoota hawaasicha keessatti mul'atan kan aadaa, bartee fi safuu hawaasichaa mul'isanidha kan jedhudha. Ogbarruun dhalli nmaa beekumsa, muuxannoo jirenyaa, wantoota keessoo isaatti dhageettii addaa uume jiruuf jirenya hawaasaa haala miidhagina qabuun (bifa walaloo fi hololoon) kan ittiin ibsatu hojii kalaqaa sammuu dhala namaati.

Ogbarruun daawitii jirenyaati, jechuunis ni danda'ama. Sababni isaas, dhalli nmaa waa'ee jirenya isaa jechootatti gadi xiqreessee ibsuun deebisee namoonni akka keessatti of ilaalan waan taasisuufi. Asaffaa(2009:f16), "Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan ibsudha" jedha. Haala kanaan daawitii jirenyaa ta'uu isaa agarsiisa.

“Ogbarruun oguma umurii dheeraa qabudha. Umurii afaanii wajjin walqixa jedhanii tilmaamuun ni danda’ama. Akkasumas, ogbarruun dabarsa aadaa uummataa yoo ta’u, galmee namootaa hubannoo, muuxannoo, beekumsaa fi sadarkaa adda addaa qabaniiti” jedha.Misgaanuu,(2012:f7).

Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu ogbarruun umurii dheeraa kan qabu afaanii wajjin walqixa akka ta’effi aadaa uummataa dhalootaa dhalootatti kan dabarsu, akkasumas akkaataa jiruuf jirenya dhala namaa kan of keessatti qabatudha.

Dabalataanis, Rabbitraa (2011: f160) ogbaruu yoo ibsu, “Ogbarruun ogummaaf dandeettii dhalli nmaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaa fi haala jiruuf jirenya isaa akkasumas, dhaga’iitii keessoo isaa: gaddaaf gammachuu qabu ittiin ibsatu kalaqa sammuu ilma namaati” jedha.

Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, ogbarruun karaa ittiin dhalli nmaa aadaa, duudhaa, falaasamaa fi haala jiruuf jirenya isaa ittiin calaqqisiifatudha. Akkasumas, dhalli nmaa waan keessoo isaatti dhaga’amu hunda ogbaruu fayyadamuu kan ibsatu ta’uu isaati.

Ogbarruun tokko qabiyyeewan garagaraa ofkeessaa qaba.Qabiyyeewan ogbarruun tokko ofkeessaa qabu ilaalchisuun,Fedhasaan(2017f31)irratti akka kanaa gadiitti ibseera. Ogbarruun tokko bifa inni ittiin dhiyaaturratti hundaa’uun bakka lamatti quodama.Isaanis:Ogbaruu afoolaafi ogbaruu barreeffamaati.Ogbarruun afoolaa himiinsaan yoo dhihaatu ogbarruun barreeffamaa immoo waraqaarratti katabamuun dhiyaata. Afoolli oduu durii, sheekkoo, hibboo, mammaaksaa fikkf ofkeessatti hammata. Ogbarruun barreeffamaa ammoo asoosama (fiction) walaloo(poetry)fi do’ii (drama) kankana fakkaatan ofkeessatti hammata jedha.

Waraabbii kanarraa kan hubatamu,ogbarruun karaalee gurguddoo lama dhihaata.Innis karaa ogbaruu afoolaafi ogbaruu barreeffamaati.Afoolli :oduu durii,sheekkoo,mammaaksaa fikkf.of keessatti hammata. Ogbarruun barreeffamaa immoo: asoosama,walaloofi do’ii of keessatti hammata. Qorannooon kunis, ogbaruu barreeffamaa jiran keessaa asoosama irratti kan xiyyeefatedha.

2.2. Maalummaa Afaaniifi Ogbaruu Oromoo

Afaan meeshaa karaalee seenaa,aadaa,duudhaafi barteen hawaasa tokkoo ittiin barreeffamee olkaahamu keessaa isa tokkodha.Afaan Oromoos akkuma afaanota biro tajaajila kanneeniif kan ooludha.Afaan Oromoo kunis namoota baay’eedhaan dubbatama.Akka qorannoowwan tokko

tokko agarsiisanitti Afaan Oromoo biyyoota kanneen akka:Itoophiyaa, Keeniyaafi Somaaliyaa keessatti bal'inaan dubbatama. Akkasumas, sablammoonni biyya keenya keessa jiran kan akka:Sidaamaa, Adaree, Bartaa, Anyuwaak, Komoo, Daawiroo kafichoofi kkf. Afaan dhalootaa isaaniirra Afaan Oromootti gargaaramuu walqunnamtii bittaafi gurgurtaa gaggeessu. Haata'u malee, walakkeessa jaarraa kudha sagalaffaa dura afaanichaaf xiyyeffannoон akka hin kennamneefi akka afaan xiqqa ta'etti ilaalamaa tureera. Haaluma kanaan dagaaginni ogbaruu tokkoo guddina afaan sanaa waliin kan walqabatu yoo ta'u, ogbarruun Oromoos yeroo sanaan durtti barreessuun ulfaataa ture. Sababni isaa afaanichi biyya keenyaan alatti bal'inaan babal'atee biyyoota addunyaa kanneen biratti waan hin beekamneef, Akkasumas, obarruun isaas carraa barreeffamuu argachaa hin turre. Kana jechuunis uummatichis walitti dhufeenya, barsiifata, aadaa, amantaa, duudhaafi falaasama isaa sana ogbarruutti dhimma bahuun walqunnamaa akka hin turre agarsiisa. Haata'u malee, barreeffamni Afaan Oromoo barreeffamuu kan jalqabe jaarraa kudha afraffaa keessa akka ta'e qorannoон tokko tokko ni mul'isu. Kanamalees, qorannoowwan tokko tokko akka mul'isanitti Afaan Oromoo jalqaba jaarraa kudha sagalaffaatti barreeffamuu akka jalqabe lafa kaahu. Keessattuu sadarkaa jechootaatti afaan dubbii irraa gara afaan barreeffamaatti jijiiramee barreeffamaa akka ture agarsiisa.

2.3. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni gooroo ogbaruu keessaa tokko ta'ee waa'ee namootaa namootaaf kan dhiyeessu barreeffama kalaqaa sammuu ilma namaati. Waa'ee asoosamaa ilaalchisuun Misgaanuu (2012:f15) "Asoosamni akaakuu ogbaruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwatan yookiin raawwatamuu danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalchasaatti dandeettii kalaquusaan qindeessuudha.Akkasumas hojii kalaqqii muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebi'ee dhiyeessudha" jedha.

Yaada kanarrraa wanti hubatamu, barreessaan asoosamaa tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee suura jirenya dhala namaa addunyaa keessatti kaaseekan mul'isudha. Kana malees mudannoo fi mufannoo namni tokko haala jiruuf jirenya muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee waraqarratti kaa'amuun hawaasichumaaf deebi'ee dhihaatudha.

Dabalataanis, Asaffaan (2009:f125) “Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatudha. Barreessaan asoosamaa tokko dhugaa jirurratti hundaa’ e amala, sansaka, hubannoo fi kkf.namoonni hawaasa keessatti qaban sana qoddattootatti uffisee ergaasaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsudha” jedha.

Waraabbii armaan oliirraa kan hubatamu asoosamni hojii kalaqaa sammuu barreessaatiin uumamee namfakkiitti gargaaramuun dhugaa hawaasa keessa jiru dubbistootaaf kan dhiyeessu ta’uu isaati. Gama biraatiin, Misgaanuu (2012: f2) waa’ee asoosamaa yoo ibsu, “ Asoosamni waan addunyaa dhugaa kana irratti jirenya keenya keessatti nu quunnameefi nu quunnamuu danda’u, barreessaan uumee fi qindeessee bifaa qabatamaa ta’een nuuf dhiyeessudha. Akkasumas, asoosamni dhugaa jiru bu’uureffachuu kan barreessaan ogummaa isaa itti dabalee barreessudha” jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, asoosamni waan addunyaa dhugaa keessatti argamu ta’ee, jiruuf jirenya keenya keessatti wantoota nu mudataniifi nu mudachuu danda’an kan barreessaan kalaqee fi qindeessee bifaa ifaa ta’een nuuf dhiyeessu; akkasumas, asoosamni dhugaa jiru fuulleffachuu kan barreessaan ogummaa isaa itti dabalee barreessu ta’uu isaati.

Gabaabumatti, asoosamni gooroowwan ogbaruu keessaa tokko ta’ee, barreessaan addunyaa argaa yaadaatiin namfakkiitti gargaaramuun haala jiruu fi jirenya uummataa dhimmoota dhala namaa kanneen akka aadaa, safuu, duudhaa jaalala, falaasama, siyaasaa fi dinagdee haala miira namaatti dhaga’amuun jechoota mimmiidhagoo fi humna qabanitti fayyadamuun kan dhiyaatu barruu hojii kalaqaati. Asoosamni asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa jedhamee bakka lamatti qoodamee ilaalamuu danda’a. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa asoosama dheeraarratti waan ta’ef, yaadrimee waa’ee asoosama dheeraarratti kan xiyyeeffatudha.

Asoosamni dheeraan jaarrraa 18^{ffa}keessa kan mul’atedha. Birhaanuu (2009:f32) “Asoosamni dheeraa jecha afaan Ingiliffaan ‘Novel’ jedhamu kan bakka bu’u barreeffama dheeraan jaarrraa 18^{ffa}keessa mul’atedha” jedha. Dabalataanis asoosamni dheeraan karaa afuriin gosoota ogbaruu birooraa adda ba’ee kan beekamudha. Kunis, asoosamni dheeraan seeneffama ta’uun nama biraatiin seenaffamuun isaa diraamaarrraa adda kan ta’udha. Inni biraanimmoo, asoosamni dheeraan dheerina isatiin asoosama gabaabaa irraa kan adda ta’udha. Akkasumas, bifaa hololootiin barreeffamuun isaa walaloo irraa kan adda taasisu yommuu ta’u,hojiikalaqaata’uun

isaammoo barreeffama hololoo kanneen seenaa dhugaa ta’iinsota namootaan himaman irraa adda kan isa godhudha.

2.4. Akkaataa Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Ogbarruun kamiyyuu fayyadama afaanii mataa isaa ni qaba. Kana jechuun, mala barreessaan ittiin afaan ogbaruu barbaadee hordofee kan taasifamudha. Dastaa(2013:f22) “Akkaataa filannoo jechootaa irraa kaasee afaan barreessaan fayyadamee asoosama tokko ittiin barreessee seenessee dhiyeesse kan ilaallatudha” jedha.Bifuma walfakkaatuun maalummaa akkaataa Birhanu (2013:38) yoo ibsu,

Style refers to the characteristic manner in which a particular writer uses the resources of language.The way awriter chooses words, arranges them in sentences and longer units of discourse.In the discussion of the style of a fictional text, we concentrate on diction,the kind of word choices awriter makes;syntax, the order those words assume in sentences and the presence absence of figurative language,specially figures of comparison(simile and methaphor).

Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu, akkaataan asoosama barreessuu keessatti itti fayyadama afaanii kan barreessa yommuu ilaallatu, innis filannoo jechootaarraa kaasee qindoomina himootaa fi fayyadama mala dubbii, jechamoota, mammaaksaa fi kkf. Kan of keessatti haammatu ta’ee, jechoonni yeroo baay’ee asoosama keessatti dhimma itti bahan jechoota guyyuutiin adda ta’uusaaniiti. Dabalataanis, Misgaanuu (2013: f65) irratti,

Asoosama barreessuu keessatti seerluga sirriitti gargaaramuuun barbaachisaadha. Caasaa himaa barreessuu keessatti haalli teessuma mathimaa, aanthimaa fi gochimaa qixaan gargaaramuu; wanti seeneffamu kan waan darbeemoo kan haala amma keessa jiruuti. Yookiin ammoo kan dhimma egereeti jedhamee addaan baafamuun hennaawwanis xiyyeffannoo argachuu qabu jedha.

Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, afaan asoosama keessatti barreessaan tokko dhimma itti ba’uu fi afaan jirenya guyyuu guyyuu keessatti itti fayyadaman garaagarummaa kan qabudha. Kunis, filannoo jechootaa irraa jalqabee hamma himaatti ta’uu mala.Kanamalees,afaan

ogbarruu keessatti barreessitoonni dhimma itti bahan afaan barreeffama biraa irraa adda ta'uu hayyuun Geoffery (2007:130),

Fiction writer is in a very different situation from that of the detective or legal reporter giving an actual transcript of words spoken by real people; there... But fictional speech may aspire to a special kind of realism, a special kind of authenticity in representing the kind of language which a reader can recognize, by observation, as being characteristic of a particular situation jechuun ibsee jira.

Waraabbii armaan oliirraa kan hubatamu afaan dirree hojii biraa keessatti dhimma itti baanuufii kan ogbarruu keessatti dhimma itti baanu garaagarummaa guddaa akka qabudha. Fkn, Faayidaan afaanii mana murtii keessattiifi ogbarruu keessaa garaagarummaa qaba. Mana murtii keessatti fayyadamni afaanii tokko tokko hiika barbaadamu kan guyaa guyyaan dhimma itti bahan kan dabarsudha. Kan obaruu garuu kanaan adda. Karaa biraatiin barreeffamni ogbarruu ta'an haalaan qindaa'anii dubbistoota biratti haala gaariin fudhatama akka argataniif dubbisaa akka hawwatan gochuuf barreessaan fayyadama jechootaa isaarratti xiyyeffannoo guddaa gochuu qaba. Kanaaf barreessaan filannoo jechootaatti haalaan yoo fayyadame salphumatti ergaa dabarfachuuf ka'e sana dubbistoota isaa biraan gahachuu danda'a. Filannoo jechootaa jechuunis jechoota jiruuf jirenya keenya keessatti guyaa guyyaan itti fayyadamnu caala jechoota lakkofsaan muraasa ta'anii fi ergaa dabarsuu irratti humna qabanitti haalaan gargaaramuu jechuudha. Jechoonni asoosama keessatti itti fayyadamnu kunniin hawaasa barreeffamichi ilaallatu sana kan xiyyeffannoo keessa galchu ta'uu qaba. Kana yemmuu jennu jechoota barreessaan itti fayyadamu kunniin aadaafi duuchaa hawaasichaa kan kabajanii fi kan giddugaleeffatan ta'uu qaba jechuudha. Barreessaan tokko asoosama yommuu barreessu toftaalee garagaraa fayyadamuun seenaa asoosama sanaa qindeessuun dhiyeessuu danda'a. Toftaalee barreeffama (style)ogbarruu kanneen keessaa addeessuun, raaguu, duubdeebii, waliin dubbii, ofiin dubbiifi itti fayyadama afaaniiti. Toftaalee kunneen waliin ta'uun ergaan asoosama tokkoo haala barbaadameen dubbistoonni akka hubatan gochuu keessatti shoora olaanaa taphatu. Fedhasaa, (2017:156)

2.4.1. Fayyadama Jechootaa

Filannoon jechootaa barreffamni tokko hawwataa fi miira dubbistootaa harkisuu akka danda'u kan godhudha. Ogbarruu barreffamaa keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis, asoosamota Afaan Oromoon barreffaman keessatti filannoon jechootaa kan jiruuf jirenya hawaasa tokkoo sirriitti ibsuuf itti gargaaramnudha. Gama biraatiin, barreessaan barreffama isaa keessatti filannoo jechootaa hin fayyadamu taanaan barruun isaa dhama dhaba. Yookiin nama hin harkisu jechuudha.

Filannoo jechootaa jechuunis jechoota jiruuf jirenya keenya keessatti guyyaan guyyaan itti fayyadamnu caalaa jechoota lakkofsaan muraasa ta'anii fi ergaa dabarsuu irratti humna qabanitti haalaan fayyadamuu jechuudha.

Jechoonni asoosama keessatti itti fayyadamnu kunniin hawaasa barreffamichi ilaallatu sana kan xiyyeffannoo keessa galchu ta'uu qaba. Kana yommuu jennu jechoota barreessaan itti fayyadamu aadaa fi duudhaa hawaasichaa kan kabajanii fi kan giddu galeeffatan ta'uu qaba jechuudha.

Barreessaan asoosamaa yaada isaa ibsachuuf akka meeshaatti kan gargaaru afaanidha. Bu'urri afaanii immoo jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf immoo qindoomina jechootaa fi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Waan kana ta'eef, hima tokko dhugummaa qabaachuu fi dhiisuu jechoonni bakka isaanii yookiin hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessoodha. Kanaafuu, filannoon jechootaa barreffama keessatti barbaachisaadha. Hojii ogbarruu tokkoo keessatti filannoo jechootaa sirriitti itti fayyadamamuu kan qabudha. Jechoonni barreffama tokko akka jaallatamu yookiin jibbamu gochuu danda'u. Barreessaan jechoota humna qabanii fi hudumamoo ta'anitti yoo hin fayyadamne yaadni dabarsuu barbaade galma ga'uu dhiisuu danda'a.

2.4.2. Mala Dubbii

Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisanidha. Kana jechuun, karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeessanii, binoo immoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinas qabanii, cinaachaan himanii fi kkftaasisuun hubannoof haala mijessan jechuudha. Addunya (2016: f208).

Waraabbii armaan oliirraakan hubatamu, dubbiin qoolaa gosa dubbii keessaa tokko ta'ee dubbii sammuu namaa keessatti jechootaan fakkii uumuudhaan waan tokko sirriitti akka ifa ta'u kan dandeessisudha. Kana jechuunis, haala salphaa ta'een yaada barbaadame sirriitti ibsuuf kan fayyadu yoo ta'u kaayyoo kaa'ameefis haalaan itti milkaa'uuf kan gargaarudha. Akkasumas, waan guddaa xiqqeessuu; waan nama hin taane amala dhala namaa gonfachiisuu; arbeessuu fi cinaachaan himuu fi kkf. taasisuun hubannoof haala mijeessuu akka ta'edha.

Barbaachisummaa fi haala itti fayyadama dubbii qoolaa ilaalcissee Misgaanuu(2012) Malaknee (2006: f76) irratti wabeeffachuun yoo ibsu, "By definition they are forms of expression which depart from conventional word of sentence in order to achieve special effect beyond the range of literal language such as association, stimulation or namentation of language and analogy" jedha.

Waraabbii armaan oliirraa wanti hubatamu, jechoonnii fi himoonni tartiibaa fi hiikaa duraan qabaniin alatti hiika biraa qabaachuun ergaa barbaadame dabarsu. Kunimmoo barreeffama keessattis ta'ee dubbii afaanii keessatti kan calaqqisu ta'uu isaati. Yaada kana ilaalcissee Misgaanuu,(2012: f76) dubbiin qoolaa "The random house dictionary of English language" yoo ibsu, "... any expressive use of language as smile, metaphor, personification...etc in which words are used in other than their ordinary locations" jedha.

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, dubbiin qoolaa ibsa afaanii kanneen akka akkeessuu, tokkeessuu, nameessuu fi kkf. ibsa jechoonni waan ibsaniin ala jedhan jechuudha. Kana jechuun altokkaatti ergaa hedduu dabarfachuuf bu'aa kan qabudha.

Malleen dubbii akaakuu garagaraa qaba.Isaan keessaa muraasni isaanii akka armaan gadiitti dhayaataniiru.

- I. Akkasaa:** Akkasaan yaada, amala yookiin gocha lama waldorgomsiisuudhaan uumama; jechoonni 'akka, fakkaata' jedhan uumama mala dubbii kanaaf kan fayyadanidha. Addunyaa (2016: f208) mala dubbii kanaa yoo ibsu, "Akkasaan gaalee 'akka isaa' jedhu irraa ijaarame. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcina qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha" jedha.

Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, akkasaan gaalee akka isaa jedhurraa kan ijaarame ta'ee, ergaa barbaadame kan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walbira qabee dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuu danda'uu isaati.

II. Iddeessa: Malli dubbii kun amala, gocha yookiin bifaa namaa kan biroodhaan guutummaa guutuutti bakka buusa. Wantoota sana waldorgomsiisuudhaan hin dhiyeessu. Jechoota waa wal dorgomsiisuuf fayyadan of keessaa hin qabu jechuudha. Malli dubbii iddeessaa jedhu ‘gaalee iddo’ isaa jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraagofachiisuun dhiyeessa. Gosni fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta’een wantoota dorgomsiisa. Kan akkasaa irraa adda taasisus isa kana. Tokkummaa inni akkasaa waliin qabu garuu, wantoota waliin dorgomsiisuudha. Fkn. Sanyikootu kanniisa.

Addunyaa, (2016:ff209-210).

III. Nameessa: Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyi yookiin lubbu-qabeeyyii biro amala namaa gonfachiisuudha. Kana jedhuun wantoota nama hin taaneef amala dhala namaa gonfachiisuudhaan kan uumamu ta’uu isaati.

IV. Eemiti: Jechi eemiti jedhu ‘eeyyee fi miti’ jechoota jedhan irraa uumaman. Jechoota yookiin gaaleewwan yaadolee waliif faallaa ta’an irraa uumama.

V. Habalaka: Tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinudha. Kunis yaada dubbatame sanaan rakkoo nama mudachuu danda'u jalaa miliquuf kan gargaarudha. Walumaagalatti habalakni irra keessatti yaada tokko kan jaju, kan faarsu, kan deeggaru fakkaata. Keessi isaa yoo ilaalamu garuu, faallaa isaati.

VI. Arbeessuu: Dhugaa jirurraa kan ka'u ta'ee yaada yookiin waan tokkoof xiyyeffannoo guddaa kennuudhaan garmalee olkaasanii yookiin gadi buusanii agarsiisuudha. Yaaduma kana ilaachisee Addunyaa (2016:f214) “Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii yookiin garmalee xiqqeessanii dhiyeessuudha. Kunis jechuun, waan tokko guddisanii hanga arbaa, kineessanii hanga huubaa taasisuu jechuudha” jedha.

VII. Ateessa/ hin jirree dubbisuu: Gosti dubbii qoolaa kunimmoo waan ijaan arguu hin dandeenyee fi waan nama bira hin jirre tokko waamuu yookiin waliin dubbachuudha. Malleen

dubbii kana keessatti kan itti dubbatan sun nama yookiin wanta nama bira hin jirree fi kan nama dhaga'ee deebii namaaf deebisuu hin dandeenyedha.

Fkn. Namni tokko rakkatee, "yaa tulluu nanaa na dhoksi!" jechuu. Rabbirraa (2011:f 188).

VIII. Anyaarsee/Gurra xiqqeessuu: Anyaarseen faallaa arbeessuu yoo ta'u, waa'ee waan tokkoo kan yaadameen yookiin dhugaa jirurraa baay'ee gadi buusanii dubbachuudha. Rabbirraa (2011: f187).

2.4.3. Mammaaksa

Mammaaksi afaaaniin kan dubbatumu ta'ee ilaalchaa fi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isudha. Akkasumas, mammaaksi jirenya uummataa wajjiin kan waqabatudha. Dhimmoonni uummata ilallatan hunda of keessaa qaba. Dhimmoonni kunis wantoota naannoo sanatti argaman waliin walqabsiisuuf kan mammaakamudha.

Mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee yaada yookiin dubbii dheeraa hima gabaabaan mala kurfeessanii dubbatanidha. Jechoota muraasaan yaada bal'aaf gadi fageenya qabu ibsuuf fakkaattii dubbii sanaa yaada bal'aaf dheeraa ta'an gabaabsanii walitti qabuudhaan nama biraatiif dabarsuuf kan ooludha. Akkasumas, humnaaf yeroo quachuuudhaaf kan gargaarudha. Rabbirraa (2011: f161)

Waraabbi armaan oliirraa wanti hubatumu, mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee mala ittiin dubbii yookiin yaada dheeraa gabaabsanii dubbatanidha. Kanamalees, jechoota muraasaan yaada bal'aaf gadi fageenya qabu ittiin ibsuuf gabaabsanii walitti qabuudhaan nama biraatiif dabarsuuf kan oolu ta'uu isaati.

Mammaaksi haala dubbii irratti hundaa'uun ergaa adda addaadaba dabarsa. Mammaaksi faayidaa hedduu qaba. Kanuma cimsuun Misgaanuun (2011) faayidaa mammaaksi qabu haala kanaa gadiin ibseera.

Mammaaksi qajeelfama yaadni waliigalatti hawaasa tokko keessatti fudhatama qabuufi yaada jirenya dhala namaa fi ilaalcha addunyaa wajjin kan walsimudha. Akkasumas, mammaaksi akkuma waliigalaatti to'annaa hawaasaa shaakaluuf, adeemsafi jecha dhibee guddina yerootti quunnamu. Mammaaksi waa'ee aadaa saba mammaaksichatti dhimma

bahuu yoo ibsan, gariin immoo seera hawaasichaa ibsa.Kan caasaa walitti dhufeenya hawaasichaa umriin, koorniyaan, gitaan dhimma dubartootaas ta'ee ijoolleef haala jireenyaa ibsanii jiru.Mammaaksi sammuu namaa keessatti qophaa'a;namattis dubbatama.Kunis mammaaksi fi hawaasni aadaan kan hin baane ta'uu agarsiisa

Mammaaksi dhimmoota adda addaa keessatti kan barbaadamudha.Kunis dhimmoota hawaasummaa kamiyyuu keessatti kan itti gargaaramnudha.Dhimmoonni kunis jiruu fi jirenyaa hawaasa tokko keessatti mammaaksi iddo kamiyyuu keessatti kan mul'atuufiyeroo adda addaa keessatti kan dhimma itti bahamudha.Kanaafuu mammaaksi jiruifi jirenya hawaasaa keessatti golli inni keessa hinseenne waan hinjirreef mammaaksi gahee olaanaa kan qabudha.

Mammaaksi akkuma akaakuu afoolaa kanneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba.Yaada quusatamoo fi hudumamoo ta'an jechoota filatamoo fi jechoota gaggabaaboon ibsa. Addunyaa (2016: f189). Haaluma kanaan namoonni dubbii gabaabsuun akkuma barreeffamoota ogbaruu keessatti barreessaan mammaaksa ni gargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatuuf, miira namaa akka kakaasu godhu.Kunis yaada bal'ina qabu tokko walitti qabee dimshaashessuun ergaa dabarfatudha.

2.4.4. Jechama

Jechamni gooroowwan ogfaanii keessaa tokko. Gooroon kun caasaa isaatiin mammaaksa waan fakkaatuuf namoonni hedduun akka waan gooroo of danda'eetti hin ilaalani. Haata'u malee, jechamni caasaan isaas ta'e tajaajilli isaa kan mammaaksaan adda. Fknf. Mammaaksi tokko haala galumsa dubbii dubbatame faana yeroo fi bakka adda addaa keessatti hiikaa fi ergaa garagaraa qabaata.Jechamni tokko garuu yeroo hedduu hiika yookiin yaada tokko ibsuuf oola.Fkn. Jechamni 'odaa jala jiru' jedhu seeraan bulu ergaa jedhu malee, hiika biraan hin qabu.Jechoonnimammaaksai fayyadamu jechoota hiika kallattii yoo ta'u, jechamni garuu jechoota hiika kallattii qaban hin fayyadamu. Kanarraa kan ka'e jechamni hawaasa tokkoo hawaasa biroo keessatti hiika dhabuu danda'a.

Mangashaa (1992:f12) jechamni gooroogafaanii, Oromoonttiin beekamu keessaa tokko akka ta'e gadiin haala ibse,"The Rich oromo folklore,oral tradition,music,art and particuwarlly, proverbs and saying, have given this nation aseence of identity and common heritage.It has become the way the see,understand interpret world and press their belifs and values about it".

Waraabbi armaan oliirraa kan hubatamu, jechamni gooroo ogafaanii jiran keessaaakkuma mammaaksaa hawaasni oromoo akka baay'inaan fayyadamu, jechamoonni kun eenyummaa hawaasa kanaan akka walqabatuufi haala addunyaa itti ilaalan, hubatanii hiika itti kennaniifi ilaalcha isaanii akka ittiin ibsataniidha. Karaa biraatiin jechamoonni tajaajila hawaasa afaanicha dubbatuun alatti hiika biraa waan qabaataniif jechama afaan tokkoo afaan biraatif fayyadamuun rakkoo fiduu danda'a. Kanarraa ka'uun hawaasicha afaan sanatti gargaaramuun ala jechamoonni afaan biraa keessatti hiika dhabuu danda'u.

“Jechamoota kana haalaan hubachuunis beekumsa aadaa afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha” jedha. Addunyaa (2016: f122). Jechamni Oromoo odaa jala jiru jedhu, hiikni isaa odaa jala taa'u osoo hin taane, seeraan bulu, seeraaf ajajamu, seera kabaju kan jedhu ibsuuf jedhama. “Jechamnii fi cigoon garaagara. Unkaan yoo ilaalle, jechamni bifa walalootiin hin dhiyaatu, akka cigoo toora tokkoo ol hin qabu jechuudha” Addunyaa (2016: f122).

Jechamoota afaan Oromoo jechoota isaan irraa ijaaraman irratti hundaa'uun bakka adda addaatti qooduun ni danda'ama. Haala qooddii isaanii kana ilaalchisee, Addunyaa (2016: f122) irratti haala armaan gadiin ibsee jira. “ Jechama AO bakka garaagaraatti qooduu dandeenyaa. Qooddii kana keessaa kan asitti ilaallu jechama qaama namaa bu'uureffatu, jechama lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffatu fi jechama lubbu-maleeyyi bu'uureffatu ta'u” jedhee ibseera.

Waraabbi armaan oliirraa wanti hubatamu, jechamoonni haala kanaan qoodaman yaada dabarsuuf ka'an sana hiika jechooni jechama sana ijaaran kallattii qabanirraa adda kan ta'e hiika biraa kennuu isaanii hubanna. Jechamoonni qaama namaa bu'uureffatan irra caalaan isaanii qaamolee namaa bu'uura godhachuun warreen dubbatamanidha. Jechamoonni kun kutaa qaama namaatiifi jecha biraa walitti fiduun ergaa dabarsuuf ka'ame sana kan ittiin dabarsinu dha. Yaada kana Addunyaa (2016 : f123) yoo ibsu, “Akaakuun jechama kanaa irra caalaa jechoota qaamolee namaa bakka bu'an bu'uura taasifachuun ergaa barbaachisu dabarsuu yaalu” jedhee ibsee jira. Gama biraatiin, jechamoonni maqaa lubbu-qabeeyyii namaan ala jiranii dawoo taasifachuun ni dubbatamu. Ergaa isaan dabarsanis amala lubbu-qabeeyyii sanaa bu'uura taasifachuu danda'a jechuun Addunyaa (2016: f126) irratti ibsee jira.

Haaluma walfakkaatuun jechamoonni lubbu-maleeyyi immoo ergaa dabarsuuf ka'an kan dabarsan wantoota lubuu hin qabnettii qabachuun ergaa dabarsu. Yaada kana Addunyaa (2016:

f128) irratti ‘’Jechamoonni akkuma namaa fi lubbu-qabeeyyii biroo bu’uureffachuun dhimma itti ba’aman, lubbu-maleeyyiis ni bu’uureffatu jechuun ibsee jira

2.4. Dayeessa Qorannichaa

Dayeessi hojii ogbaruu ittiin qoratamu hedduun kan jiran yoo ta’u, akkaataa qorannoон kun ittiin geggeeffamee fi waan qorannoo kana keessatti xiinxalame irratti hundaa’uudhaan dayeessa faayidaa (functionalism) hojirra oooleera. Qorannoo kana keessatti itti fayyadama mala dubbii, jechama, jechootaa fi mammaaksota asoosama kana keessatti argaman ergaa akkamii ibsuuf akka barreessitootni maayii itti bahan xiinxaluuf kan geggeeffamedhe. Kanaaf, maalummaa leellistootaa ka’umsa dayeessa faayidaa (functionalism) ilaalchisuun ibsa beektonni kennan akka kanaan gadiitti ibsamaniiru. Yaada kana ilaalchisuun (Filee, 2016: ff 48-89) irratti maalummaa dayeessa kanaa fi eessatti akka eegale akka kanaan gadiitti ibseera.

Dayeessi faayidaa, faayidaalee beekumtaan jiruu fi jirenya hawaasa keessatti qabu kallattii adda addaan kan namatti fuulchudha. Yaadiddamni kun biyya Awurooppaatti kan eegaledha. Kunis qorannoo aadaa hawaasa tokkoo keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamu ta’ee, aadaafi walitti dhufeenyaa hawaasichaa daran kan cimsudha... itti dabaluunis, gahee malleen dubbii, mammaaksi, geerarsi, weelluufi k.k.f.falaasamaafi keessoo hawaasichaa ibsuu keessatti qaban adda baasanii qorachuuf filatamaadha jedha.

Akka waraabbi armaan oliitti dayeessi faayidaa, tajaajila beekumtaan jiruufi jirenya hawaasaa keessatti qabu kan namatti agarsiisudha. Kana jechuunis, malleen dubbii, mammaaksi, weelluuniifi kkf. falaasama hawaasichaa ibsuun tajaajila akkamii akka bahan kan agarsiisudha. Kana waan ta’ef, dayeessi kun mataduree qorannoo kana waliin walitti dhufeenyaa guddaa qaba. Yaaduma kana ilaalchisuun, Sims M. fi Stephens M (2005:ff174-175) irratti dayeessi kun jaarraa inni itti jalqabeefi leellistoota dayeessichaa gara hojiitti fidan, akka kanaa gadiitti ibsaniiru.

Functionalist theory has dominated the literary scene for most of the 20thc. and it has retained its great influence in many academic quarters...one of the early proponents of functionalism was William R.Bascom who identified what he called the four functions of folklore (1965)...functionalism additionally has an anthropological premise in the work of scholars. For example, Marcel mauss, Bronislaw, Malinowski and Radcliffe-Brown.

Waraabbii armaan oliirraa hubatamu,dayeessi kun fudhatama guddaa kan argate jaarraa 20ffaa keessa yoo ta'u,leellistoonni dayeessa kana gara hojitti fidan hayyoota anthropology maqaan isaanii olitti eeramanidha.Isaan kana keessaa immoo dursa kan inni jalqabame barataa Melville Herskovits kan ta'e,nama Williiam Bascom jedhamuun bara 1965tti eegale. Innis hayyuu tajaajila fookiloorii bakka afuritti qoodedha. Akka yaaxxina kanaatti fookilooriin tokko hawaasa keessatti faayidaa maalii akka agarsiisu ilaalamuu qaba.

2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu yookiin qoratamu iftoomina qabaachuu qaba. Iftoominni qorannoo immoo irra jireessaan kan mul'achuu danda'u qorattuun mataduree qorannoo ishee waliin walitti dhiyaatan kanneen dursanii qorataman ilaaluun yoo dhimma itti baatedha. Haaluma kanaan qorattuun iftoomina qorannoo isheef qorannoo kanaan dura hojjetaman keessaa kanneen mata duree isheen walitti dhufeenyaa qabu jettee yaadde qorannoowwan Afaan Oromoon hojjefaman ilaaluuf yaalteetti.

Qorannoowwan kanneen keessaa qorannoo Kadiiraa Alii (2016). Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadama Afaanii Irratti xiyyeffachuun digirii 2^{ffaa} Afaan Oromoo fi Ogbarruu itti guuttachuuf kan adeemsifamedha. Walfakkeenyi kanaafi Kadiiraa Alii itti fayyadama afaanii qaaccessuu yoo ta'u, garaagarummaan qorannoowwan kana gidduu jiru kitaaba asoosamaa garaagaraarratti adeemsifamuu isaati.Kanamalees,qorannoo kana faana kan walitti dhihaatu qorannoo Hurruumee Daggafaa(2014) Xiinxala fayyadama Afaanii Asoosama 'Tuullaa Cubbuu' keessatti jedhu irratti qorannoo adeemsifamedha.Xiyyeffannoon qorannoo kanaa asoosama filatame keessatti fayyadama afaanii xiinxaluudha.Qoranno Hurruumee kana keessatti harki caalaan kan ilaalamu filannoo jechootaa barreessaan asoosamicha keessatti fayyadameefi rakkoo afaanii asoosamicha keessatti argamaniifi isaan kun dhiibbaa isaan hawaasa afaanicha fayyadamanirratti fidan maal akka ta'an kan ibsanidha.Dhumarrattis qorannoo kanaa wajjin irra caalaa walitti dhiyaata jedhame qorannoo Muhaammad Abdurahmaan xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama 'Gurraacha Abbayyaa' keessatti jedhu irratti qorannoo adeemsifamedha.Xiyyeffannoon qorannoo kanaa asoosama filatame keessatti fayyadama afaanii xiinxaluudha.Walfakkeenyi kanaa fi Muhaammad itti fayyadama afaanii xiinxaluu yoo ta'u, garaagarummaan qorannoowwan kana gidduu jiru kitaaba asoosamaa garaagaraa irratti adeemsifamuu isaati.Xiyyeffannoon qorannoo qorattuu kanaas,asoosama matadureen isaa'

Bishaan Gubate' jedhu keessatti fayyadama afaanii xiinxaluu yemmuu ta'u haaluma kanaan barreessaan asoosamichaa fayyadamni afaanii(mala dubbii,mammaaksotaa fi jechamoota haala kamiin akka dhimma itti bahee ergaa dabarfachuu barbaade sana akka galmaan gahe xiinxaluudha.

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen dhihaatan saxaxa qorannichaa, Mala Qorannichaa irraawwatama qorannichaa, madda ragaa, Mala iddattoon ittiin filatame, meeshaalee funaansa ragaa fi mala xiinxala ragaalee kan dhihaatudha.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaati. Sababnisaa qorannoong geggeeffamu kitaaba asoosamaa ‘Bishaan Gubate’ dubbisuudhaan itti fayyadama afaanii ilaaluuf kaayyoo galmaan naaf ga’ a jettee waan yaaddeef filatte. Saxaxa qorannoo ilaalchisuun Addunyaa (2011:f65) yemmuu ibsu,’...qorannoong tokko haala ibsaarratti xiyyeeffata yoo ta’e, saxaxni isaa ibsaadha. Kan ibsamus, odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa’e saxaxni isaa ibsa akkamtaa (qualitative)...ta’a’jechuun kaa’aa.

Dabalataanis,Dastaa(2002)’...qorannoong mala akkamtaan geggeeffamu odeeffannoo mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin dhiyeessa’ jedha. Haaluma kanaan, qorattuun asoosamicha gadi fageenyaan xiinxaluun odeeffannoo argattu dhuma irratti qaaccessuun waan ibsiteef saxaxa ibsaatti gargaaramtee jirti.

3.2. Gosa Qorannichaa

Kaayyoont qorannoo kanaa asoosama ‘Bishaan Gubate’ jedhu kan Muhammad Siraaj bara 2021 A.L.A tti maxxanfame keessatti fayyadama afaanii xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorannoong kun malleen qorannoong tokko itti fayyadamutti tajaajilamuun kan geggeeffamudha. Haaluma kanaan qorattuun gosoota qorannoo jiran keessaa mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramtudha. Sababni mala kana filatameefis qorannoong dookumantii sakatta’uudhaan walqabatu, mala qorannoo kanaa jala galuu waan danda’uufidha.

Qorannoo akkamtaa ilaalchisuun Dastaa (2013:f33)yemmuu ibsu,’qorannoo akkamtaa geggeessuuf odeeffannoong kan funaanamu daawwanna, afgaaffii, dookumantii sakatta’uifi kkf.dha’’ jechuun ibsa. Haaluma kanaan qorannoong kun yemmuu geggeeffamu qorattuun asoosamicha gadi fageenyaan erga xiinxaltee booda odeeffannoo argatte sana jechaan waan ibsiteef gosa qorannoo akkamtaatti dhimma baateetti.

3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa Itti Fayyadama Afaanii Asoosama 'Bishaan Gubate' keessaa xiinxaluu irratti kan xiyyeefatedha. Sababni isaa qorattuun kun ragaan qorannoo kanaaf barbaachisu, asoosamicha keessatti argamuu danda'a jettee waan yaaddeef.

3.4. Iddattoo Qorannichaa

Asoosamoota hunda irratti qorannoo geggeessuun ulfaataa waan ta'eef qorattuun kunis asoosama 'Bishaan Gubate' jedhamu kana keessatti itti fayyadama afaanii maal akka fakkaatu qaaccessuuf miti carraa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataatti tajaajilamuun asoosamoota jiran keessaa kitaaba asoosamaa 'Bishaan Gubate' jedhamu filachuun ragaa sassaabbatteetti. Sababni mala kaayyeffataa filatameefis qorannoo geggeeffamu kitaaba asoosamaa 'Bishaan Gubate' jedhu dubbisuudhaan itti fayyadama afaanii ilaaluuf galmaan naga'a jettee waan itti amanteef. Qorattuun kunis fedhiifi beekumsa qabdurraa ka'uun kitaaba asoosama 'Bishaan Gubate' jedhamu kana keessatti rakkoon itti fayyadama afaanii waan itti mul'ateef mala iddattoo kaayyeffataatti gargaaramuun asoosamoota jiran keessaa kitaabicha filachuun dandeesee jirti.

3.5. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa ^{1ffaa} irratti kan xiyyeefatudha. Kanaaf, qorattuun qorannoo kana xiinxala itti fayyadama afaanii kitaaba asoosama 'Bishaan Gubate' jedhu irratti kallattumaan sakatta'a asoosamichaa waan geggeessiteefidha.

3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon tokko yemmuu adeemsifamu tooftaalee garagaraa fayyadamuudhaan odeeffannoo walitti qabachuun dirqama ta'a. Haaluma kanaan qorattuun kun tooftaalee funaansa ragaa jiran keessaa tooftaa sakatta'a dookumantii kitaabaatti fayyadamuun ragaa kan funaannattedha. Sababnisaa matadureen qorannichaa xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama Bishaan Gubate keessatti argaman waan jedhuuf kitaaba asoosamaa kana keessaa itti fayyadama afaanii jiran funaanoon xiinxaltee ibsa irratti kenniteetti. Yaada kana kan gabbisu, Dastaa (2002), barreeffamoonni adda addaa akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabaa, xalayootaa, gaazeexaa/galaalchaa barruulee adda addaa waraqaa raga, nagahee, ajandaa qaboo barreeffama mana murtii, yaadannoofi kan kana fakkaatan ta'uu

danda'u jechuun kaa'eera. Xiyyeeffannoон qorannichaa xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama'Bishaan Gubate' jedhurratti waan ta'eef kallattumaan kitaabicha keessatti qabiyyeewan itti fayyadama afaanii argaman sakatta'uudhaan kitaabicha keessaa mala sakatta'a dookumantii fayyadamuun odeeffannoo ishee kan funaannattedha.

3.7. Mala Xiinxala Ragaalee

Tooftaa xiinxala ragaalee qorannoo kanaa keessatti qorattuun fayyadamte mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dookumantiin argamu kana ibsa irratti kennuun kan xiinxaltedha. Yaada kana ilaachisee Addunyaa (2011:71) irratti yeroo ibsu; "Qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan/ttuun tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa" jechuun kaa'eera. Qorattuun kun qorannoo ishee asoosama 'Bishaan Gubate' jedhu kanarratti yemmuu geggeessitu asoosamicha gadi fageenyaan dubbisuun qabiyyee itti fayyadama afaanii asoosamicha keessatti ka'an gaaffilee bu'uura qorannoo kanarratti hundaa'uudhaan odeeffannoo kitaabicha keessaa argame haala walitti dhiheenya isaaniitiin xiinxaltee jirti. Odeeffannoон funaaname asoosama keessaa waan ta'eef haala dhugaa asoosamichi keessatti barreeffame walbira qabuun hiikni itti kennameera. Kunis ragaan funaaname dhugaa qabatamaa waliin yeroo walbira qabamee ilaalamu maal jechuu akka barbaade hiikni itti kennameera. Dhumarratti ,qorattuun asoosamicha gad fageenyaan erga xiinxaltee booda odeeffannoo argatte jechaan waan ibsiteef gosa qorannoo akkamtaatti dhimma baateetti.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA *BISHAAN GUBATE* KEESSATTI

Boqonnaa kana jalatti kitaaba Asoosamaa “Bishaan Gubate” jedhamu keessatti haalli itti fayyadama afaanii kitaabicha keessatti argaman xiinxalamuun dhihaataniiru. Kunis ragaan kitaabicha keessaa kan funaanamanii fi tokko tokkoon isaanii hiika qabiyyee ergaa maalii akka dabarsan adda baasuun tokko tokkoon gosa fayyadama isaanitiin kan xiinxalamanidha.

Haaluma kanaan jalqaba ragaalee kana kitaaba asoosama qorannichaaf filame gadi fageenyaan dubbisuun ragaalee qorannoo kanaaf na fayyadu funaunuun himoota fi fuula kitaabicha keessatti argaman eeruun qabiyyee barbaadamu erga hiikoon itti kennamee booda gama ergaa isaan qabaniin xiinxalamanii dhiyaatanii jiru. Fayyadama afaanii kanneen akka malleen dubbii, mammaaksotaafi jechamoonni fuula kitaabicha keessatti argamaniin dhiyaataniiiru.

4.1 .Sabseenaas Asoosama *Bishaan Gubate*

Kitaabni qorannoon kun irratti adeemsifame asoosama dheeraa “Bishaan Gubate” jedhamu yemmuu ta’u; barreessaa Muhammad Siraaj Aliitiin barreffamee yeroo jalqabaatiif Noolee Dagaatti kan maxxanfameedha. Barri maxxansa isaa bara 2021 yemmuu ta’u, fuula 340 kan qabuudha. Asoosamichi haala dubbistoota harkisuun danda’uun qoqqoodamee kutaa 8tti hiramuun kan dhiyaatedha. Haala kanaan dhiyaachuun isaa dubbistootni nuffii tokko malee boqonnaa fudhachaa kutaa irratti dhaabanii turanirraa itti deebi’anii dubbisuuf mijataa waan ta’eef haaluma salphaa ta’een dubbisanii xumuruuf kan mijatudha.

Waa’ee kitaaba kanaa fuuldura qola kitaabichaarraa kaanee yemmuu ilaallu maqaan kitaabichaa qalama diimaadhaan qabee gurguddaan barreffamee mul’ata.Dabalataanis maqaan barreessichaa fi suuraan lama dhiira furdaa tokkoo fi daa’imni tokko ni argamu. Namfakkichi dhiiraa qola kitaabichaarratti argamu kun fuula isaa dhoksee dugda isaa qofaatu mul’ata. Akkasumas namfakkii dhaabatee jiruu fi daa’ima garaan lafa ciisee ilaaluutu argama. Suuraa namfakkii kanaa fi seenaa kitaabichaa walitti fiduun yemmuu ilaalamu namni suuraa irratti mul’atu kun namfakkii muummee asoosama kanaa Milkii jedhamu akka ta’e tilmaamun nama hin rakkisu. Gama biraatiin daa’imni garaan lafa ciisee jiru Milkii yeroo daa’imummaa akka ta’e ni mul’ata.Milkiin namfakkii muummee asoosama kanaa yemmuu ta’u naannoo baha Oromiyaatti dhalatee guddate. Namfakkiin kun bu’aa bayii jirenya gadadoo,rakkoo siyaasaaf

dinagdee,abdi kutachuu ykn abdiidhaan jiraachuu rakkoo maatiifi firaaj wajjin qabuufi rakkina hedduu dabarse.Har'aa boru jireenyi jijiirameetiin harmee tiyyaan walitti deebi'a jedhee osoo yaaduu waggaal sagal guute.

Guyyaan jalqaba harmeenn isaa magaalaa Dirree Dhawaatti isa dhistee deemte fulbaana 21, bara 1992 Wiixata waaree booda. Guyyaan sun isaaaf guyyaa dukkanaati. Yeroo kutaa ^{7ffaa} baratu Caaltuun barsiistuu isaa turte, Hariroon isaanii kutaa keessatti qofa osoo hin taane akka hiriyaatti walitti dhiyaatu. Milkiin haadha isaa irraa sababa barnootaaaf jedhee adda bahee mana aadde Saaraatti hedduu dhiphate.Milkiin qaama gowwaa waan qabuuf namnillee hinrifatuuf. Adaadaan isaa ta dhiigaan firaaj hojiidhaan diinaa hinayaadduuf. Guyyaa adaadaan isaa maxeebaa hin dhiqamin keessaatti nyaata kenniteef yaadate.Osuma kanaan jiruu Saaraan mana isheetii ariite. Milkiin dhukkuba rakkoo beelaatiin isa mudate malee gara biraaj dhukkubsatee hinbeeku. Innis Faayoo jaallatee ta'us maatiin ishee Dirree Dhawaa dhiisanii baadiyyaa Gooroo Muuxiitti galan. Kana booda Faayoo waliin erga addaan ba'anii booda jireenyi kophxummaa isa jibbisiiste.Roobaan garuu caaltuufi Milkii addaan baasuuf oduu dharaa odeessuu hindhiisne. Sana booda Milkiin Bilisummaa osoo maatiin ishee hinjaalatin fuudhe. Obboleettiin Bilisummaa Galgaleen hiyyummaafi gabaabina isaatiin hamilee Milkii buusti. Yeruma kana Milkiin hojiirraa akka ari'amu xalayaan kennamteef. Innis badii qabaatee osoo hintaane miseensa ta'uu waan dideef.

Milkiin Bilisummaa waliin jiraatus garaan isaa Caaltuu arguu dheeboteera.Kana booda Milkiin hiika jirenya isaa waallale.Bilisummaa bakka Caaltuu buufachuuf fedhus hin milkoofne. Wanni hundi waan hinfakkaanne, waan hinmalle itti ta'e, bishaan gubachuun waan hin fakkaanne, waan hinmalledha. Sana booda waan ijjisaa agarte keessi isaa amanuu dadhabee.Wanti hanga ammaa dabarse hundi abjuu itti fakkaate.Ijji isaa nama waggaal ja'a dura addaan ba'e agarte.Caaltuun digirii lammaffaa Afaan Oromootiin barachuuf Yuunivarsiitii Finfinnee dhuftee Milkiidhaan wal arguun asoosamichi tokkummaa Oromummaa agarsiisuun bifaa gammachiisaan xumuramee jira.

4.2. Fayyadama Afaanii

Ogbarruu barreeffamaa keessatti akkaataa afaanitti gargaaramnu fayyadama afaanii jedhama. Kunis barreessaan tokko barruu isaa jaallatamaafi hawwataa akka ta'u yoo barbaade afaan inni gargaaramu murteessaadha. Haalli dubbii qoolaa, jechamaa, mammaaksotaa barreessaan asoosamaa isaa keessatti itti fayyadamu akkaataa dubbistoota harkisu ta'uun baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf barreessaa asoosama kanaas, itti fayyadama afaanii gargaaramuun ergaa dabarfachuu barbaade dabarfachuu danda'ee jira. Kunimmoo guddina ogbarruu Oromootiif gumaacha inni godhu baay'ee guddaadha. Kanaaf barreessitoonni qabiyyee isaaniirratti hundaa'anii barreessaniifi fayyadamni afaanii isaan gargaaraman addatti eenyummaa quoddatootaa ibsuu danda'a. Haaluma kanaan barreeffama asoosamaa keessatti fayyadama afaanii barreessaan gargaaramu kanaan akka filannoo jechootaa, mala dubbii, mammaaksotaa, jechamootaafikkf. Lafa kaahuun ni danda'ama. Kanaaf barreessaan tokko fayyadama afaanii qabiyyee isaan of keessatti hammatan waliin walqabsiisee barreessuutu irra jira. Kun kan gargaaru, dubbii isaan barreeffama isaa dubbisu miira gaariin dubbisu danda'a. Miira kana kan fiduuf jechoota barreessaan fayyadamedha. Haaluma kanaan, asoosamni dhugaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu ta'ee dhugaan hawaasichaa jechoota barreessaan gargaarameen kan ifatti bahudha. Kunis bakka ifa hin taanetti mala dubbii fayyadamuun yaadicha caalaatti ifa akka ta'u godha.

4.2.1. Xiinxala Itti fayyadama Malleen Dubbii

4.2.1.1 Xiinxala Itti Fayyadama Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tooftaa ittiin jechoota akka, hammaa fi fakkaata jedhanitti gargaaramuun wantoota lama walbira qabuun ibsuudha. Kanumarraa ka'uun barreessaan asoosama kana keessatti haala kamiin akka itti gargaaramee fuula gosti malli dubbii kun irratti argamu walitti funaunuun haala armaan gadii kanaan erga dhiyaatanii booda xiinxalamani dhiyaataniru.

“Fuullisaa bareedaan biiftuu ganamaa fakkaatu gammachuudhaan guutuudha. Akka harree fe’iisni itti guddatee dhuufuu yaastuutti inniinis aara yaasaa daandii Dhangaggoor kan akka bofaatti mammaramurra deemsaa isaa itti fufe” Muhammad (2021:f1)

Malleen dubbii fuula 1 irratti wantootni walbira qabamanii dhiyaataniiru. Kunis jecha ‘akka’ fi ‘fakkaata’ jedhamanitti fayyadamuun fuula isaa fi biiftuu ganamaa, akkasumas deemsaa isaa harree fe’iisni itti guddateen waldorgomsiisuun, kana malees karaa fi bofa walbira qabuun mala dubbii akkasaa gargaaramuun dhiheessee jira”. Fuulli isaa bareedaan biiftuu ganamaa fakkaatu...” jedha. Kana jechuun immoo kan namatti tolu jechuudha. Biiftuun ganamaa qaama namaatiif baay’ee kan barbaachisudha. Jajjabina qaama daa’immaniifis ta’e, jaarsolii dulloomaniif hedduu barbaachisa. Namoota kaaniifillee fedhii hojji ofirraa ka’anii hojjechuu akka horatan ni gargaara. Qaamni namaas walhiika. Yoo biiftuun hin bane garuu dhaqni nama of hinjalatu; nama jineessa; fedhii waa hojjechuu nama keessaa balleessa. Akka yaada barreessaan barreeffama isaa keessatti ibsuu yaaleetti, namoonni tokko tokko yeroo lafa dhaqanii hin beekne dhaquuf ka’an keessi isaanii gammachuudhaan akka guutamu; akkasumas waan arganii hin beekne arguuf yeroo jedhan ;waan hin eegne yeroo argatan gammachuun keessa isaanii bakkeetti bahee fuularraa kan mul’atu ta’uu ergaasaa dabarfateera.

Dabalataanis, ”akka harree fe’iisni itti guddatee dhuufuu yaastuutti...” jedhu kun harreen horii manaa keessaa tokko taatee kan qote bulootni daldala bakka tokkoo bakka biraatti ittiin daldalanidha. Gama biraatiin horii geejibaaf ooltudha. Gaafa ba’aa guddaa irra kaa’an dhudhuufuun amala harree kanaati. Sababnisaa garaafi dugda walitti qabanii waan fe’aniif. Makiinaanis yeroo tabba gahu humna cimaa waan gaafatuuf aara yaasaa deema. As keessatti ergaan akka darbu barbaadame jiruufi jirenya keessatti waa hunda damdamachuun bu’aa bayii jirenyaa hedduu keessa darbuun akka danda’amutu hubatama. Kanamalees, “...daandii Dhangaggoor kan akka bofaatti mammaramurra deemsaa isaa itti fufe jedha. Askeessatti, bofti bineensa garaadhaan lafarra lohudha. Yoo nama hidde kan nama miidhudha. Bineensa hadhaa ofkeessaa qabudha; hadhaan isaa kunis summiidha. Karaan marfata qabus deemsaa mijataa miti. Yeroofi humna namaa fixa; dafanii lafa yaadan gahuuf mijataa miti. Sababnisaa ofirra naannawaa waan ooluuf. Yerootu deema malee daandiin nama jala hin hiiqu. Barreessaan kunis

jirenyaa hiyyummaa keessaa bahuuf obsa guddaa kan gaafatuufi bu'aa bayii hedduu keessa darbuun malee waan gaariitti akka hin darbamne ergaasaa dabarfateera.

"Namni hundi akka waan waliin ooduutti callisee jira'" Muhammad (2021:f1)

Waraabbii armaan olii kana keessatti, namoonni makiinaa keessa yeroo taa'anii deeman kaan ni rafa; kaanimmoo akka nama aareetti taa'a; gariin bilbila tuttuqa. Namoonni makiinaa keessatti rafan makiinaa keessa taa'uu kan hinjaallanneefi bakkee ilaaluu kan hinjaallannedha. Kan dadhabanii rafanis ni jiru. Warreen kaanimmoo lafa dhaquuf jedhan hamma gahanitti yaadaan buusanii baasu. Gariin immoo dadhabanii ofirraa balleessuuf bilbila tuttuqu. Kaan immoo, bakkeewwan hin beekne daawwachaa deemu. Akka yaada barreessaan barreffama isaa keessatti ibsuu yaaletti adeemsa jiruufi jirenya addunyaa kanaa keessatti amalli namaa garaagaraa akka ta'e, tokko yoo haasawu tokkommoo callisuu akka filatu; tokko yoo gammadu tokko gadduu akka danda'u; tokko yoo boo'u tokko kolfuun akka jiru ergaasaa dabarfateera.

"Fuullisaa kan duraanii caalaa amma mul'ata; mallaan isaa... burtukaana rarra'u fakkaatti; furdinni qaamasaa ... dureessa isa fakkeesee jira'" Muhammad (2021:f2)

Waraabbii kana keessatti, "fuullisaa kan duraanii caalaa amma mul'ata. Mallaan isaa... burtukaana rarra'u fakkaatti, furdinni qaama isaa dureessa isa fakkeesee jira" kan jedhu argina. Himoota kana keessatti mala dubbii akkasaatti kan gargaarame yoo ta'u, barreessichi fuula Milkii kan duraaniifi ammaa walbira qabee, maddii isaa fi burtukaana walfakkessee, qaama isaa fi jirenya isaa waldorgomsiisee jira. Askeessatti fuulli namaa kan dukkana keessatti ilaalanifi ifa keessatti ilaalan tokko miti. Ifa keessatti nama addaan baafachuun nama hubachuuf gargaara. Dukkana keessatti garuu nama ta'uu malee eenyu akka ta'e hin beekamu. Akkasumas, burtukaanni fuduraalee keessaa tokko ta'ee yeroo nyaatan kan mi'aahudha. Fayyaa namaatiifis daran barbaachisaadha. Baay'ee kan miidhagudhas. Burtukaana fakkaata gaafa jedhanis hedduu miidhaga jechuudha. Akka ilaalcha namootaattis miidhaginni namaa gahee mataasaa taphata. Addunyaa kana keessattis namoonni bifaa namaa ilaalanii jirenya namaa murteessu. Keessa hin beektuu keessummaa guurtee galti akkuma jedhan sana. Gama biraatiinis, nama furdaa yoo argan jirenyi isaatis akkasuma jedhanii yaadu. Seenicha keessattis, Milkiin jirenya rakkisaa jiraatus isarrraa hin mul'atu. Milkiin yoo ilaalan nama jirenya gaarii jiraatu fakkaata, qaamnisaa isa sobee jira. Qaamaan furdaa waan ta'eef namni

rakkate jedhee gadduuf hin jiru. Askeessatti harka qalleeyyiin haala kanaan miidhamaa jiran addunyaa kana keessa akka jiran ergaa dabarsa. kanaafuu barreessichi waraabbii armaan olii keessatti mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun ergaasaa dabarfateera.

“Gaazexeessitoota ispoortii akka gosa barnootaa tokkootti maqaa isaanii qo’atee jira Akka waan koree dorgommii taheetti yeroo hunda achii hin dhabamu;...akka nama mindaan kaffalamuufiitti... ”Mahammad (2021:f3)

Waraabbii kana keessatti’...akka gosa barnoota tokkootti...akka waan koree dorgommii ta’eetti.... akka nama mindaan kaffalamuufiitti...” jedhutu jira. Asirratti barreessichi namfakkii Milkii jedhamuu fi qo’anno barnootaa ; koree dorgommiifi Milkii,nama mindaan kaffalamuufi Milkii walbira qabuun jecha “akka” jedhutti gargaaramuun haala salphaadhaan dubbistootni akka hubataniif mala dubbii kanatti gargaarameera. As keessatti,barnoonni iddo olaanaa qaba.jirenya namaa kan guddisudha.Barnoonni hundee guddinaati.Kanaaf xiyyeffannoon kennamaaf.Namoonni tokko tokko barnootaaf iddo kennuu dhiisanii yeroo isaanii taphaafi waan garagaraan dabarsu. Kaayyoo bahaniif dagachuudhaan yeroo isaanii waan jirenya isaanii hin guddisne duukaa yeroo fiigantu jira.Kunimmoo, jirenya isaanii irratti dhiibbaa qaba. Barreessaan kunis, kaayyoo ofii dagachuun akka hin barbaachisne ergaa dabarfateera. Kanamalees, namni mindaan kaffalamuuf dirqama isaa bahuu qaba.Namni yoo waa hojjete waa argata. Yoo taa’e garuu bu’aa hin argatu.Namoonni tokko tokko waan hojjetanitti bu’aa hin argatan. Sababnisaa kaayyoo hojji sanaa waan dagataniif.Tokko tokko immoo yeroo isaanii waan isaan hin fayyadnerratti fixu.Kanaaf lafa yaadan hin gahan.Barreessaan asoosama kanaas,yerootti fayyadamuu dhabuun gaarii akka hin taaneefi waan nama hin ilaallanne hojjechuun kaayyoo ofii kan nama dagachiisu akka ta’e ergaasaa dabarfateera.

*“Namni waan fedhe jechuu mala malee Milkiin garuu huccuuakkanaa kaayyachuu isaatti waan qaafatu osoo hin tahin **waan boonu fakkaata**”Mahammad (2021:f4)*

Waraabbii fuula 4 irratti Milkiin garuu’ waan qaafatu osoo hin taane waan boonu fakkaata’ jedha. Namfakkii muummee Milkii Moosisaa jedhamuu fi nama boonu walbira qabuun jecha fakkaata jedhutti gargaaramee ibsee jira.Namfakkiin kun mana barumsaa yunifoormidhaan waan deemufi malee huccuun isaa hundi ciccittee gingilchaa taate. Sambata yoo akka tasaa mana barumsaa deeme gingilchaasaa kaayyachuu dirqama. Qaamnisatii fi gingilchaa inni keeyyate

waliif faallaadha. Namni waan fedhe jechuu mala malee Milkiin garuu huccuuakkanaa kaayyachuu isaatti waan qaafatu osoo hin taane waan boonu fakkaata. Jireenyi namfakkii kanaatii fi uffanni isaa waan walhinsimneef barreessichi haala kana ibsuuf mala dubbii akkasaatti gargaarameera. Ergaan gama kanaan akka darbu barbaadame, namoonni akka namfakkii Milkii rakkoon isaan qaban hin hubatamneef hedduun akka jiraniifi kan namni maal naan jedha jedhanii rakkoo isaanii himachuu sodaatanii cinqaman addunyaa kana keessa akka jirantu hubatama.

‘Tokko tokko kan akka waraabessa itti bari’ee liph liph ja’u malee daandiirraa namni hin mul’atu. Keessummaa yookaan nama jimaa bitachuuf yeroon itti dabarte yookaan nama mana namaatti deemutu magaalaan ona akka hin fakkaanne godha. Mohammad (2021:f6)

Waraabbii kana keessatti namni ganama daandii guutee yaa’u, sodaa owwatiif karaarraa dhabamee jira. Owwi Dirre Dhawaa keessummaa qofaaf osoo hin taane kanuma keessa jiraatuufuu yeroo garii qormaata ta’aa. Soda owwatiif karaarraa dhabamuun namootaa fi waraabessa itti bari’ee liph liph jedhu walfakkeessuun mul’atee jira. Akkasumas keessummaa mana namaatti deemu yookaan nama jimaa bitachuuf yeroon itti dabarte ykn nama mana namaatti deemutu magaalaan akka ona hin fakkaanne godha jedha. As keessatti, Keessummaa ykn nama jimaa bitachuuf itti barfatee fi waraabessa lafti itti bar’een walbira qabuun magaalaan Dirre Dawaa keessa guutummaa guutuutti daandirraa namni akka hin dhabamne ibsee jira. As keessatti waraabessi bineensa bosonaa keessaa tokko ta’ee halkan malee guyyaa deemuuf uumaan kan hin eeyyamneefidha. Namoonni tokko tokko aduu waan hin dandeenyeef mana mana isaaniitti galanii taa’u. Kan jireenyi itti hammaate immoo waan abdatu waan hin qabneef owaafi qorra osoo hin jenne asiifi achi fiiganii waan argatan argatanii galgala yoo mana qabaatan galu; yoo hin qabne mana nاما jala bulu. Sababnisaa hiyyummaaniyyuu akka owaatti gubeera waan ta’ef. Addunyaa kanarra harka qalleeyyiin waan abdatan hin qabne bonaaf ganna osoo hin jedhin jirenya isaaniif kan ta’u sorroobbachuu ganamaa galgala daandiirraa kan hin dhibamne nijiru. Akkaataa kanaan barreessichi mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun ergaasaa dabarfateera.

‘Guntutni shamarranii kan gunteellaa malee dhaabbatu waan keessaan bahee nama waraanu fakkaata’’ Mohammad (2021:f7)

Waraabbii armaan olii keessatti akkuma arginu wantootni lama waldorgomsiifamanii jiru. Kunis jecha ‘fakkaata’ jedhuun waan dhiyaateef gosa mala dubbii keessaa akkasaa ta’uunsa hubatameera. Namni guyyaa karaarraa dhabames akka waan walbeellameetti daandii qarqaratti gadyaa’e. Dhiirri marsoon, shamarran shiitaan ulaarratti gad bahan. Yeroo kana guntutni shaamarranii shiita keessaan gunteellaa malee waan dhaabatuuf waan qara qabaatee nama waraanu fakkaata. As keessatti shamarran durii amanamummaa isaanii kan eeggataniifi takka dhiiraan hin qaqqabatamne harmi isaanii utubaa malee dhaabbata. Ofitti nama hawwata. Shamarran yeroo ammaa kan amanamummaa isaanii eeggataniifi kan hin eeggannes akka miidhaginaatti utubaa harmaa fayyadamu. Kunimmoo aadaa durii dagachuudhaan haala yeroo ammaa duukaa kan bu’an ta’uu ergaa dabarsa. Barreessaan asoosamaa kanaas guntuta shaamarranii gunteellaa malee dhaabatuu fi waan qara qabaatee nama waraanun walbira qabee dhiyeesseera.

‘Keessi isaa akka waan oneetti duwwaa itti fakkaate; Akka faaya wahiitti hidhiinsaa gad rarraate; akka bikaa bishaanii kan gartokkoon capheetti imimmaan isaa dhangala’e; imimmaan Milkii kan addaan hin cinne akka roobaatti fuularraan gad yaa’uu itti fufe’’ Muhammad (2021:f8)

Waraabbii armaan oliirraa akkuma arginu “keessi isaa akka waan oneetti duwwaa itti fakkaate” jedha. Namfakkiin muummeen kunnama isa bohaarsu waan dhabeef kophxummaatu itti dhagahame. Gadda cimaa keessa seene. Waan umriisaa guutuu isa hin mudatintu itti dhufe. Namfakkiin Milkii jedhamu kun dhalatee hanga umrii kanaatti mana haatisaa keessa hin jirre bullee hin beeku. Har’a garuu qe’een duwwaa, manni duwwaa. As keessatti jirenya namfakkii kanaafii waan one ykn waan homtuu keessa hin jirreen walbira qabee ibseera. Namoonni tokko tokko maatirraa fagaatanii jiraachuu hin danda’an. Waan hundumti bitaa itti gala. Haadhaafi abbaa malee jiraachuu hin danda’an. Keessumaa haadharraa fagaatanii jiraachuun baay’ee ulfaataadha. Haati beeloftee nama nyaachisti; dheebottee nama obaasti; daartee nama uffisti. Kanaafuu haati ofii hiyyeettii kan hin qabne ta’uu ergaa dabarsa.

Akkumas akka faaya wayiitti hidhiinsaa gad rarraate jedha. Kunis namni gaafa aaruufi gaafa boo’u hidhiinsaa gadi jiga. Asoosamicha keessattis Milkiin kopxummaan itti dhagahamee yeroo taa’ee gaddu argina. Kunis jijiirama qaama ofii yeroo gaddaniifi yeroo gammadanii maal akka fakkaatu agarsiisa. Gama biraatiin miidhaginni namaa yeroo aaran akka hir’atu agarsiisa.

Kana malees akka birkaa bishaanii gartokkoon cabeetti imimmaan isaa dhangala'e jedha. Birkaan bishaanii gaafa humnaa ol ta'u, karaa bira baafatee yaa'a. Namnis gaafa aariinsaa daangaa darbu imimmaansaa kallattii garagaraan yaa'a. Namfakkiin Milkii jedhamu kuni imimmaan isaa dhorkuuf hidhii ciniinnachuu isaa fi faaya miidhaginaan walbira qabee, akkasumas imimmaan isaa fi birkaa bishaanii kana wal bira qabuun, kana malees imimmaan roobaan walbira qabuun jirenya namfakkii kanaa malleen dubbii keessaa akkasaatti dhimma bahuun ibseera.

‘Nama hedduu waa’een Calanqoo yeroo ka’u dhiiga akka galaanaa yaa’eetu sammuutti dhufa’”*Mahammad (2021:f9)*

Waraabbii kana keessatti ‘...dhiiga akka galaanaa yaa’etu sammuutti dhufa’” jedha. As keessatti yeroo lolli calanqoo ta’aa ture dhiigni namaa garmalee dhangala’aa ture. Warri aango qaban harka muraa, harma muraa turan. Aangoisaaniitiin gocha barbaadan namarratti raawwachaa turan .Barreessichis gochaa dur dhala namaarratti raawwachaa turan dhiiga dhangala’u galaana yaa’uun walbira qabee mala dubbii akkasaan ibseera.

‘Daqiqaa afurtamman ta waggaa 40 itti fakkaatte obsaan dabarse’ Fuulli isaa kan akka waan adurreedhaan walolee kokotteeffame,...fuulli isaa fuula shamarran mana bunaatii wallolaa bulan fakkaata’”*Mahammad (2021:f10)*

Yadaa waraabbii kana irraa kan hubatamu, “daqiqaa afurtamman tan waggaa 40 itti fakkaate obsaan dabarse” jedha. As keessatti namfakkiin muummichi kun herregni gosa barnootaa keessaa tokko ta’uu qofa beeka malee guyyaa tokko isaaf galee hin beeku. Kanaaf innis yeroo dabaree herregaa kutaa keessa hin taa’u. Tasfaayee garuu ni jaalata. Barnoota Tasfaayeen barsiisu haa jibbu malee amalli Tasfaayee haalan itti tola. Tasfaayeen nama jaalatamaadha. Innis barattoota ni jaalata, kan dogongores ni gorsa. Yeroo hunda amallisaa akkanuma. Milkiinis kabaja isaatiif daree keessa taa’aa ture. Barreessaan asoosama kanaas obsa namfakkiin kun qabuu fi kabajaan inni barsiisaa isaatiif qabu ibsuuf daqiqaa 40 fi waggaa 40 walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramuu ibseera. Barattootni tokko tokko kabaja barsiisaa isaatiif daree keessa taa’u malee,fedhii barachuu hin qaban. Kun hamma har’aatillee ni mula’ata. Barnootaaf xiyyeffannoo hin kennan.Ulaagaa barataa guutanii yoo argamaniyyuu muuxannoo barnoota baratanii hubachuu hin qaban. Ergaan gama kanaan darbu barattootni barnootaaf

xiyyeffannoo kan hin kennine ta'uutu hubatama. Kanamalees,"...akka waan adurreedhaan wallolee kokotteeffame..."kan jedhudha.Barsiisonni tokko tokko fuula isaanii yeroo ilaalan waan namaan walolan yookaan waan aaran fakkaatu;faara isaanii barataatti hin mul'isan. Barreessichis haala kana ibsuuf mala dubbii akkasaatti dhimma baheera.Kanamalees,"...fuulli isaa fuula shamarran mana bunaatii wallolaa bulan fakkaata..."jedha. Fuula Tasfaayee fi shamarran mana bunaatii wallolan jecha 'fakkaata' jedhutti gargaaramee bifaa namfakkii kanaa ibseera.As keessatti, namoonni tokko tokko garaa dhofkachuuf jedhanii fuula isaanii walitti gudunfu. Yeroo kana immoo hamaa fakkaatu.Kanaafuu, ergaan darbuun barbaadame namoonni fuula namaa ilaalanii hamaa kan namaan jedhan akka jiran ni hubatama.

"...akka adurree somba agarteetti mooraa isaaniitti walghaha ture" *Mahammad*
(2021:f11)

Waraabbii "akka adurree somba agarteetti mooraa isaaniitti walghaha ture,, jedha. As keessatti wanti hubatamu namfakkiin Caaltuu jedhamtu haalaan miidhagduu fi kan ofitti nama hawwattu waan taateef dardarri gandaa hundi jima qabatee mooraa abbaa isiitti ol yaa'a. karuma ittiin isii dubbisu argachuuf hundi tooftaa garagaraa uummata.Hogguu ergamtee waa fiddee dhuftu hundi waan isiin fidde dhiisee ishii laala. Yeroo baatee galtus, yeroo seentee baatu hunda karaarratti dubbisuuf tattaaffii hedduutu godhama. Kaan sodaachisuuf yaala. Gariin sossobuu fedha. Dardara qofa osoo hin taane kan ilma qabu ilmasatiif gaafata. Barreessaan asoosama kanaas dardarran Caaltuu argachuuf carraaqanii fi adurree somba agarte walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramee dhiyeesseera. As keessatti adurreen bineensa manaati.Mana keessatti gaheen ishee hantuuta adamsuudha. Waan akka foonii argannaan homtuu itti hin baasu. Yoo quufte ni awwaalti malee hin dhiiftu. Kanaaf Adurree somba argatte jechuun mammaakama Namoonni tokko tokkos lafa waan gaarii itti arganii hin bahan. Dhiironni tokko tokkos kan fuudhanis ta'e kan hin fuune shamarran miidhagdu arginaan bira hin darban.Kunimmoo safuun dagatamee akka jiru agarsiisa.

"Akka nama boru' konsartii 'muuziqaa qabuutti wallee shaakalaa bule" *Mahammad*
(2021:f13)

Waraabbii kana keessatti " akka nama boru 'koonsartii' muuziqaa qabuutti..."jedha. As keessatti guyyaa tokko barsiistuu Caaltuun waa'ee walaloo barsiiftee , "walaloo barreessaan

koottaa” jetteen. Guyyaa itti aanu walaloo barreessan akka dubbisaniif tokko tokkoon baasuu eegalte. Barataa hundiakkuma dabaree isaatti bahee gariin waraqaarraa, tokko tokkos dabtarasaarrraa walaloo dubbise. Milkiin dabareen isaa geenyaan harka duwwaa bahe. Barsiistuuun sammuutti qabachuu isaa dinqisiifattee akka jalqabu ajaja dabarsite. Milkiin garuu harkaa qofa osoo hin taane sammuu keessaayis walaloo hinqabu. Walaloo barreessuuf halkan guutuu hirriba dhabus osoo hin milkaa’in hafe. Waraqaa ciraal buluun walaloo barreessuu akka dadhabe isaaf mirkaneesse. Walaloo osoo hin barreessin mana barumsaa deemuun barsiistuu kabaju mufachiisuu waan ta’ee, waan godhu wallaalee waraqaa ciccire walitti qabee olkaa’ee, halkan takka ka’ee gadi bahe. Akka nama boru ‘koonsartii’ muuziqaa qabuutti wallee shaakalaa bule. As keessatti barreessichi kabajaa fi jaalala barsiistuu isaaf qabu, akkasumas carraaqqii Millkiin kaayyoo isaatiif godhu agarsiisuuf nama ‘koonsartii’ muuziqaaaf qophaa’uu fi Milkiin kaayyoof carraaqu waldorgomsiisee dhiheessee jira.

“Sabboonummaan waan namaa jibbuu osoo hin taane waan ofiitiin boonuu akka tahe itti himte” Muhammad (2021:f16)

Waraabbii kana keessatti dogongora Milkii agarsiisufis “sabboonummaan waan namaa jibbuu osoo hin taane waan ofiitiin boonuu akka ta’e itti himte” jedha. As keessatti Milkiin osuma Caaltuu nagaa gaafachaa jiruu kitaaba tokko isii harkatti arge. Barreffama afaan amaaraa “samaaman” jedhutu irratti barreffamee jira. Sisaay Nigusu maqaan jedhus irra jira. Ni dubbistaa jetteen fuula isaarraa jibbiinsa tahuu hubattee. Sababa isaa yeroo itti himus ilaachisaa dogongora akka ta’e itti himtee gorsite. Ilmi nاما hundi waaqa duratti walqixa akka ta’e babal’istee ibsiteef. Namoonni tokko tokko ilaalchi issaan saba biraaf qaban gadaanaadha. Saba issaanii caalchisuuf warraaqu. Saba biraaf hacuucanii kan issaanii olkaasuu fedhu. Kunimmoo ilaalchi dogongoraa addunya kana keessatti kan mul’atu ta’uu ergaa dabarsa. Barreessichi ilaalcha dogongoraa namfakkii Milkii jedhamuu ibsuuf sabboonummaa fi waan ofiitiin boonuu walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaarammee ibseera.

“Nama guyyaa guyyaadhaan fuula haarayaa dubbisu osoo hin ta’in, nama guyyaa guyyaadhaan fira awwaalu fakkaate” Muhammad (2021:f17)

As keessatti namfakkii Milkii fi nama firri guyyaa guyyaan jalaan du’ee awwaaluun waldorgomsiisee jira. Kunis nama guyyaa guyyaadhaan fuula haarayaa dubbisu osoo hin ta’in,

“nama guyyaa guyyaadhaan fira awwaalu fakkaate ” jedha. Qabiyyee kana keessatti Milkiin kitaaba Afaan Oromoo fudhachuuf mana Caaltuu dhaqee kitaaba hedduu walirra tuulamee taa’u garagalchee erga laalee booda kitaaba “Suuraa Abdii” kan gama jalatti “Kumsaa Buraayyuu ” jedhu filate. Milkiin SuuraaAbdii fudhatee dubbisuu wayta jalqabu dubartii abbaa warraan gargar baate arge. Booyee ifachuu dide. Jireenyi Abdii, Amansiisaa fi Gorsituu jirenyaa isaa itti fakkaate. Wanti dubbisu hundi garaa isa balleesse. Waan kitaaba dubbisaa jiru osoo hin taane, waan jirenyaa san jiraachaa jiru itti fakkaate. Yeroo dubbisurra yeroon booyu waan caaluuf kitaaba fuula 160 hin geenye dubbisee fixuudhaaf yeroo dheertuu ture. Namoonni tokko tokko yeroo asoosama dubbisan kan boo’antu jira. Sababnisaa waan jirenyaa isaaniin walfakkaatu argu; hacuuccaa sabarra gahaa ture argu.Yeroo kana garaan isaanii kan boora’u hedduutu jira.Addunyaa kana keessatti namoonni rakkoo namaafi rakkoo saba irra gahu hin jaallanne akka jiran ergaa dabarsa.

“...fedhiin isaa akka haroo bishaan itti yaa’uutti ballachaa waan deemteef,kitaaba Caaltuu bira jiru tokko tokkoon guuree dubbisee fixe”’Mahammad (2021:f18)

Waraabbii kana keessatti,“fedhiin isaa akka haroo bishaan itti yaa’uutti ...”kitaaba Caaltuu bira jiru tokko tokkoon guuree dubbisee fixe”. As keessatti kitaabni “Suuraa Abdii” fedhii dubbisuu waan keessatti uumeef kan biraa fudhachuuf Caaltuu biratti deebi’e. “Suuraa Abdii deebisee “Samaaman” fudhate. Gammadaa erga dubbisee booda fedhiin isaa garmalee waan dabaleef barreessichi fedhiisaa fi haroo bishaan itti yaa’uun waldorgomsiisee mala dubbii akkasaan ibsee jira.Kanaafuu, waan tokko nuffii malee yoo hojjetan wanti sun araada namatti ta’aa deema.Namoonni tokko tokko immoo fedhii dubbisuu kan hin qabne ni jiru.Garuu,yoo wanta waa’ee seenaa isaaniin kan walfakkaatu yookaan waa’ee hacuuccaa dur sabarra gahaa ture yoo dubbisan fedhiin dubbisuu isaanii dabalaan deema.Kanaaf,kaayyeffatamee yoo dubbifame fedhiin dubbisuu akka dabalu ergaa dabarsa.

“Haala paartilee siyaasa Oromootis, yeroo haasawu barataa seenaa yookiin nama siyaasaa fakkaata”’Mahammad (2021:f19)

Waraabbii kana keessatti “,, yeroo haasawu barataa seenaa ykn nama siyaasaa fakkaata”jedha. As keessatti namfakkiin Aanaa jedhamu waa’ee Oromummaa yaaduu erga eegalee bubbulee jira. Waa’een Oromummaa kan haadha fi abbaasaarrraa bare manaa fi alatti hojiisaa ta’ee jira.

Dhimmoota siyaasaa sirnoota duriiraa eegalee waan gurrisaa dhagaye mara Milkiitti odeessa. Waa'ee lola Calanqoo, waa'ee harka muraa fi harma muraa Aanolee haasawee hin fixu. Minilik, H/Sillaasee fi Dargiis dabalatee waan hedduu odeessa qaba. Waa'ee sirna keessa jirruutis jaboo dubbata. Namoonni dubbii danda'an nama siyaasaati jedhamanii shakkamuu akka hin qabne ergaa dabarsa. Sababnisaa namoonni osoo waa'ee siyaasaa hin beekin dandeettii haasaa qabaachuun shakkamanii addunyaa kanarratti dararaman waan jiraniif. Barreessaan asoosama kanaas garmalee haasawuu namfakkii Aanaa fi barataa seenaa ykn nama siyaasaa waldorgomsiisee mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun ibsee jira.

‘...akka lakkuu haati abbaa malee dhiistee duutee,wajjin bobbahani wajjumaan gala turan;akk masanuutti wal ilaaluuf yeroo dheertuu itti hin fudhanne;akka gurra lamaaniitti kallattiin isaanii adda adda taate’’Mahammad (2021:f20)

Waraabbii kana keessatti akkuma arginu wantootni lama waldorgomsiifamanii jiru. Kunis jecha ‘akka’ jedhuun waan dhiyaateef gosa malleen dubbii keessaa akkasaa ta’uun hubatameera. Milkii fi inni akka lakkuu haati abbaa malee dhiistee duutee wajjin bobba’anii wajjumaan galaa turan. Wajjin malee nyaatanii hin dhugan. Finoolii qofa wajjin hin seenan malee wanti biraa kan isaan adda bahanii hojjetan hin jiru ture. Barreessaan kunis Bareentoo fi Milkii ijoollee lakkuu dhalatan waliin walbira qabee dhiyesseera. Akkasumas akka masaanuutti walloluuf yeroo dheertuu itti hin fudhanne. Akka gurra lamaaniitti kallattiin isaanii adda adda ta’e. As keessatti Bareentoo fi Milkiin hariroon isaan waliin qaban sababa maatiin Milkii waan harkaa qaban fixanii jirenya hiyyummaatti seenanii eega magaalaa Dirre Dhawaatii bahanii booda haalli hundi jijiirameera. Ijoolleen akka lakkuu waliin turan walirraa qoorrifachuu eegalan. Milkiin tuffatamuu qaba, namarraa fageeffamuu qaba jedhee akka waan rabiin kitaaba keessatti barreesseetti, kophatti darbamee hafe. Ajajni gama samiitii dhufe tokkollee osuma hin jirre aangoo warra lafaatiin Milkiin namarraa moggaatti akka bahu murtaawe. Kana kan fide Bareento hammeenyaa fi gaarii addaan hin baafatin qofa osoo hin ta’in haadha Asaantii kan Bareento gorsitu adaadaa Milkii Aadde Saaraa dabalateeti. Barreessichi hariroo Bareentoo fi Milkiin waliin qabaachaa turan ibsuuf masaanuu fi gurra lamaaniin walbira qabee ibseera. Ergaan gama kanaan jiru namoonni tokko tokko yeroo jalqaba nama argan lubbuu isaanii osoo nammaa kennanii ni jaallatu. Booda garuu argaa walii kan hin jaallanne hedduun akka jiran hubatama.

“Daandiin makiinaan irra deemtu waan bututeef namni hundi ni hurgufama. Keessattuu warri duubarra taa’u ragada Tuulamaa waan shaakalan fakkaatu. Warra ganama waan waliin oodu fakkaatu hunda amma iyyisiisaa jira” *Mahammad (2021:f22)*

Waraabbiin kun “...ragada tuulamaa waan shaakalan fakkaatu ”jedha. Akkasumas warra ganama waan waliin oodu fakkaatu hunda amma iyyisiisaa jira. As keessatti imaltootni duraan nagayaan kursiirra taa’aa turan osoo hin fedhin sirbuu eegalan. Daandiin makiinaan irra deemtu waan bututeef namni hundi ni urgufama. Raafamaa deemuun kun mataduree marii tokko akka uummatan isaan godhe. Kunimmoo namoota wallolanillee osoo hin jaalatin walitti araarsa. Ragadni Tuulamaa sochii qaamaa waan ofkeessaa qabuuf nama urgufuun amala isaati. Konkolaataanis daandii caccabaa irratti garmalee waan nama urgufuuf namni asiifi achi raafama. Yeroo kana immoo namni walitti darbatamuu waan hin oolleef, akka carraa namni walbole yoo walbira jiraate osoo hin jaallatin walitti haasa’a. Namoonni tokko tokkos jiruufi jirenya keessatti waan garagaraatiin walitti bu’an sababa garagaraan walitti araaramuu danda’u. Fakkeenyaaf, yeroo gaddaa osoo hin jaallatin kan walbole walitti araarama. Barreessaan asoosama kanaas haala imaltootni keessa jiran ibsuuf ragada tuulamaa fi nama waliin ooduun walbira qabee ergaasaa dabarfateera.

‘Du’aa fi Ameerikaan waan hin oolle kan itti fakkaatu hedduudha. Hiyyummaan maatii isaa Ameerikaa dhaquudhaan waan furantu itti fakkaata’ *Mahammad (2021:f26)*

Waraabbii kana keessatti ‘du’aa fi Ameerikaan waan hin oolle kan itti fakkaatu hedduudha’ jedha. Akkasumas ‘hiyyummaan maatiisaa Ameerikaa dhaquudhaan waan furamu itti fakkaata’ jedha. Himoota lamaan kana keessatti Ameerikaan abjuu ijoolee ganda Bulee taatee halkan abjuudhaan bulee ganama Dirre Dhawaatti of argaa ture. Dhimmi Ameerikaa sammuu ijoolee Bulee keessatti uumamtee jirti. Milkiinis warra ganda Bulee keessa jiruu Ameerikaa jiraatu keessaa tokko ture. Ameerikaa dhaqee osoo maatiisaa hiyyummaan dhaalte kana keessaa baasee daran hawwa. As keessatti duuti yoomiyuu kan hin oolle, yeroo feetetti kan nama fudhattu, eeyyama kan nama hin gaafannedha. Namoonni tokko tokko Ameerikaatti salphaadhumatti waan durooman itti fakkaata. Ameerikaatti garuu dhala namaa hedduutu dararamaa jiraata. Isa taa’ee ilaaluuf jirenyi Ameerikaa salphaadha. Kan dhaqee argeef garuu du’a itti fakkaata. Lafa jiranitti yoo haalaan hojjetan jirenya Ameerikaa jiraachuun akka danda’amu ergaa dabarsa. Akkasumas, Ameerikaa dhaquu qofaan hiyyummaa keessaa bahama yaadni jedhu ilaalcha

dogongoraa akka ta'etu hubatama. Barreessichis fedhii ijoollie ganda Bulee fi namfakkii Milkii kana ibsuudhaaf Ameerikaa dhaquuf du'a waldorgomsiisee ibsee jira. Akkasumas Ameerikaa dhaquun hiyyummaa keessaa bahuudha kan jedhu mala dubbii akkasaatti gargaaramee dhiyeesseera.

‘Onneen isaa waan isa keessaa lafatti buute itti fakkaate’’ Muhammad (2021:f28)

Waraabbii kun “onneen isaa waan isa keessaa lafatti buute itti fakkaate” jedha. Hima kana keessatti namfakkii muummeen sagalee nama rifachiisurratti yaadannoo waan qabuuf nama hunda caalaa isatu rilate. Osoo makiinaan deemaajiranii bakka sagaleen irraa dhufte maal akka ta'e arguu baatus qawwee ykn sagalee boombii dhootee akka taate keessi isaa itti hime. Milkiin rakkoo uumamte osoo hin barin dhukaasa kanaan dura eessumasaa galaafatte yaadate. Milkiin eessuma isaa haalaan jaalatu haala saniin dhabuun isaa yaadannoo hin daganne isa keessatti hambise. Namoonni tokko tokko mudannoo kanaan dura qabanirraa kan ka'e yeroo waan tokko ta'u dafanii rifatu. Sababnisaa yaadannoo ta'ee keessa isaanii waan jiruuf. Kunis ta'ii kana dura nama mudate qabatanii deemuun laphee ofii wantoota adda addaaf ergisuun jirenya namaarratti miidhaa kan fidu ta'uu ergaa dabarsa. Barreessichi haala Milkiin keessa ture ibsuuf naasuu fi onneen keessaa lafa bu'uutti fakkeessee ibseera.

‘Rifeensi isaa luuccaan haati isaa tottolchiteef buukii jaldeessaa itti fakkaate. Milkiin gabaabaan furdina qaama isaa wajjin kubbaa mila qabdu fakkaatu sun’’ Muhammad (2021:f29)

Waraabbiin kun “...buukii jaldeessaa itti fakkaate” ... kubbaa miila qabdu fakkaatu sun...jedha As keessatti Milkiin keessi isaa waan itti hin tolleef of buusee deema. Yoo namatti tole fuula dhiqatu akkuma jedhan Milkiin bakkeen isaaS keessa isaa fakkaatee argame. Barreessichis mataa isaa fi buukii jaldeessaa walbira qabee ibseera. Yeroo tokko keessi nama sanaa cinqamaa jira yoo ta'e, bakkeetti bahee mul'achuu danda'a. Namni sun himachuu haa baatuuyyu malee fuularraa ni dubbifama. Addunyaa kanarras namoonni rakkoo qaban dhokfatani dhiphathan bakkeen isaanii kan himu hedduun akka jiran ergaa dabarsa. Akkasumas gabaabina Milkii kubbaa miila qabduun walbira qabee ibseera. kubbaan gaafa lafarra fiigdu ofitti nama hawwatti. Namoonni tokko tokkos gabaabina isaanitiin baay'ee miidhagu; namni gabaabaan mala beeka jedhama. Kanaaf nama gabaabaa tuffachuun ilaalcha dogongora akka ta'e hubatama.

“Teeppii Naashinaalaa harkatti qabatanii Wallee Afaan Oromoo bananii ganda guutuu mana cidhaa fakkeessan; Ajjeechaa namichaa booda waraanni ganda gabaa fakkeesse sun lafa haa seenu samii haa seenuu osoo hin beekamin dhabamaa tahe” Muhammad (2021:f29)

Waraabbiin kana keessatti, banamuu teeppii fi mana cidhaa, waraanaafi gabaa walbira qabee dhiyeesseera. Askeessatti walleen kan nama bashannansiisudha. Kunis yeroo cidhaa, yeroo beeksisa adda addaa beeksisan, yeroo ayyaanaafi kkf.irratti banama. Kanaaf namoonni hedduun walleen Afaan Oromoo yeroo banamu walitti qabamanii sirbu. Tokkummaadhaan ta'anii quuqqaa garaa isaanii ittiin ibsatu. Gubaa garaa isaanii obbaafatu. Madaa garaa isaanii keessa ibsatu. Ergaan gama kanaan jiru namoonni Oromoo ta'an muuziqaa Afaan Oromoo dhaggeeffachuuuf hawwii guddaa kan qabaniifi Oromoona galaana akka ta'e ergaa dabarsa. Akkasumas, ajjeechaa namichaa booda waraanni ganda gabaa fakkeesse jedha. As keessatti, yeroo waraana mootummaa keessaa tokko miidhamu battalatti hoomaan isaanii kan argaman ta'uutu hubatama. Barreessaan asoosama kanaas baay'ina waraanaafi heddumina gabaa walbira qabuun ergaasaa dabarfateera.

“Sa'a muraasa booda waraanni wayyaanee kan odeessa argate bitamtoota isaa waliin akka awwaannisaa dhufee ganda weerare” Muhammad (2021:f30)

Waraabbi kana keessatti, “waraanni wayyaanee kan odeessa argate bitamtoota isaa waliin akka awwaannisaa dhufee ganda weerare” jedha. As keessatti hammuma liphuu ijaatti waraana Adda Bilisummaa Oromoo keessaa tokko gara namichaatti rasaasa roobse. Namichi lubbuu isaa baasuuf tattaafatus sakondii muraasa booda reeffa ta'e. Sa'a muraasa booda waraanni wayyaanee hedduumatee bakka reeffa namichaa buufate. Awwaannisni ilbiisota keessaa tokko ta'ee, heddumina kan qabaniifi tokkummaan kan jiraatanidha. Waraanni wayyaanees olola dhageenyaan walguuree kan deemu ta'u ergaa dabarsa. Barreessaan kunis waraana wayyaanee fi hoomaa awwaannisaa walbira qabuun mala dubbii akkasaa fayyadamee dhiyeesseera.

“Bakka namni hin jirretti garuu akka adurree hantuutatti taphattuutti Milkiitti taphachuu feeti” Muhammad (2021:f34)

Waraabbi kana keessatti Milkiin yeroo mana Saaraa turetti dararamaa ture. Yeroo nama agartu waan Milkiidhaaf gaarii yaaddu haa fakkaattu malee, amalli isii kun duraanuu isii waliin ture. Namoonni kana dura qabeenya maatii isii beekan karaa hin malleen abbaa Milkii gowwoomsitee,

obboleettii isii jaalanee wajjin walii galtee kan ofii godhatte jedhanii waan hamatamaniif hammeenyi keessa isii akka mul'atu hin gootu. Barreessichi namoonni tokko tokko nama miidhuurratti kan of hin mul'isne ta'uu ibsuuf Saaraa Milkiitti taphattuu fi aduree hantutatti taphattu walbira qabee mala dubbii akkasaatiin ibseera.

'Akka warra siyaasaatti olola dharaa afarsa.Bareento akka jaartii ulfaatti yeroo yeroodhaan wanna nyaatu jijiira ''Mahammad (2021:f37)

Waraabbiin kun...''akka warra siyaasaatti olola dharaa afarsa'' jedha. As keessatti Bareentoon muuxannoo haadha isaarrraa qooddateen akka nama guddaatti Milkiidhaan ooda. Mana qofatti osoo hin taane alatti yeroo Milkii arge akka balfaatti irraa gora. Manatti hogguu galu waa'ee Milkii waan gaarii hin dubbatu. Warri siyaasa hordofanis olola dharaa malee haqa hin dubbatan Barreessichi olola Bareentoo fi olola warra siyaasaa waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaatti tajaajilamee ibseera. Kana malees fuuluma kanarratti gaaleen ...''akka jaartii ulfaatti yeroo yeroodhaan wanna nyaatu jijiira jedha. Waraabbii kana keessatti Saaraan Bareentoo ilma isheetiif nyaata jijiirtee kennitiif. Milkii ilma obboleettii isiitiif jijiiruu mitii nyaatanii quufuun yakka akka ta'etti, nyaanni isaaf kennamu xiqqa waan ta'eef bilchaachusaa akka adda baasuuf waan itti kennan fakkaata. Isaaf garuu ciree, laaqanaa fi irbaata. kanuma itti kennan akka sifeessuuf hawwa malee dabalata hin eeggatu. As keessatti, addunyaa kanarra namoonni qoonqoon nama miidhan hedduun akka jiran ergaa dabarsa. Keessumaa namoonni mana namaa jiraatan beelaan dararamaa kan jiraatan ta'uutu hubatama. Barreessaan kitaaba kanaas waa'ee Saaraan Bareentoo fi Milkii walcaalchisuuf gootu ibsuuf, nyaata jaartii ulfaan walbira qabuun mala dubbii akkasaaf fayyadamuun ibseera.

'Daa'imuma yeroo hunda furriin irraa hin cinne fakkaatti Finfinneen ''Mahammad (2021:f39)

Dabalataanis ''daa'ima yeroo hunda furriin irraa hin cinne fakkaatti Finfinneen'' jedha. Waraabbii kana keessatti yeroo baatii caamsaa taatus nama magaalaa Dirre Dhawaatii dhufuuf Finfinneen haalan qorriti. Ganni Finfinnee ammoo kan dubbatamu miti. Roobni boqonnaa hin kenuuf. Yeroo hedduu daa'imman tokko tokko irraa furriin hin dhibamu. Sababnisaa, waan adda addaatiin taphachaa waan oolaniif utaalloo qabsiisa. Kunimmoo akka furraa'an taasisa. Magaalaa Finfinnees, roobni waan jaalatuuf soraal oola malee takkaa roobee hin caamu. Barreessichi haala

kana ibsuuf rooba Finfinnee fi daa'ima furriin irraa hin cinne walbira qabuun mala dubbii akkasaatti fayyadamee ibseera.

“Roobaan umrii dheertuu mana barumsaa Afran Qaloo keessatti waan fixeef, akka barataatti osoo hintaane, akka qabeenya mana barnootaatti ilaalamaa ture” Muhammad (2021:f40)

Gama biraatiin” akka barataatti osoo hin taane akka qabeenya mana barnootaatti ilaalamaa ture “ jedha. As keessatti Roobaan xiyyeffanna kubbaaf kennudhaan barumsa waan dagateef kutaa keessa jiruraa ka itti aanutti darbuudhaaf yoo xiqqaate waggaa lama tura. Kutaa 5^{ffaa}tti hoogguu afur kufee haa ari’amu jedhamee erga murtaa’ee booda koreen carraa takka kennuufii akka qabdu mari’attee murteessitee umrii dheertuu mana barumsaa Afran Qaloo keessatti fixe. Barattootni tokko tokkos barnootaaf xiyyeffanno kennu dhiisanii yeroo isaan keessa deddeebi’uun iddo dhiphisan akka jiran ergaa dabarsa. Barreessaan asoosama kanaas qabeenya mana barumsaa fi turtii Roobaan achi keessatti dabarseen walbira qabuun dhiyessee jira.

“Miseensa koree federeeshinii kubbaa miilaa fakkaata malee akka nama laga harree jiruutti hin haasa’u; dhalaan akkamitti akka nama jaallattu, dhalaan of jaalachiisuuf adeemsaa jiruufi dhalaan meeqa jaalalaan akka maraache odeessa. Yeroo waa’ee kanaa haasa’u hayyuu xiinsammuu fakkaata” Muhammad (2021:f41)

Waraabbii kana keessatti “misenaa koree federeeshinii kubbaa miilaa fakkaata malee akka nama laga harree jiruutti hin haasawu, yeroo waa’ee kanaa haasawu hayyuu xiinsammuu fakkaata jedha. As keessatti Roobaan amala inni qabu keessaa tokko of dhaaduudha. Amala waa hunda nin beeka jechuu qaba. Yeroo kubbaa laalu hedduu isaanii ni qeqa. Kan dandeettii qabuu fi hin qabne bakkuma taa’utti ramaddii kennaaf. Addunyaa kanarra namoonni tokko tokko lafa dhufaniifi iddo jiraatan dagachuudhaan lafa duwwaarratti anatu caala ;ana malee, namni hin jiru jedhan akka jiran ergaa dabarsa. As keessatti Roobaa fi misenaa federeeshinii kubbaa miilaa walbira qabuun dhiyaatee jira. Kana malees namfakkiin kun dhalaan akkamitti akka nama jaalattu, dhalaan of jaalachiisuuf adeemsaa jiruu fi dhalaan meeqa jaalalaan akka maraache odeessa. As keessatti waan ogummaasaa hin qabne akka waan ogummaasaa qabaniitti kan haasa’an akka jiran ergaa dabarsa. Barreessichis Roobaa fi hayyuu xiinsammuu waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaatti dhimma baheera.

“Roobaan mana barnootaarraa abdii kutachuu didee akka qocaatti osoo tiratuu kutaa 7^{ffaa} gahee Milkiidhaanis walbare.Yoo akka gaariitti ilaalan hantuuta fakkaatti” Muhammad (2021:f42)

Dabalataanis “Roobaan mana barnootaarraa abdii kutachuu didee akka qocaatti osoo tiratuu kutaa 7^{ffaa} gahee Milkiidhaais walbare. Waraabbii kana keessatti Roobaan kutaa 5^{ffaa} keessatti deddeebi’aa waan tureef barreessichi qocaan walbira qabee kan ibse ta’uu ni hubatama. Addunyaa kanarratti,namoonni abdii kutachuu dhiisanii hojjechuudhaan lafa kaayyoo isaanii gahuu akka danda’an ergaa dabarsa. Akkasumas, fuuluma kanarrraa “yoo akka gaariitti ilaalan hantuuta fakkaatti” jedha. Waraabbii kana keessatti Sumuniin barattuu kutaa 6^{ffaa} turte. Heeruma dhabaaf ilmoo dhabde malee isiiinis akkuma Roobaa umrii baay’ifattee jirti. Dirqama maatii itti taanan mana barumsaatti deddeebiti malee barumsa hin jaalattu. Sumuniin fuullishii garmalee xiqaadha. As keessatti namoonni haala nmaa ilaalanii wantoota garagaraatti nama fakkeessan ilaalcha dogongoraa akka qabantu hubatama. Kanaafuu itti fayyadama malleen dubbii keessaa wanti haala kanaan dhiyaatu mala dubbii akkasaa ta’uu hubachuun ni danda’ama.

“Milkiin qaamni isaa dhiigaan osoo hintaane akka waan jaalala ispoortiin dalaguutti nama waa’ee ispoortiin itti haasa’u wajjin turuun haraada itti ta’ee jira” Muhammad (2021:f43)

Milkiin qaamnisaa akka waan dhiigaan hojjetuutti osoo hin taane akka waan jaalala ispoortiitiin dalaguutti nama waa’ee ispoortii itti haasawu wajjin turuun araada itti taatee jirti”. Askeessatti Milkiin ispoortii jaalachuu fi qaamni isaa dhiigaan dalaguun walbira qabee dhiyessee jira.Namoonni tokko tokko akka waan jirenya isaanii guddisuutti yeroo isaanii waan hin taanerratti fixu.Araada garagaraa of qabsiisuun jirenya isaanii quucarsu.Kunis, namoonni tokko tokko yerootti fayyadmuu dhabuufi kaayyoo isaanii dagatan akka jiran ergaa dabarsa.

“Yeroo walakkaa gahu akka nama makiinaa argee hin beeknee ta’e; Waan jannata namni seenuuf waaqeffatu ijaan argae itti fakkaate” Muhammad (2021:f46)

Gamabiraatiin “...akka nama makiinaa argee hin beeknee ta’e; waan jannata namni seenuuf waaqeffatu ijaan arge itti fakkaate” jedha. Waraabbii kana keessatti Milkiin osoo deemuu galaana guddaa tokkotti dhufe. Galaanni kun bisaaniin osoo hin ta’in kan makiiinaati. Addabaabayiin irreechaa ta’uu isaati, kamirraa goree garamitti akka goru wallaale. Ergaan gama

kanaan jiru namoonni tokko tokko gaafa jalqaba magaalaa dhaqan asiifi achi ilaalanii fajaju.Ni nahu; daandii harkaa baduu danda'a. Wanti hundi haaraa akka itti ta'utu hubatama.Osuma gaafachaa deemuu barreeffamni ‘buufata televiziyoona’ jedhu halaalaa itti mul’ate. Ni seeqe. Gaazexeessitootni achi keessaa isaaf maleeykota. Jannata caalaa maleeykota arguuf waan jarjareef gara gamoo isa duraan mul’atuutti fiige. Kunis, namoonni waan takkaa hin argine arguuf ariifatan akka jiran hubanna. Barreessichi haala kana ibsuuf mala dubbii akkasaa gargaaramee Milkii fi nama makiinaa argee hin beekne akkasumas waan Milkiin argee fi jannata walbira qabuun dhiyessee jira.

‘Waan namni kophee baafate osoo hin tahin waan boollfinoolii banamte fakkaata’
Mahammad (2021:f48)

Waraabbii kana keessatti Guysaan toora sa'aa 9 mana barnootaarraa dhufee mana seenee kopheesaa baafate. Ajaan kaalsiiakkuma oksijiinii mana guutuu walgeesse. Namoonni tokko tokko uumamaan miilli isaanii kan ajaa'u ni jira.Akkasumas,kan dhukkubsatanii miilli isaanii ajaahuakkuma jiru,kan dhiqachuu dhiisuudhaan miilli isaanii ajaahu akka jiru ergaa dabarsa.Manni fincaanii immoo wantootni adda addaa achitti waan gatamaniifi qulqulleessuu dhabuurraan kan ka'e ajaa'a Barreessaan asoosama kanaas kaalsii Guyyaasaa fi boolla finoolii waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaan dhiheessee jira.

‘Bareento Milkii waggaa tokko qofaan caalus,dubbiin inni dubbatu garuu maanguddoo hancufa liqimsite isa fakkeessite;gurrisaa haalaan bal'aa waan ta'eef maxeebaa xiqqoo fakkaata;fuullisaa kan akka biyyee lafaa,nama nyaatee hin bulle isa fakkeessee jira’
Mahammad (2021:ff53-55)

Dabalataanis “...Maanguddoo hancufa liqimsite isa fakkeessiti. Waraabbii kana keessatti dubbii Bareentoo fi maanguddoo hancufa liqimse walbira qabuun dhiyaatee jira As keessatti,namni raage waa hunda beeka. Dubbii dhiisuu beeka;nama araarsuu beeka. Yeroo tokko tokkoos namoonni umriin xiqqoo ta'anii yaada bilchaataa qaban akka jiran ergaa dabarsa. Kanamalees,‘gurrisaa haalan bal'aa waan ta'eef “maxeebaa xiqqoo fakkaata” jedha. Kunis,gurri nama tokko tokkoo guddaa ta'uu hubachiisa. Akkasumas , ‘fuullisaa kan akka biyyee lafaa, nama nyaatee hin bulle isa fakkeessee jira” jedha. Namoonni tokko tokko gogaan isaanii ni daalachaa'a.Kaan dhiqachuu dhabuurraan kan ka'e; kaanimmoo nyaata madaalamaa

nyaachuu dhiisurraan kan ka'e;yookaan immoo yoo namatti tole fuula dhiqatu akkuma jedhamu,rakkoo qabaachuu danda'a. Himoota kana keessatti gurra Caalaa fi Maxeebaa xiqqoo, fuula isaa fi biyyee lafaa ykn nama nyaatee hinbulle walbira qabuunmala dubbii akkasaatti dhimma bahuun dhiyeesseera.

“...miilaan akka makiinaatti dhukkee kaasaa Qafiira keessaan qaxxaamura.Akka fiigicha qaxxaamura biyyalessaatti Qafiira keessaan ykn kooneeliin bahee ‘highschool’ dhaqa”’Mahammad (2021:f59)

Waraabbii kana keessatti‘...miilaan akka makiinaatti dhukkee kaasaa...; akka fiigicha qaxxaamura biyyalessaatti ...’ jedha. Gaaleewan kana keessatti Milkiin yeroo kutaa 9ffaa seenu daandiin laga harree hanga ‘highschool’ qormaata cimaa itti ta'e. daandii dheeraa kana tarkaanfii isaa lakkaawatuma deema. Kan qabu taaksiidhaan shiw jedhee darba. Gareen akka Milkii ammo miilumaan deemu. Milkiin waliigalteen adaadaa isaa diigamtus karaan haaraya itti hin taane. Milkii fi Qafirri akka waan waldhabuu hin feeneetti walirraa fagaatanii osoo hin hafin walitti deebi'an. Addunyaa kanarras,namoonni kaayyoo isaanii galmaan gahachuuf nuffii malee daandii dheeraa deemanii baratan akka jiran hubatama. Kaanimmoo kaayyoo isaaniif galgalaa ganama fiigaa akka jirantu hubatama. Barreessaan kunis deemsa isaanii fi deemsa makiinaa fiigicha qaxxaamura biyyolessaan waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun dhiyeesseera.

‘...simannaa isaanii cidha fakkeessan ;Urjii hiyyummaan akka finniisaatti fuularraan baatee jirti’’Mahammad (2021:ff64-65)

Waraabbii kun“...simannaa isaanii cidha fakkeessan”jedhe. Waraabbii kana keessatti namoonni tokkummaa Oromoo jaalatan Guutamaan dhihaa ka'ee bahaan fuudhuu isaatiif dinqisiifanna itti roobsanii gammachuu isaa dachaa godhan. Oromoon tokkummaa qaba. keessummaa simachuun kan beekamudha. Kana qofa osoo hintaane aadaa walgargaarsaa kan beeku akka ta'e ergaa dabarsa.Barreessichi simannaa isaanii fi cidha walbira qabuun dhiyeesseera. Bifuma walfakkaatuun “Urjii hiyyummaan akka finniisaatti fuularraan baatee jirti” jedha. As keessatti ,namoota tokko tokkorraa hiyyummaan kan beeksisu ta'uutu hubatama.Barreessaan kunis, hiyyummaa fi finniisa walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramuu ibseera.

‘Milkiin nyaatee quiifuufi dhugee dheebuu bahuu baatus jirenya qanani waan jiraatu fakkaata’’ Muhammad (2021:f75)

Waraabbii kana keessatti Milkiin qaama gowwaa waan qabuuf namnillee hinrifatuuf. Yeroo hedduu namni bakkee namaa ilaalee jirenya namaa waan murteessuuf harka qalleeyyiif namni hin hubatu. Uumamaan namni walcaala.tokko yoo dheeratu, tokko ni gabaabbata;tokko yoo furdatu tokko ni qal’ata. Gama kanaan harka qalleeyyiif kan dhimmine akka jiru ergaa dabarsa. Barreessaan kuni qaama Milkii fi jirenya qanani walbira qabuun dhiyeesseera.

‘Urjiin carraa isiitti gaddaaakka maraatuutti kophaa haasawaa gara Finqilleetti qajeelte’’ Muhammad (2021:f84)

Waraabbii kana keessatti gaaleen “akka maraatuutti kophaa haasawaa gara Finqilleetti qajeelte” jedha. Gaalee kana keessatti Urjiin carraa ishiitti gadduun gungumaa deemti. Urjiin guyyaa gabaan jirtu eeggattee ilma ishii Leencoo waliin ganama manaa baate. Isiin dura deemti, re’ettiin gidduu, Leencoon duubaan uleedhaan dhahaatii deema. Yeroosaan gabaa Haramaayaa gahan osoo Urjiin re’ettii isiitti gatii hin argatin aduun walakkaa samii turte gadi garagalte. Urjiin aduu dhihaaf deemtu waliin dorgommii eegalte. Akkuma dura Urjiin fuuldura, re’ettiin jidduu, Leencoon duuba deema. Yeroo isaan magaalaa Baatee gahan aduun humna isii xummurtee dukkanatti baallii isii dabarsite. Urjiin yaadni isii gargar faca’e. yeroon halkani, kan harkaa qaban re’eedha. Kan duuba deemu ilma isiiti. Leencoo duubatti dhiistee dura deemuu garaan isii ni dadhabe. Duubatti deebi’uuf immoo re’ettiin yoo isii dura buute malee hindeemtu. Carraan jiru hamma dandeesse daddaftee deemuu waan ta’eef yaadaan duubatti haftee qaamaan fuulduratti suksukte. Osoo duula yaadni itti labse kana waraanuu dadhabdee adeemaa jirtuu, yeroo Finqilleetti achi dhiyaattu waan ijji agarte amanuu dadhabde. Waraabessa isiin agarte re’ettiin agartee akka hin guganneef garagaltee gaafa qabde. As keessatti,haati gahee guddaa akka qabdu hubanna. Iddoo tokko tokkotti, jirenya mana keessaattis waa’ee dhalaas kan dhiphatu haadha qofa akka ta’e ergaa dabarsa. Barreessaan asoosama kanaas haala Urjiin keessa turte maraatuun walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramee dhiyeesseera.

‘Akka nama ibidda itti qabsiisianniitti keessi isaa gubate. Akka nama dhukkubsateetti wanni hin beeyne tokko keessa isaatti dhagahame’’ Muhammad (2021:f88)

Waraabbii kana keessatti “akka nama ibidda itti qabsiisaniitti keessi isaa gubate. Akka nama dhukkubsateetti wanni hin beeyne keessa isaatti dhagahame” jedha. As keessatti hojii Bareentoo fi tan Asaantitu walduraa duubaan itti dhufe. Nama hojii diinummaa isarratti dalagu kana fira jedhee yaaduu isaa mufate. Akkuma amma isiin osoo isa hin gaafatin ifaa dhaamsitetti yeroo kanaan dura bakka inni waa barreessuuf taa’utti Bareento ifaa itti dhaamse yaadate. As keessatti, namoonni gaarii waliif hin yaadne akka jiran hubanna. Gama biraatiin barreessichi gubata keessa Milkii ibiddaa fi dhukkubaan walbira qabee dhiyeesseera.

‘‘Bineensa yeroo yeroodhaan bifa jijiirratu itti fakkaate’’*Mahammad* (2021:f93)

Waraabbii kana keessatti “bineensa yeroo yeroodhaan bifa jijiirratu itti fakkaate” jedha. As keessatti Saaraa adaadaa Milkii bineensa bifa jijiirratu ykn gaararraan walbira qabee dhiyeesseera. Gararraan waanuma isa bira jiru fakkaata. Namoonni akka bineensa kanaa amala jijiirratan addunyaa kanarra akka jiran ergaa dabarsa.

‘‘Huccuun inni kaayyat u Viillaa inni keessa jiraatuun walfakkaattee hin beeytu’’
Mahammad (2021:f94)

Waraabbii kana keessatti,huccuu Milkii fi Viillaa inni keessa jiraatu waldorgomsiisee jira.Namoonni tokko tokko amma manaa gahan alaa hingahan. Namoonni tokko tokko nama mana isaanii taa’u akka ijoollee isaaniitti hin kunuunsan.Walcaalchisuu fedhu. Kun immoo addunya kanarratti hedduminaan kan mul’atu ta’uu ergaa dabarsa.

‘‘Bunammoo akka bishaaniitti dhugus araada akka itti hinta’in namni hundi ni beeka’’*Mahammad* (2021:f97)

Waraabbii kana keessatti Milkiin jaalala bunaa qaba. Namoonni tokko tokko kan araada bunaa qabaatanii baay’ee dhugan nijiru. Kaanimmoo araada osoo hin qabaatin garaaf kan dhugan akka jiran ergaa dabarsa. Barreessaan asoosama kanaas, bunaa fi bishaan walbira qabee ibseera.

‘‘Faanni isaa tan akka namaa isaaf akka hundee mukaatti tilmaamamte’’
(*Mahammad*,2021:f98)

Waraabbii kana keessatti Ibsaan qaamni isaa gubbaarraa gara jalaatti qallachaa deeme. Mukni baala ofirraa waan qabuuf gara mataatti baay’atee gara hundeessaatti qal’ata. Dhiironni tokko

tokkos gateetti bal'atanii gara gadiitti qal'atu. Irra caalaatti dhiirota ispoortii hojjetan irratti kan mul'atudha. Barreessichis faana miila isaa fi hundee mukaa walbira qabuun ergaasaa dabarfateera.

“...akka bofaatti deema...;akka sabbataatti mammarama...” Muhammad (2021:f99)

Dabalataanis “...akka bofaatti deema; ..akka sabbataatti mammarama gaalee kana keessatti Sabbatoon dheeraa waan ta'eef bofaa fi sabbata walbira qabuun mala dubbii akkasaatti dhimma bahuu dhiyeesseera. Namoonni tokko dheerina isaaniitiin yeroo deeman lafarra waan dheeratan fakkaatu; namni dheeraan qal'inas waan qabuuf waan ofirratti dadacha'u se'ama. Kanaaf barreessaan kunis, bofaa fi sabbataan walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramuu ibseera.

“...akka hattuu poolisa jala miliqaa deemuutti karaan fooqiirraa goraa deema” Muhammad (2021:f103)

Waraabbiin “akka hattuu poolisa jalaa miliqaa deemuutti karaan fooqiirraa goraa deema” jedha. As keessatti Finfinneen guddooakkuma taate daandiin isiis ni heddummata. Karuma tokko diriiraa kan walitti dhaabatee magaalaa bakka takkaa ka'ee gamatti fulla'u nin dhabe. Magaalaa guddaa keessatti namni waan hedduummatuuf namni suuqa suuqa keessa deema. Barreessaan asoosama kanaas daandiin keessoo magaalaa Finfinnee fi hattuu poolisa duraa miliqun walbira qabuun mala dubbii akkasaatti fayyadamee dhiyeesseera.

“Ilkaan isaa diimatee timaatima tortore fakkaatee jira;ati bar fuulli kee dinnicha kombolchaa fakkaataa” Muhammad (2021:ff109-110)

As keessatti Shahruun ijoollee ammistanyaati. Umriisaa 7tti sigaaraa xuuxuu eegale. Yeroo ala buluu eegalerra kaasee wanni inni hinbarin hinjiru. Sigaaraa fi jimaarratti mormiin isarratti ka'u jiraachuu baatus amalooni isaa garuu hedduudha. Namoonni sigaaraa xuuxaniifi jimaa qamahan ilkaan isaanii ni tortora. Ni gurraacha'a;ni tortora. Barreessaan kunis, mala dubbii akkasaatti gargaaramuu ilkaan isaa fi timaatima tortore walbira qabee dhiyeesseera. Kana malees ati bar fuullikee dinnicha kombolchaa fakkaataa” jedheen. Waraabbi kana keessatti fuula Qashtii fi dinnicha kombolchaa walbira qabee dhiyeesseera. Dinnichi lafa gaariirratti biqile ija gaarii

kenna. Namoonni jirenya gaarii jiraatanis yeroo hunda ijoolee fakkaatu. Fuulli namaas ni gurguddata. Barreessaan kunis, fuula Qashtiifi dinnicha walbira qabuun dhiyeesseera.

“Ilkaan isaa kan ala jiru uumama biraa isa fakkeesse jira” Muhammad (2021:f115)

Waraabbii kana keessatti Ilkeen maqaan isaa Jamaaloodha. Ilkaan isaa afaan keessaa bahee waan mullatuuf ilkee jedhamee yaamama. Namoonni tokko tokko ilkaan isaanii hidhii dhiibbat ee gadi baha. Kunis, sanyiitti bahuudhaafi dhidhiibbaa dhabuudhaani. Tokko tokko immoo yeroo hunda kofluudhaan ilkaan isaanii alatti dagatu. Yeroo kana miidhagina isaaniirraa waan hir’atuuf uumama uumama biraa fakkaatu. Barreessichis Jamaaloo fi uumama biraa walbira qabee dhiyeesseera.

“...mataan isaa rifeensaan guutamee waan jiruuf bosona xiqqoo takka fakkaatee ture”

Muhammad (2021:f122)

Waraabbii kana keessatti mataa Milkiitiif bosona walbira qabee dhiyeesseera. Fuuluma kanarratti gaaleen “...maraataa hospitaala seene fakkaatee ture” jedha. Namoonni tokko tokko mataa isaanii gurguddisanii filatanii deemu. Turanii yeroo ofirraa muran ni wallaachifatu. Nama biraa fakkaatu. As keessatti Milkiin rifeensa isaa gurguddisuufi bosona, ciree gabaabsuu isaafi maraataa hospitaala seene waliin waldorgomsiisee mala akkasaatti fayyadamee dhiyeessee jira.

“...harki timaatima bilchaate fakkaate” Muhammad (2021:f139)

Waraabbiin kun “...harki timaatima bilchaate fakkaate” jedha. As keessatti Roobaan aariin isaa akka irratti hin beekamneef hanga Milkiin waraqaa ragaa fudhatee gad deebi’utti harka isaa waliin tume. Namoonni tokko tokkos waan namaa gammadan fakkaatu malee keessi isaanii inaaffaadhaan guutuu akka ta’aniifi irra keessaan jaalala calaqqisiisa keessaan immoo jibba akka agarsiisan ergaa dabarsa. Barreessaan kunis harka Roobaa fi timaatima bilchaate walbira qabee mala dubbii akkasaatiin dhiheessee.

“Faayoon bareedduun warra Gooroo Muuxii tan jimaa akka biddeenaatti nyaattu osoo Milkiin isii jaalatuu jaalala isaa dhiistee Keeniyaatti godaante. Wallee bantee shiishaa akka meeshaa muuziqatti cinaa iyyisiisti” Muhammad (2021:ff145-146)

Waraabbii kana keessatti “.jimaa akka biddeenaatti nyaattu” jedha. As keessatti Faayoo bareedduun warra Gooroo Muuxii keessaa jimaa nyaachudhaan beekamti. Barreessaan kunis jimaa fi biddeena walbira qabee dhiyeesseera.Namoonni tokko tokkos kan jimaa qofaan waan jiraatan fakkaatan jiru. Gama biraatiin “.shiishaa akka meeshaa muuziqaatti cinaa iyyisiisti “ jedha. As Keessattimmoo kan jimaafi tamboo walfaana fayyadaman akka jiran hubatama.”ilkaan isii kan akka duumessa roobaatti dukkanaweeetu hidhii jalaa bahee mul’ata” jedha. As keessatti Faayoon bakka isiin barcaa teessu walleen Sudaan hin dhabamtu. Haalaan bareeddi. Jimaa fi shiishaadhaan firummaa jabduu qabdi.Roobni yeroo dhufu ni dukkanaa’a. Kunis,jimaafi shiishaan ilkaaniif gaarii akka hintaanetu hubatama.Barreessichi muuziqa Sudaanii fi shiishaa; ilkaan faayoo fi duumessa roobaa waldorgomsiisee mala dubbii akkasaatti dhimma bahee ibseera.

‘Milkiin bilbila eega cufee booda akka nama dhukkubni akka uffataatti irraa fuudhameetti gammachuudhaan ol utaale;..meeshaan barcaaf qophooyte waan maraataan keessa oole fakkaatti. Akka waan namni lafarraa dhabameetti magaalaan itti onte’’Mahammad (2021:ff154-155)

Waraabbii kana keessatti Milkiin sagalee Faayoo dhagahee dhukkuba isaatirraa fayye. Yeruma sana gadi bahee Qabri-ijoollee dhaquu hawwe. Garuu hin dandeenye. Namoonni tokko tokko dhukkuba osoo hin taane jaalala namaafi dhiphina jirenyaa dhukkubsatu. Tokko tokko yeroo nama argu rakkosaa irraanfata Kaanimmoo lafa yaadu yoo gahe irraanfachuu danda’a.. Barreessichis dhukkubni namarraa galuu fi uffata ofirraa baasuu walbira qabee mala dubbii akkasaatti dhimma bahuun dhiyeessee jira. Itti dabalees,...meeshaan barcaaf qophooyte, waan maraataan keessa oole fakkaatti” jedha. As keessatti meeshaa barcaa fi lafa maraataan ooleen walbira qabee dhiyeesseera. Fuuluma kanarrraa “..akka waan namni lafarraa dhameetti magaalaan itti onte” jedha. Waraabbii kana keessatti Milkiin jirenyi kophummaa isa jibbisiise. Yeroo tokko tokko kophummaan namni lafarraa hinjiru nama jechisiisa;nama jaalatan yoo ofbiraa dhabanis waan namni lafarraa jiru namatti hin fakkaatu. Kana keessatti jirenyi kophummaa fi namni lafarraa dhabamuu waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaan dhiyaachuu isaatu mul’ata.

‘Akka waraana duulaaf baheetti tarkaanfii dheeressaa deemsaa eegalan.Namni akka waan kittaanameetti babargaanfachaa yoo deeman malee dhagaan gaara ciisaa nama hin deemsisu.’’Mahammad (2021:f159)

Waraabbii kana keessatti "...akka waraana duulaaf baheetti tarkaanfii dheeressaa deemsaa eegalan , namni akka waan kittaanameetti babargaafachaa yoo deeman malee dhagaan gaara ciisaa nama hin deemsisu" jedha. Himoota kana keessatti firri Faayoo kun kawwaaraa hojjechaa oolee hojiisaa xumuree gara manaa waan deemuuf Milkii dura bu'ee qajeele. Ganda Daadaa xiqqaa keessan qaxxaamuranii Daadaa guddaatti bahan. Milkiin deemsii kuni itti ulfaatus gaara isa dura jiru bu'uudhaaf yeroo muraasni akka isa hin geenyee hubatee jira. Dirqama isaa bahuudhaaf mucaa duuba bu'ee deemsaa isaa itti fufe. Gaarri ciisaa akka maqaa isaa kan ciiise fakkaatus miilaan yeroo irra deeman garuu deemsAAF haalaan rakkisaadha. As keessatti,jireenyi addunyaa kanaa bu'aa bahii hedduu qabaatus keessa obsaan keessa akka darbamuu ergaa dabarsa. Barreessaan asoosama kanaas tarkaanfii deemsaa isaanii fi waraana duulaaf bahe nama kittaanamee fi bargaafachuu walbira qabuun ibseera.

" Baay'inni isaa ammoo mana nama tokkoo osoo hin tahin araddaa takka fakkaata ; fuullisaa hogguma takkatti adurree dallante fakkaate" "Mahammad (2021:ff161-162)

Waraabbiin kana keessatti, mana obboo Musxafaa fi araddaa waliin dorgomsiisuun mala dubbii akkasaatiin dhiyeesseera.Namoonni aangoosaaniitiin lafa baay'ee fudhatan ni jiru.Osoo hiyyeessi ala buluu mana meeqa irratti ijaaranii qabanii kan taa'an hedduudha.Kunis,ofjaallatoon tokko tokko addunyaa kanarra akka jiran ergaa dabarsa. Bifuma walfakkaatuun "fuullisaa hogguma takkatti adurree dallante fakkaate" jedha. As keessatti Faayoon kanaan dura waa'ee Jalaal Abduljaliil itti himtee turte. Mucaan Jalaal Abduljaliil jedhamu akka isii jaalatuu fi isiin waan hin jaalanneef yeroo hedduu isii rakkisaa ture Milkiitti odeessitee jirti. Milkiin mucaan kun Jalaal Abduljaliil tahuu beeynaan aaratu sammuudhaan bahe. Dhiironni tokko tokko yeroo namni kan isaan jaalatan namni biraajalatu hin fedhan. Baay'ee aaru. Barreessaan kunis Milkii fi adurree dallante waliin dorgomsiisuun mala dubbii akkasaan dhiyeesseera.

"Akka haati daa'ima isiitiin loltuutti lolteenii ol seensiste;Jechoonni afaan isiitii bahan akka ableetti isa muran" "Mahammad (2021:ff166-167)

Waraabbii kana keessatti Caaltuu fi haadha daa'ima isiin loltu walbira qabee dhiyeesseera. Haati eenyuttiyyuu hin fakkeeffamtu.Gaariifi hamaa addaan baaastee nama gorsaa nama guddisti. As keessatti Caaltuun Milkiidhaaf haadha taatee waan hundumaa gorsiti. Akkaataa jireenya isaa itti fooyeffatu hedduu gorsiti. Namoonni tokko tokko kan bakka haadhaa namaaf oolan addunyaa

kanarra akka jiran ergaasaa dabarfateera.Kana malees 'jechoonni afaan isiitii bahan akka ableetti isa muran" jedha. Jechi arrabaa nama keessaa hin badu.Kan ulee garuu madaan isaa dafamee fayyama.Jechaan nama dhahurra uleen nama dhahuu wayya.Addunyaa kana keessa namoonni tokko tokko sammuu namaa kan eegneefi arrabni isaanii salphoo kan ta'e akka jiran ergaa dabarsa.Waraabbii kana keessatti jechoota Faayoon dubbattee fi ablee nama muruun waldorgomsiisuun dhiyeesseera.

'Dargaggeessi baay'een baatee yeroo seentu akka bineensaa hiriira galee itti dhufa'
Mahammad (2021:f169)

Waraabbii kana keessatti Munaan obboleettii Shahruuti. Shaamarran mana Saaraa turan keessaa kan akka isii bareeddu hin jirtu. Dargaggeessi baayyeen yeroo isiin baatee galtu ni hawwu. Dargaggooni tokko tokko dubara bareeddu arginaan karaa darbaa dhorkatu. Ni cinqu;ni doorsisu. Barreessaan kunis ,dargagootaa fi bineensa waldorgomsiisee ergaasaa dabarfatee jira.

'Harka isii kan gama isaa ergame qabee akka riqichatti irra deeme.Harki isaa guntuta isii kan akka xuuxxootti dhaabbatu bira gahe...kan gunteella malee akka waraanaatti ol gara galee dhaabbatu,ijji isaanii akka maagneetaatti walharkiste'
Mahammad (2021:f178)

Waraabbiin kun"...akka riqichaatti irra deeme; akka xuuxxootti ...; akka waraanaatti ol garagalee dhaabatu..." jedha. Waraabbii kana keessatti harka isii fi riqicha, harma isii fi xuuxxoo, harma isii fi waraana walbira qabuun mala dubpii akkasaatti kan gargaarame ta'uu ni hubatama. Kana malees "ija keessa yeroo isii laaltu ijji isaanii akka maagneetiitti walharkiste" jedha. As keessatti ijaa fi maagneetii walbira qabee dhiyeessee jira.Maagneetiin wantoota siibiila ta'an ofitti harkisa.Jaalallis akkasuma nama walitti harkisuu akka danda'u ergaa dabarsa.

'Barumsa ispoortii osoo hin taane barumsa dhalaa waan baratu fakkaata'
Mahammad (2021:f192)

Waraabbiin kun"... barumsa ispoortii osoo hin taane barumsa dhalaa waan baratu fakkaata" jedha. Waraabbii kana keessatti Baalchaan waan hunda caalaa waa'ee dhalaa haasawuu jaalata.Namoonni tokko tokko waan ittiin leenji'an dhiisanii waan itti hin leenji'in irratti dandeettii haasaa qabu. Kunimmoo ogummaa ofiirratti ogummaa dabalataa qabaachuun

barbaachisaa akka ta'e ergaa dabarsa, Barreessichis, barumsa ispoortii fi barumsa dhalaa walbira qabee dhiyeesseera.

“Milkiin fi inni walcinaa yeroo dhaabbatan lukkuufi cuucii isii fakkaatu” *Mahammad (2021:f199)*

Waraabbii kana keessatti “....walcinaa yeroo dhaabbatan lukkuu fi cuucii isii fakkaatu” jedha. As keessatti Halakeen gurraacha dheeraadha, Milkiin ammo gabaabaa furdaadha. Namoonni gabaaboon namoota dhedheeroo bira yeroo dhaabbatan garmalee waan gabaabbatan fakkaatu. Barreessaan kunis lukkuu fi cuucii isiin walbira qabuun mala dubbii akkasaatti fayyadameera.

“Milkiin dhaabbinaan Bilisummaafi Gannat waan hin caalleef isaan jidduu bu’ee hammatee yeroo deemu shamarran sadii waan wajjin deeman fakkaatu” *Mahammad (2021:f202)*

Waraabbiin kun “...hammatee yeroo deemu shamarran sadii waan wajjin deeman fakkaatu” jedha. As keessatti Milkiin dhaabbinaan Bilisummaa fi Gannat hin caalu. Kanaafuu barreessaan kun shamarraniin walbira qabuun dhiyeesseera. Kana malees fuuluma kanarraa “jidduma tanatti rarra’ee hafuun isaa nama isa hin beeynetti daa’ima isa fakkeesse” jedha. Waraabbii kana keessatti Milkiin gabaabbatee ‘Guinness world record’s’ irratti galmaawuu baatus dheeratees namaan hinqixxaanne. Namoonni tokko tokko gabaabina isaaniitiin daa’ima kan fakkaatan hedduudha. Garuu, umriin deemeera. Fuularraa haa beeksisu malee hojjadhaan ijoollee fakkaatu. Kanaafuu gabaabina Milkii daa’imaan walbira qabuun mala dubbii akkasaatti gargaaramee ibseera.

“Barattootni hedduun namitti makiinaan dhuftee maallaqa kaffaltu waan arganiif Milkii akka ilmoo sooreessaatti laalu” *Mahammad (2021:f213)*

Waraabbii kana keessatti “..namittiin makiinaan dhuftee maallaqa kaffaltu waan arganiif Milkii akka ilmoo sooreessaatti laalu.” jedha. As keessatti namichaa maallaqa kaffaluufi Milkii waldorgomsiisuun, akkasumas Milkii fi dureessa walbira qabuun dhiyeessee jira. Namoonni tokko tokko fira sooreessa biratti yoo nama argan akka waan qabeenyaan walqixxaataniiitti kan ilaalan addunyaa kanarra akka jiran ergaa dabarsa.

*‘Ilkaan isaa tokko gubaarratti caphee kan jalatti hafe gufuu gubatte fakkaata’’
Mahammad (2021:f231)*

Waraabbiin kun ‘...gufuu gubatte fakkaata’ jedha. As keessatti Caaltun Finqilleetti akkuma buuteen gara dukkaana tokkoo gorte. Mucaan tokko miila gara alaatti gad rarraasee fooddarra taa’aa. Ilkaan isaa tokko gubaarratti caphee jira. Ilkaan namaa cabuun miidhagina uumamaa keessaa tokko hir’achuu agarsiisa. Kunis,wantootni jiruufi jirenya namaa kreessatti nama mudatan hedduun akka jiran ergaa dabrsa. Barreessaan kunis ilkaan cabee fi gufuu gubate walbira qabuun mala dubbii akkasaan dhiyeesseera.

‘Mooraan maatii Bilisummaa bal’inni isii dirree ijoollen keessatti taphattu fakkaatti’’ Walakkaa isaamoo makiinaa voolsii qocaa fakkaattutujira’’ Mahammad (2021:f233).

As keessatti, “..mooraan maatii Bilisummaa bal’inni isii dirree ijoollen keessatti taphattu fakkaatti. Gara bitaa fi mirgaa mukkeen garaagaraatu jira. Walakkaa ammo makiinaa voolsii qocaa fakkaattutu jira.” Namoonni tokko tokko yeroo aangoo qabatan qabeenya gara caalu kan isaanii godhatu. Waa’ee harka qalleeyyi hin yaadatan. Tokko tokko immoo lafa hedduu fudhatanii tooftaadhaan mana irratti ijhaarani maqaa ijoollee isaaniitiin waamsisu. Kanaan duroomanii abbaa makiinaa jedhamu. Namoonni akkasii addunyaa kanarra akka jiran hubachiisa. Barreessaan asoosama kanaas mooraa maatii Bilisummaa fi dirree,makiinaa voolsiifi qocaa waldorgomsiisuun mala dubbii akkasaan fayyadameera.

*‘Fuullisaa jijiiramee waan daaraa dibate fakkaata. Qubeen hundi Milkii itti fakkaatti’’
Mahammad (2021:ff264-265).*

Waraabbi kana keessatti, “..fuullisaa jijiiramee waan daaraa dibate fakkaata”. As keessatti fuulaa fi daaraa waldorgomsiisuun dhiyeessee jira. Itti dabalees fuula 265 irratti “...qubeen hundi Milkii itti fakkaatti” jedha. Waraabbi kana keessatti Bilisummaan fuula dhiqattee deebitee of tasgabbeessitee dabtara isii bante. Homa itti hin mul’atu. Waa’ee Milkii yaadaa waan turteef. Namoonni yaaddoon itti hammaatuufi yeroo hunda boo’an fuulli isaanii kan uumamaa irraa ni jijiirama. Bifa geeddaratu.Ijisanii sadarkaa waa addaan baasuu dadhabuurra kan gahu nijira. Barreessaan kunis daaraafi fuulasaa, Milkii fi qabee walbira qabee dhiyeesseera.

“Ilillii waan onneen isii bakka lamatti addaan dhoote itti fakkaate” Muhammad (2021:f273)

Waraabbiin kun ”waan onneen isii bakka lamatti addaan dhoote itti fakkaate” jedha. Waraabbii kana keessatti Milkiin Ililliidhaan ‘waan ati naaf taate himee fixuu hin dandayu. Rabbummaan galatakee siif haa deebisu, amma mana kireeffadheetiin bahuu fedhe jedhe. As keessatti namoonni garaa nama dhofkachuudhaan mala malatan addunyaa kanarra akka jiran ergaa dabarfateera. Osoo homaa hin dubbatin turtee hafuura dheeraa eega baafattee booda. ‘edaa tunis ni jirti’’ jette. Barreessichis mala dubbii akkasaatti fayyadamuun naasuu Ilillii fi onnee walbira qabuun dhiyessee jira.

“Hanga guyyaan Bilisummaan Gudar deemu gahutti,isiifi Milkiin akka daangaa biyyaatti gargar eegaman” Muhammad (2021:f283)

Waraabbiin kun”...isii fi Milkiin akka daangaa biyyaatti gargar eegaman” jedha. As keessatti Milkii fi Bilisummaan waljaalatanii jiru. Galgaleen immoo hiyyummaa fi gabaabina isaatiin waan tuffatteef Bilisummaa itti heerumiisuu hin feetu. Sababa kanaan Bilisummaan manaa akka hinbane dhorkan. Akka ilaalcha namoota tokko tokkootti godina qaxxaamuranii heerumuun dhorkaadha;nama gabaabaatti heerumuunis nama saalfachiisa;hiyyeessatti heerumuunis dhabaa nama taasisa. Kunimmoo ilaalcha dogongoraa akka ta’e ergaa dabarsa. Barreessaan asoosama kanaas gargar dhorkamuu Milkii fi Bilisummaa daangaa biyyaatiin walbira qabee mala dubbii akkasaa fayyadamuun dhiyessee jira.

“Seera kabachiisuuf osoo hin taane makiinaa yaabbaatu eeggachuuf waan dhaabbaatu fakkaata” Muhammad (2021:f304).

Waraabbi kana keessatti makiinaan akka nama fe’attuuf heeyyamni kennameefi bakka nama itti feetutti meeshaa fi nama walirratti tuulti. Poolisooni tiraafikaa kan daandirra dhaabatan; waajjirri poolisii nama ijaan hin agarre ramadee? nama jechisiisa. Kunis, poolisooni daandii eegan shufeerota waliin walii galuudhaan namni akka meeshaatti fe’amaa akka jiru ergaa dabrsa. Barreessichis nama makiinaa eeggatuu fi poolisoota daandirra dhaabatan waldorgomsiisuun ibsee jira.

“Firiinis akka meeshaa daldalaa makiinaa hundarratti fe’amaa oola”’’*Mahammad* (2021:f332)

Waraabbii kana keessatti Galgaleen Bilisummaa fi Milkii addaan baasuuf ammallee hindhiisne. Jirenya isaanii jeequu hojii godhatte. Bilisummaa fuutee Ambotti deddeebi’uu eegalte. Obboleessa isaanii kan Amboo jiru bira yeroo hedduu deemuu itti fufan. Firiis fuuteedhuma deddeemti. Namoonni tokko tokko sababa hiyyummaa abbaa manaafi haadha manaa addaan baasanii daa’imman abbaafi haadha malee hambisu. Waliin hojjetanii sooromuun waan danda’amu itti hinfakkaatu. Kunimmoo ilaacha dogongoraa akka ta’e ergaa dabarsa. Barreessichi haala kana ibsuuf Firii fi meeshaa daldalaa walbira qabuun mala dubbii akkasaatti dhimma baheera.

“Haalli isii, akka laga ganna guutee bona goggoguuttiyaadni ishii bakka takka turuu didee daandii isaarratti deebi’e. Onneen isaa akka haroo Haramayaatti duwwaahafte”

Mahammad (2021:ff334-335)

As keessatti Bilisummaan waan Milkiin itti himu tan hojiirra oolchitu hin taane. Dubbatee dadhabnaan adda bahuuf murteesse. Amalli isii iddo tokko hin bulu. Kunis, abbaan manaafi haati manaa waldhaggeeffachuu dhabuun miidhaa akka qabu ergaa dabarsa. Kanamalees, kankootu caala jechuun jiruufi jirenya keessatti miidhaa akka fidu hubanna. Namoonni tokko tokko hamma ijaaranii hamma diigu. Oromoonyeroo mammaaku” walii galan alaa galu” jedha mitiiree? Barreessichis laga ganna guutee bona goggoguun walbira qabuun dhiheessee jira. Kanamalees, “...onneen isaa akka haroo haramayaatti duwwaa hafte” jedha. As keessatti Milkii haalli jiru obsa fixachiisaa dhufe. Onnee isaa keessaa jaalalti dhumte. Namoonni tokko tokko obsanii gaafa abdii kutatan haaadha manaa isaanii hiiku. Barreessaan asoosama kanaas onnee isaa fi haroo Haramayaaya waliin dorgomsiisuun mala dubbii akkasaa gargaaramee dhiyeesseera.

“Akka abbaaf ilmaa, akka maatii tokkoo,

Wajjin dabarsuudhaaf ballinaa fi rakkoo,”’’*Mahammad (2021:f336).*

Waraabbii kana keessatti abbaa fi ilma walbira qabuun mala dubbii akkasaatti dhimma baheera. Namoonni quuqqaa garaa isaanii akkaataa garagaraan ibsatu. Dheebuu dhalaan kanneen

qabaniifi utuu qabaniif rakkoo adda addaan kan adda bahan walaloo armaan oliitiin ibsatu.Dhalli kan gaafa rakkoo fi gaafa dhukkubaa kan nama tajaajiltudha.Rakkoo ofii kan itti himatanidha.Barreessaan kunis mala dubbii akkasaatti fayyadamuun ergaasaa dabarfateera.

“Namni qaama isaa yeroo laalu jirenya sadoo, jirenya qananii waan jiraatu itti fakkaata” Muhammad (2021:f338)

As keessatti Mala dubbii akkasaatti fayyadamuun qaama Milkii fi jirenya qananii walbira qabee dhiyessee jira.Namoonni tokko tokko ala namaa ilaalanii jirenya namaa murteessu.’Keessa hin beektuu keessa qabattee namaa laatti akkuma jedhan’utuu waa’ee namaa hin beekin waa’ee namaa murteessan hedduutu jiru. Barreessaan kunis,qaama Milkiifi jirenya sadoo walbira qabee mala dubbii akkasaan dhiyessee jira.

4.2.1.2. Xiinxala Itti Fayyadama Iddeessaa

Itti fayyadama afaanii keessatti gasti mala dubbii iddeessaa waan tokko bakka walii buusuun amala isa tokkoo kan biroof kennuun waldorgomsiisuu dhiyeessa. Asoosama Bishaan Gubate keessatti qabiyyeewan mala dubbii iddeessaa of keessaa qaban fuula irratti argaman waliin funaanamuun haala armaan gadiin erga dhiyaatanii booda xiinxalamaniiru.

“Qilleensa funyaaniin olxuuxee akka makiinaa mootorri ka’aa jiruutti sagalee dhageessisee...” Muhammad (2021:f9).

As keessatti namfakkii muummeen yeroo yaadni sammuusaa isa jeeqe ijji isaa imimmaan yaastee furriin funyaan keessaa gad yaa’u oldeebisuuf qilleensa funyaaniin olxuuxa.Yeroo kana sagaleen dhagahamuu hin oolu.Namni gaafa rakkoon isa mudatu ni boo’aa;garmalee yeroo boo’u hudhamee furrii funyaan keessaa oldeebisuuf yaala. Kunis,namni yeroo aaru waan godhu kan hin beekne ta’uutu hubatama.Barreessichis,mootora makiinaan bakka buusee dhiyessee jira.

“Hammuma liphuu takkaatti waraana Adda Bilisummaa Oromoo keessaa tokko gara namichaatti rasaasa roobse” Muhammad (2021:f29)

Waraabbii kana keessatti waraanni Adda Bilisummaa Oromoo keessaa tokko namicha huccuu waraanaa keeyyatee meeshaa hidhatee jiru tokko argee rasaasan rukute. Namichi lubbuu isaa baaasuuf tattaafatus sekondii muraasa booda reefa ta’e. seenicha keessatti rasaasa walirra dhukaafamee namicha ajjeese roobaan bakka buufameera.Kunis,waraana mootummaa keessaa

tokko yeroo miidhamu kan birmatu hedduu ta'uutu hubatama. Barreessichi malleen dubbii keessaa iddeessaa gargaaramee dhiyeesseera.

“Qaama isaa keessaa kan bahu fincaan osoo hin taane ba’aa biraan itti fakkaate”
Mahammad (2021:f50)

Waraabbii kana keessatti“... fincaan osoo hin taane ba’aa biraan itti fakkaate”. Hima yaada iddeessaa of keessaa qabudha. Jiruu fi jirenya dhala namaa keessatti ba’aan wanta namatti ulfaatuu fi bakka tokkoo bakka biraatti kan deddeebisaniidha. Barreessaan asoosama Bishaan Gubatees namfakkiin Milkii Moosisaa jedhamu yemmuu inni fincaaniin muddamee cinqamu taasisuun dhiyeesse. Namfakkiin kun amala karaarratti fincaa’uu waan hin qabneef akkuma muddametti deemsa isaa itti fufe. Xiqqoo yeroo deemu bakka kosiin itti walitti qabamte arge. Akka waan finoolii argeetti lubbuun itti deebite. Karaarraa goree kosii tuulamte naannawee dhaabbate. Duuba isaatiin kosii, fuulduraan laga ta’uu mirkaneeffatee ziippaa isaa banee qaama isaa kan fincaaniin dhiifame baasee gara lafaatti mataa gad garagalchee fincaanee keessi isaa boqonnaa argate. Namoonni qulqullina naannoofi daandii magaalaa keessaa eegan tokko tokko akka jiran ergaa dabarsa. As keessatti fincaanii fi ba’aa waldorgomsiisuun fincaan ba’aan bakka buusuun mala dubbii iddeessatti dhimma bahee jira.

“...saree masgiida seente takes...Mahammad (2021:f58)

Waraabbii kana keessatti, Milkiin mana Saaratti kabaja dhabe saree masgiida seenteen bakka buufamee dhiyaateera. Sareen silayyuu tuffatantuudha; jibbamtuudhas, joortuudha. Milkiinis mana Saaraatti tuffatamaa, jibbamaa fi nama kabaja hin qabne ta’e. Namoonni tokko tokko akka namaatti osoo hin taane, akka sareetti kan nama ilaalan akka jiran ergaa dabarfateera. Barreessichis amala sareen bakka buusuun iddeessaatti fayyadamee jira.

“Manni akkanaa toora kana waan hin jirreef namni halaalaa argu,makiinnaa miidhamtee sharaan irratti uffifame se’ a”
Mahammad (2021:f65)

Seenaa kana keessatti Urjiin mana isiin keessa jirtu mana qorqorroo ykn citaa miti. Mukkeen walitti ijaaramanii sharaan gubbaarratti hidhamee mana ta’eeffi jira. Harka qalleeyyiin tokko tokko maqaaf mana jedhu malee wanti isaan mana jedhanii keessa bulan toora manaa keessa hin

jiru. Barreessichis manni akkanaa toora kana waan hin jirreef makiinaa miidhamtee sharaan irratti uffifameen bakka buusee dhiyeesseera.

''Mahammad (2021 ''Fira diina natti ta 'etu kana natti fide '' Mahammad(2021:f90)

As keessatti Milkiin tuffii maatiin ,adaadaa isaa isaaf qabanirraa kan ka'e waardiyyaan mana Saaraatis kabaja isaaf hin kenu. Barreessichis gara jabeenya fira tokko tokkoo diinaan bakka buusee dhiyessuun malleen dubbii keessaa iddeessaatti fayyadamuun dhiyeessee jira.

‘’Yeroo isiin if baraa dhufte ‘ati dhiira’jedhaanii guddise ’’Mahammad (2021:f92)

As keessatti abbaan Saaraa Jaarrea Bulee qabeenya guddaa waan qabuuf nama qabeenya isaa kana dhaalu ilma dhiiraa argachuu fedha ture. Akka tasaa osoo ilmaan hin argatin waggaan hedduu erga turee booda Saaraan dhalatte. Ilmi fedhaniif kan argamu osoo hin ta'in yoo Rabbiin namaaf kenne ta'uu amanee Saaraa bakka ilma dhiiraa buufatee, jirenya sadoo jiraachisee guddisuu itti fufe. As keessatti abbaan Saaraa jaalala Saaraaf qabu ibsachuuf “ati dhiira” jechuun bakka dhiiraa buusuun yeroo dubbatu argina. Kunimmoo ilma dhiiraa waan dhabeef bakka dhiiraa Saaraaf laatee waan dhiyeesseef mala dubbii iddeessaatti gargaaramuu isaa agarsiisa. Namoonni tokko tokko dhiira caalchifatu;tokko tokko immoo dhiiraafi dhalaal walqixxeetti ilaalu. Uumaanis walqixxee uume. Ilaalcha namootaa biratti dubartiin bakka gadaanaa qabdi. Barreessaan kunis, mala dubbii iddeessaatti gargaaramuu ergaasaa dabarfateera.

‘’Milkiin gabbina isaarraa yeroo takka takka ‘dibbee’jedhamee yaamama ’’ Mahammad (2021:f98)

Waraabbii kana keessaatti, namoonni tokko tokko hawaasa keessatti qaamni nama yoo fooyee qabaate waanuma jireenyi itti tolee fi qabeenya qabu se'u. Seenaa kana keessatti garuu Milkiin ‘alaa hamma arbaa, manaa hamma garbaa’ isa jedhan ta'e''. Qaamnisaa inni gowwaan nama gowwoomsee jira. Kanaaf dibbeedhaan bakka buufame. Qabiyyee lammaffaa keessatti ammoo ijoolleen ganda Bulee gabbina isaarraa ka'anii ‘booyyee’ jedhuun. As keessatti Milkiin nyaata baayyisee nyaatee furdate jechuun bineensa booyyee jedhuun bakka buufamee jira. Namoonni tokko tokko uumamaan kan furdatan jiru. Ala namaa ilaalanii maqaa nama moggaasuun ilaalcha dogongoraa akka ta'e ergaa dabarsa.

“Harmi isii qomarra ta’e malee ulfa baatii torbaa hin hanqatu.marxoo dachaasee hidhatee waan deemuuf ijoolleen maraataa jettee dheessiti”’’Mahammad (2021:ff114-115)

As keessatti harma Bariituu ulfa baatii torbaatiin bakka buusuun dhiyaatee jira. Kana malees “...marxoo dachaasee hidhatee waan deemuuf ijoolleen maraataa jettee dheessiti” jedha. As keessatti uffannaa Ilkee maraataan waldorgomsiisuun mala dubbii iddeessaatti dhimma bahee jira. Namoonni tokko tokko faashinii jedhanii waan adda addaa uffatanii deemu. Waan bareedu itti fakkaata malee hawaasa keessatti fudhatama hin qabu. Safuu hawaasaa cabsuudha. Kunimmoo safuun hawaasaa kan dagatame ta’uu erga dabarsa.

“Qaamaan furdoo taatus dhommoqinni mudhii isii masoobii biddeenaafakkaata”’’Mahammad (2021:f146)

Waraabbii kana keessatti mudhiin Faayoo masoobii biddeenaan waldorgomsiisuun mala dubbii iddeessaai gargaaramuu isaa agarsiisa. Kunis shamarran gara mudhii qal’ataan baay’ee kan miidhagan ta’utu hubatama. Tokko tokko tafa bal’atanii mudhii qal’atu. Kunimmoo miidhagina isaanii daran dabala. Masoobiin biddeenaas gara mudhiitti qal’atee waan cituu gahe fakkaata. Garmalee miidhaga. Barreessaan kunis miidhagina mudhii faayoo ibsuuf masoobii biddeenaan bakka buusee dhiyeesseera.

“Bareedinni isii bishaan lagaati; amalli isii dachii lafaati”’’Mahammad (2021:f195)

Waraabbii kana keessatti hanga ammaa nama bareedinaa fi amalaan akka Caaltuutti itti tole hin argine Milkiin. Jirenya hawaasaa keessatti amalli iddo guddaa qaba. Ilaalcha namootaa birattis bareedinni gahee mataasaa taphata. Dachiin lafaa yoo irra deeman si dadhabe kan hin jenne gaarii fi gadhee baattee jirti. Caaltuniis waa hunda dandeessuu waan taateef bishaan lagaatii fi dachii lafaatiin bakka buufamte. Barreessaan kun namoonni tokko tokko amala namaafi rakkina namaa danda’anii kan nama waliin jiraatan hedduun akka jiran mala dubbii iddeessaatti gargaaramee dhiyeesseera.

“Yeroo ammaa kanatti dhalaa durbummaa qabdu arguuf yaaduun nama du’e ni ka’ajedhanii akka yaaduuti”’’Mahammad (2021:f206)

Waraabbii kana keessatti waan hin fakkaanne fakkeessuu jechuudha.Kunis dhalaan tokko tokko sobanii amanamummaakoo eeggadheen jira jechuudhaan yeroo dhiirota gowwomsan nijira. Barreessaan kunis kijiba dirree taa'u kana mul'isuuf durbummaa arguun namni du'e du'aa ni ka'a jedhuun bakka buusee jira.

'roottoon sun eessa jirti?jedhee ijoollee gaafata''Mahammad (2021:f226)

Waraabbii kana keessatti Waariyoon Milkiitti amala jijiirrachuu qofa osoo hin taane, ijaanillee arguu jibbee jira. Jibbiinsarrraa kan ka'e Milkii maqaa isaatiin waamuu ni dhiise. Namoonni akkasii hawaasa keessa waan jiraniif furdina Milkii roottoon bakka buusee dhiyessee jira.

'Galgaleen garuu gurraattii gabaabduu furdoo,fuulli isii finniisa''Mahammad (2021:f233)

Waraabbiin kun fuula Galgalee finniisaan bakka buusuun kan dhiyaatedha.Namoonni tokko tokko sadarkaa dargaggummaa yeroo guutan fuula isaaniirratti finniisn nibaha.Kunimmoo dhukkuba akka hin taane hubachiisa.Barreessaan kunis Galgaleen sadarkaa dargaggummaa guutuu ishee ibsuuf fuula ishee finniisaan bakka buusee jira.

'Haalli inni keessa jiru maraatuurraa fagoo miti''Mahammad (2021:f284)

As keessatti namfakkiin muummichi haalli jirenya isaa hundi isaaf galuu dide.Addunyaa kanarra jirenyi nama tokko tokkoo namaaf hin galu.Burjaaja'aadha. Kanaafuu jirenyi namfakkii kanaa maraatuun bakka buufamee dhiyaateera.

'Bareedinni uumama Baalee bareedina namaa isa yaadachiise''Mahammad (2021:f292)

Askeessatti bareedina Baalee bareedina namaatiin bakka buusee dhiyesseera.Magaalonni tokko tokko baay'ee miidhagu.Qulqullinas niqabu.Manneen sadarkaa isaanii eeggatanii ijaaramanis miidhagina magaalaa dabaluu ni danda'u.Magaalonni tokko tokko immoo maqaatu magaalaadha malee,qulqullina hin qaban.Kanaaf barreessaan kun miidhagina magaalaa Baalee miidhagina namaan bakka buusee dhiyesseera.

'Maqaatu sireedha malee meeshaa muuziqaa aadaa jechuutu dhiyaata'' Mahammad (2021:f316)

Waraabbi kana keessatti jiruuf jirenya dhala namaa keessatti abbaan manaa fi haati manaa walhindhaggeeffatan taanan bultiin ni jeeqamti. Seenicha keessatti Bilisummaan gorsa maatiishee malee kan Milkii hin fudhattu. ‘‘Hima didduun du’ a hin diddu’’ akkuma Oromoone jedhee mammaaku, Bilisummaan osoo Milkiin quba hinqabne maallaqa inni baasii mana keessaaf itti kenneen siree namni itti fayyadamee gurgure qarshii 700n bittee isa eeyde. Yeroo irra gad taa’anu sagaleen isii nama rifachiisa. Namoonni tokko tokko gorsa namaa tuffachuudhaan rakkoo keessa seenu. Barreessaan asoosama kanaas siree Bilisummaan bitte meeshaa muuziqaa aadaatiin bakka buusuun mala dubbii iddeessaatti dhimma bahee ibseera.

‘Akkaataan jirenya kiyya namni itti yaaduufi haalliniin keessa dabre dachiifi samiidha’’ Muhammad (2021:f339)

Waraabbi kana keessatti Milkiin yeroo ilaalan nama gammachuu qabu haa fakkaatu malee gadda keessa ture. Dureessa haa fakkaatu malee hiyyeessa. waan hundi waan hin fakkaanne, waan hin malle ta’e. jiruuf jirenya dhala namaa keessattis wantootni nama soban hedduudha. Dhoksaa isaa yeroo ilaalan waaqaafi lafa walirraa fagaata. Barreessaan kunis, haala jirenya namfakkii muummee kanaa dachii fi samiin waldorgomsiisuun mala dubbii iddeessaatti gargaaramee dhiyeesseera.

4.2.1.3. Xiinxala Itti Fayyadama Nameessaa

Nameessaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee wantoota birootiif amala dhala namaa kennuudhaan gocha namoonni raawwatan akka raawwatan gochuun dhiyeessudha. Asoosama kana keessatti qabiyyeewan itti fayyadama afaanii keessatti nameessuudhaan dhiyaatan kitaabicha keessaa funaanuudhaan haala armaan gadiitiin erga tarreffamanii booda tokko tokkoon xiinxalamaniiru.

‘Daandiin waliin nama dhahee nama walitti mufatellee walitti araarsa’’ Muhammad (2021:f22)

Waraabbi kana keessatti daandiin makiinaan irra deemtu waan bututeef namni hundi ni urgufama. Imalootni akka dhadhaa qabee keessaa jiruutti raafamaa deemuun kun mataduree marii tokko akka uummatan godha. Yeroo kana namoonni waldhabanii jiran waliin dubbachuu danda’u. Barreessichi ergaasaa dabarfachuuf mala dubbii nameessuutti gargaarameera.

‘’Ameerikaan dhiiga isaanii keessa seenee sammuu isaanii bite’’ Muhammad (2021:f26)

Waraabbii kana keessatti Ameerikaadhaaf amala dhala namaa kenneefii jira. Naannoo kanatti Milkiin nama osoo ganda Bulee jiruu Ameerikaa jiraatu keessaa tokko ture. Waa’een Ameerikaa yeroo ka’u, Milkii gurrisaa ka’ee miila lamaan dhaabbata. Durummaa hungee hin qabnetti bahuudhaaf Ameerikaa abjoota; Ameerikaa dheebota. ‘’Ameerikaa ykn Awurooppaa osoo hin dhaqin yaa Rabbi nan ajjeesin’’ warra jedhu keessaa tokko waan ta’ef yeroo namni deemu gorora liqimsa. Kunis fedhiin namaa daangaa kan hin qabne ta’uu ergaa dabarsa. Kanaaf barreessaan haala fedhii namaa rarraasuun tooftaa mala dubbii nameessaa ta’usaa hubatamee jira.

‘’Sakandii muraasa booda yaadni isaa bakka hedduu bobbahe’’ Muhammad (2021:f28)

Waa’ee nameessuu waliin walqabsiisuun waa’ee bobba’uu yemmuu ilaallu, Milkiin sagalee nama rifachiisturratti yaadannoo waan qabuuf nama hunda caalaa isatu rilate. Guyyaan kun addunyaarratti isaaif guyyaa dhumaan ta’uu, Finfinnee deemuun hafee isa awwaaluuf yeroo deemanii itti mul’ate. Haadha isaa, obboleessa isaa fi nama beeku hundaan guyyaa itti adda bahu ta’uu hubate. Namoonni tokko tokko osoo taa’anii yaadaan buusanii baasu. Osoo waan sana waansaa hin argin yaadaan xumuru. Barreessichis yaada amala dhala namaa gonfachiisudhaan mala dubbii nameessaatti dhimma baheera.

‘’Aduun akka nama ijoolle xixiqqoo taphachiisuu dhokatuutti duumessa keessa dhiibbathee erga baatee...’’ Muhammad (2021:f39)

As keessatti Finfinneen lafti isii dhoqeedha. Garmalee robin waan itti hedдуматуuf haalaan qorriti. Yeroo baatii caamsaa taatus nama magaalaa Dirree Dhawaatii dhufeef Finfinneen ulfaataadha. Ganni Finfinnee ammoo kan dubbatamu miti. Roobni boqonnaa hin kennuuf. Aduufi roobni waan waldorgoman fakkaatu. Kanaafuu barreessichi aduudhaaf amala dhala namaa kennuun mala dubbii nameessaatti dhimma bahee jira.

‘’Fooliin kaalsii mana dhukkee itti kaaste’’ Muhammad (2021:f48)

Waraabbii kana keessatti kaalsiin Guysaa waan garmalee ajaa’uuf nama qaama fayyaa qaburraa kan bahe hin fakkaatu. Nama kaalsiin akkanatti hajaa’u Milkiin yeroo duraatiif arguu isaati.

Lubbuu qabaatee waan dhukkee manatti hin kaasneef foolii kaalsiif amala dhala nmaa kenneefii jira. Barreessichis mala dubbii nameessaatti dhimma bahuun ergaasaa dabarfateera.

‘Moluun mataasaa akka daandii haarayaa baheetti ,rifeensa isaa gargar dhoostee keessa qaxxaamurti’’ Muhammad (2021:f54)

waraabbii kana keessatti moluun amala dhala nmaa gonfatee jira. Ilmi nmaa kan adeemsa keessa molatu ni jira. Kaan immoo dibata garaagaraa dibatanii kan adeemsa keessa mataan irraa dhumu ni jira. Kunis dubartoota osoo hin taane dhiirota tokko tokkoratti kan raawwatudha. As keessatti waan lubbuu hin qabne kanaaf wanti lubbuu qabu kennameeraaf. Kanaaf barreessichi gocha dhalli nmaa raawwatu moluu mataatiif laatee ergaasaa dabarfateera.

‘Osuma ilaalu ija isaatifi qarshii 10 jidduu hurriin seente’’ Muhammad (2021:f55)

Waraabbii Kana keessatti hurriif amala dhala nmaa kenneefii jira. Hurriin lubbumaleessa haa ta’u malee gocha warra lubbuu qabanii raawwatee jira. Kanaaf, barreessaan kun hurrii amala dhala nmaa gonfachiisuun ergaasaa dabarfateera.

‘Hiyyummaan beelaafi dheebuuf isa saaxilte’’ Muhammad (2021:f60)

Jiruuf jirenya dhala nmaa keessatti namni gaariis ta’ee badii dalaguun hin dhiisu. Yoo gaarii dalage osoo hin taane, yoo badii dalage dabarsee walkennuu ykn wal saaxiluun amala dhala namaati. Seenicha keessatti yoo ilaalle, hiyyummaaf amala dhala nmaa kennee jira. Barreessaan kun tooftaa mala dubbii nameessaa kan fayyadame ta’uu hubatamee jira.

‘Dukkana halkaniirratti yaadni dukkana biraadabalteef’’ Muhammad (2021:f75)

Kana keessatti yaadaaf amala dhala nmaa kenneefii jira. Namni Kennaa tokko irratti kennaa biraadabaluu danda’aa. Garuu yaadni lubbuu hin qabu. Akka waan lubbuu qabuutti dhiheessee jira. Barreessaan asoosama kanaas yaadaaf amala dhala nmaa kenneefi j

‘Bubbeen issa dursitee gara ganda Hassan deemte...’’ Muhammad (2021: f119)

Waraabbii kana keessatti wantoota lamatu amala nmaa fudhate. Yaadaa fi bubbee. Ilmi nmaa labsii adda adda labsuu danda’aa. labsii nageenyaa ta’uu danda’aa, labsii talaallii ta’uu danda’aa, labsii qaala’iinsa jirenyaa ta’uu danda’aa. kuni wantoota dhalli nmaa gochuu danda’uudha.

Kanaaf barreessichi gocha dhalli namaa raawwachuu danda'u yaadaaf bubbeef laatee mala dubbii nameessutiin ergaasaa dabarfateera.

“Gammachuun sammuutti baatee waan dubbatu wallaachiste” Muhammad (2021:f160)

Kana keessatti gammachuu amala dhala namaa gonfachiisuun mala dubbii nameessaatti gargaaramee jira.Namni gaafa waa argatu baay'ee gammaduu danda'a.Garuu lubbuu qabaatee sammuutti bahuu hin danda'u.Kanaaf barreessaan kun waan amala namaa hin qabne kanaaf amala namaa kennuufiin ergaasaa dabarfateera.

‘Beelaafi dadhabbiin walghanii deemuu isii dhorkan’ Muhammad (2021:f222)

Waraabbii kana keessatti wantootni lubbuu hin qabne lama akka waan lubbuu qabaniitti dhihaataniiru.Isaanis,beelaafi dadhabbiidha.Kan deemsa nama dhorku ykn danqaa namatti tahu dhala namaati.Garuu barreessaan kun beelaafi dadhabbiidhaaf amala dhala namaa kennuun ergaasaa dabarfateera.Seenicharraa akkuma arginu, Caaltuun aduun cimaa deemtee dadhabbiin itti dhagahamtus osoo Milkii ijaan hin argin garaan isii boqochuu dide. Dadhabbii qofa osoo hin taane beellis, aduunis walghanii deemsa dhorkan. Asirratti barreessaan kuni ergaa isaa galmaan gahachuuf jecha mala dubbii nameessaatti gargaaramee jiraachuu hubachuun danda'amee jira.

‘Manni afaan bane isa nyaachuuf ka’e’ Muhammad (2021:f275)

Waraabbii armaan olii keessatti,lubbu maleeyyiif amala warra lubbuu qabanii kenneefii jira.Kana keessatti manni lubbuu hin qabu;nama nyaachuus hin danda'u.Barreessaan asoosama kanaas manaaf amala lubbu qabeeyyii kennuun ergaasaa dabarfateera.

4.2.1.4. Xiinxala Itti Fayyadama Eemitii.

Gosti mala dubbii Eemitii yaada lama of keessaa qaba. Innis yaada “eeyyee fi miti” jedhamu of keessatti qabata.kana jechuun yaada dubbii sanaa “miti ykn eeyyee” jennee kan xummurru osoo hin taane; deebii lamaanuu keessaa tokko filachuuf akka rakkannu nu taasisa. Asoosama qorannoon kuni irratti taasifame kana keessatti malli dubbii eemitiin dhiyaate muraasa yoo ta'an kanneen asoosamicha keessatti argaman haala armaan gadii kanaan tarreeffamuun ibsi itti kennamee jira.

“Namni osoo hin maraatin huccuu baafata;osoo bishaan hin argin waan itti robe fakkaata; bakka ibiddi hinjirretti qaamnisaa affeelama” *Mahammad (2021:f6)*

Waraabbi kana keessatti wanti dhiyaate kun ergaa eeyyee jedhuu fi miti jedhu kan of keessaa qabuudha. Ergaa kanneen bira gahuuf ammoo qalbiidhaan dubbisuun dhaamsa waan jedhamaa jiru bira gahuu gaafata. Haala raawwii seenichaa gaafa ilaallu, namni osoo hin maraatin kan jedhame, namni tokko gaafa bulluqu huccuu ofirraa baasa; osoo bishaan hin argin kan jedhames sababa owwaatiif namni ni dafqa kan jedhu ibsuuf jedhameeti. Bakka ibiddi hin jirretti affeelama kan jedhameefis sababa owwaatiin dafqanii dafqi sunimmoo qaama namaa gubuu kan danda’u ta’uu ibsuuf jedhameeti. Gama kanaan yoo ilaalle yaadichi ergaa eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta’u; gama birootiin ammoo namni osoo hin maraatin; osoo bishaan hin argin; bakka ibiddi hin jirretti affeelama kan jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa qabuudha. Kanumarraa ka’uun asoosama kana keessatti malli dubbii eemitii jiraachuu isaa hubatameera.

“Namni waan nyaatuufi dhugu dhiisee waa’ee shiraaroo yaaduu eegale” *Mahammad (2021:f60)*

As keessatti namni nyaata fi bishaan malee jiraachuu hin danda’u waan ta’eef yaada miti jedhu of keessaa qaba. Gama biraatiin immoo namni yaadni itti hedduummatu midhaanii fi bishaan jibbisiisuu danda’a. kuni yaada eeyyee jedhuun calaqqisiifama. Kanarraa ka’uun barreessichi mala dubbii keessaa eeyyeemiti ykn mitiyyee gargaaramuuun dhiyessee jira.

“...waan garaan hin fudhatin afaaniin tole jette” *Mahammad (2021:f63)*

Waraabbi kana keessatti ergaa eeyyee jedhuu fi miti jedhu kan of keessaa qabuudha. Haala seenichaa gaafa ilaallu, waan garaan hin fudhatin afaaniin tole jechuun ishee sababa wal amansiisuu dadhabaniif Saaraa fi Jaalanneen walii galan. Gama kanaan yoo ilaalle, yaadichi ergaa eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta’u, gama biraatin immoo waan garaan hin fudhatin afaaniin tole jetti kan jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa qabudha. Barreessichis mala dubbii mitiyyeetti fayyadamuun dhiyessee jira.

“Yaadaan duubatti haftee qaamaan fuulduratti suksukte” *Mahammad (2021:f85)*

As keessatti namni yeroo garmalee yaadu qaamaan deema malee osoo waamanii hin dhagahu. Yoo itti haasawanis dhaga’ee deebii namaaf hin kennu. Namni tokko tokko qaamaan bakka

tokko yoo jiraatellee yaadaan addunyaa waliin gaha. Gama kanaan yemmuu ilallu yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta'u; yaadaan duubatti haftee qaaman fuulduratti suksukte'' kan jedhu ammoo yaada miti jedhu of keessaa qaba.

*‘‘...ta dhiigaan fira hojiidhaan diinaa...’’*Mahammad (2021:f88)

Waraabbii kana keessatti namoonni tokko tokko osuma fira ta,anii jiranii kan garaa namatti jabaatan ni jiru. Bakka firaan kan namaaf hin oolle, kan akka diinaatti nama gidirsan ni jiru. Gama kanaan yoo ilaalle yaadichi ergaa eeyyee jedhu kan of keessaa qabuudha. Saaraanis seenicha keessatti osoo adaadaa Milkii taatee jirtuu Milkii dararaa turte. Kan dhiigaan fira hojiidhaan diinaa jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa qabudha. Kanumarraa ka'uun asoosama kana keessatti malli dubbii eemitii jiraachuun hubatameera.

*‘‘...waan hin barreeffamin dubbisuu eegale’’*Mahammad (2021:f90)

Waraabbii kana keessatti wanti dhiyaate kun ergaa eeyyee jedhuu fi miti jedhu of keessaa qaba. Namoonni tokko tokko yaadaan akka waan barreeffamee jiruutti dubbisu, yaada buusanii baasanii toora galchanii akka waan barreeffameetti haasawu. Gama kanaan yaadichi ergaa eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta'u; waan hin barreeffamin dubbisuu eegale kan jedhu yaada miti jedhu of keessaa kan qabudha. Sababnisaa waan hin barreeffamin dubbisuun waan hin danda'amneef. Barreessichis kana keessatti mala dubbii eemitiitti gargaaramee ergaasaa dabarfateera.

*‘‘Osoo deemuu isfaaltii bira hogguu gahu,isfaaltii ijaan arkee waan hin beeyneef,dhoqqeetu balleysa je'ee isfaaltii cinaa osoo deemuu magaalaa seene’’*Mahammad (2021:f11)

As keessatti namoonni tokko tokko baadiyyaadhaa yeroo gara magaalaa deeman miilli isaanii waan dhoqee qabuuf namni nutti kolfa jedhanii karaa asfaaltii dhiisanii karaa lafaa ykn keessoo karaarra deemu. Kana malees namoonni baadiyyaa fi magaalaa dhufan jireenyi isaanii waan walqixa hin taaneef warra magaalaati gaditti of ilaalu. Gama kanaan yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabudha. Dhoqqeetu balleessa jedhee asfaaltii cinaa deema kan jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa qabudha. Kanumarraa ka'uun asoosama kana keessatti malli dubbii eemitii jiraachuun hubatameera.

“Waan itti dhagahame gammachuufi naasuu walii wallaale;nama isa sossobu argannaan booyichi sagalee baafate”’’Mahammad (2021:f117)

As keessatti wanti dhiyaate ergaa eeyyee jedhuu fi miti jedhu kan of keessaa qabudha. Haala raawwii seenichaa gaafa ilaallu,gammachuu fi naasuu walii wallaale; nama isa sossobu argannaan booyichi sagalee baafate kan jedhame; namni tokko tokko gaafa waa tokko argate gammachuu keessa boowuu danda’aa.Kanamalees, yeroo namni itti dudubbatu aariis ta’e gammachuu qabu futtaafachuu danda’aa. Gama kanaan gaafa ilaallu, ergaa eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta’u; gama birootiin gammachuu fi naasuu walii wallaalee kan jedhuu fi nama isa sossobu argannaan booyichi sagalee baafate kan jedhu immoo yaada miti jedhu of keessaa kan qabudha. Barreessichi dhageettii keessoo namfakkii Milkii jedhamu agarsiisuuf jecha mala dubbii kanaatti dhimma baheera.

“Dhakaa malee lafti biyyee qabdu waan hin jirreef kopheen dhakaa dhawaa,dhakaanis dhakaa dhawaa osoo deemanii,kopheensaa tan qarshii 120n bite gama keessaatiin hogguu buqqaatu itti dhagahame”’’Mahammad (2021:f159)

Waraabbii Kanarratti lafti tokko biyyee fi dhakaadhaan walmakee waan jiruuf alaala dhaabbatanii yeroo ilaalan waan biyyee of keessaa qabu hin fakkaatu;dhakaan waan itti heddummatuuf. Kana yoo ilaallu yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta’u; dhakaa malee lafti biyyee qabdu waan hin jirreef kan jedhu immoo yaada miti jedhu of keessaa qaba.

“Obboleettiin faayoo xiqoon akkuma fiigaa dhufteen nama lama kan tokko ta’ee dhaabbatu agardee dhaabbatte”’’Mahammad (2021:f160)

As keessatti halaala dhaabatanii yoo ilaalan namni lama kan walitti maxxanee walubbisu nama furdaa tokko fakkaata. Gama kanaan yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta’u, nama lama kan tokko ta’ee dhaabbatu kan jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa qabudha. Kunimmoo kan nutti agarsiisu barreessichi mala dubbii eemiti jedhutti dhimma bahuusaati.

“Milkiin yeroo hunda taaksiidhaan bobbahee waan galuuf mana barumsaa malee karaarratti nama tokko wajjinillee walhin argu”’’Mahammad (2021:f193)

As keessatti,karaarratti namoota hedduu waliin walarguun ni danda’ama. Hiriyoota ofii yoo ta’e ammoo mana barumsaatti ykn walbeellamanii walargu. Yeroo taaksiin deeman nama wal

beekaniin walarguun carraan isaa dhiphaa waan ta'eef yaada eeyyee jedhu of keessaa qabaata. Nama tokkoonillee walhin argu kan jedhu immoo yaada miti jedhu kan of keessaa kan qabudha. Sababni isaa yoo taaksiin deemama ta'e nama arguun hin oolu; yoo nama beekan ta'uu baateyyuu. Barreessichis mala dubbii eemitiitti gargaaramee dhiheessee jira.

“waan ijji isii agarte amanuu dadhabde” *Mahammad (2021:f306)*

Waraabbii kana keessatti Caaltuun yeroo dheertuu Milkii barbaadaa waan turteef fooddaa TV keessaan gaafa agartu dhugaa itti fakkaachuu dide. Namoonni tokko tokko gaafa wanti itti hin yaadamin ykn wanta barbaadan argatan kan amanuu hin dandeenye hedduudha. Sababnisaa gammachuun waan guutamaniifi. Gama kanaan yoo ilaallu yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta'u; waan ijji isii agarte amanuu dadhabde kan jedhu ammoo yaada miti jedhu of keessaa qaba. Gochoonni haala kanaan irra keessi isaa soba fakkaatee keessootti yoo xiinxalamu kan dhugaaa of keessaa qabu mala dubbii eemitii waan ta'eef barreessichi mala kanatti gargaarameera.

“Daa’ima afaan hin beeyne wajjin taa’ee haasawuu jalqabe” *Mahammad (2021:f335)*

Waraabbii kana keessatti namoonni tokko tokko yeroo qofummaan itti dhagahamu daa'ima taphachiisuudhaan mukuu bahu. Haala raawwii seenichaa keessatti ; Milkiin Bilisummaarraa garaa muratus, Firii dhiisee deemuu garaansaa ni dadhabe. Bakka isiin hin jirretti Firii waliin taa'ee haasawa. Rakkoon isaa kan Firiidhaan furamtu miti. As keessatti yaada eeyyee jedhu kan of keessaa qabu yoo ta'u; daa'ima afaan hin beeyne wajjin kan jedhu yaada miti jedhu of keessaa kan qabudha. Kanaaf yaada kana keessatti mala dubbiin eemitii dhimma itti bahameera.

4.2.1.5. Xiinxala Itti Fayyadama Habalakaa

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaarudha. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hin baasin karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf kan gargaarudha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisudha. Asoosama qorannoон kun irratti adeemsifame kana keessatti malli dubbii habalakaan dhiyaate muraasa yoo ta'an kanneen asoosamicha keessatti mul'atan haala armaan gadiin tarreeffamanii ibsi itti kennamee jira.

“Roobaan rifateeti rifachuun isaa akka irratti hin beekamneef,nama addaati,lafuma tanarrayyuu namni akkasaa waan jiru natti hin fakkaatu.Milkiirraa eeyyama fudhannee wajjin baanakaa jedhe osoo hin jaalatin”’’Mahammad(2021:ff182-183)

Ergaan yaada kana keessaa irra keessa isaa yoo ilaalan ‘’Milkiin nama gaarii, kan nama kabajuu fi amala gaarii kan qabu ta’uu ibsa. Haata’u malee ta’iiwan seenicha keessatti raawwataa jiruun kan ilaalamu yoo ta’e, yaadichi Milkiin amala gaarii qabaachuu kan ibsu miti. Waraabbii kana keessatti barreessichi Roobaan kan Milkiif yaada gaarii hin taane qabu dhiisee yookaan jibba Roobaan Milkiif qabu dhiisee faallaadhaan dhiyessee jira. Itti fayyadama afaanii asoosama keessatti toofaan haala kanaan ergaa barbaadan dabarfachuu kun mala dubbii habalakaati. Kana malees ‘’Milkiirraa heeyyama fudhannee wajjin baanakaa’’ jedhe osoo hin jaalatin. Waraabbii kana keessatti nama Milkiif yaadu fakkaatee Caaltudhaan Milkiirraa heeyyama fudhannee wajjin baanakaa jedhe Caaltuu sammushee eeguuf jedhee. Haata’u malee Roobaan Milkiirraa heeyyama fudhachuu mitii bilbilayyuu hin bilbiluuf. Caaltuuf garuu kun hundi hin galleef. Kunis yaada Roobaan Milkiif qabu dhiisee faallaa isaatiin dhiyesseera. Malli dubbii barreessichi akka kanaan itti fayyadame mala dubbii habalakaati.

‘’Milkiin gabaabbatee ‘Guinnes world record’s irratti galmaahuu baatus dheerateetis namaan hin qixxaanne’’’’Mahammad (2021:f202)

Waraabbii kana keessatti namni dheeraan beekamtii argata, namni gabaabaan fudhatama akka hinqabne faallaadhaan yoo ykn cinaadhaan Milkiitti himamee jira. Kunis Milkiif yaada gaarii waan hin qabneefi mala dubbii habalaati.

‘’Yeroo ammaa tanatti dhalaa durbummaa qabdu arguuf yaaduun nama du’e ni ka’a jedhanii akka yaaduuti’’’’Mahammad (2021:f206)

As keessatti ergaa irra keessa yemmuu ilaallu, shaamaran waan hinfakkaanne fakkeessuu isaanii calaqqisiisa. Gama biraatin immoo shaamaran ammaa durbummaa qabaachuu fi namni du’e ka’uu akka hin dandeenye ibseera. Haata’u malee yeroo ammaa kanatti shamarran hundumatu durbummaa dhabe jechuun hin danda’amu. Darbee darbee kan amanamummaa isaanii eeggatan nijiru.kanaaf faallaa isaan ykn cinaan waan dhiyaateef mala dubbii habalakaa ta’uunsa hubatameera.

“Jireenyi inni keessa jiruufi akkaataa namni itti isa yaadu walif faallaadha”
Mahammad (2021:f288)

Waraabbii kana keessatti Milkiin waan jirenya qananii jiraatu haa fakkaatu malee jirenya gadadoo keessa jira. Qaamni isaatis furdaa waan ta’eef nama jirenya gaarii jiraatu fakkaata. Namoonni bifa isaa ilaalanii haa murteessan malee qaamni isaa isa sobee jira. Kunis mala dubbii keessaa mala dubbii habalakaan dhiyaatee jira.

‘Halaakeen nama dhimma kana quba hin qabne fakkaatee bilbila’
Mahammad(2021:f327)

Waraabbii kana keessatti Milkiin Bilisummaa mana warraatii ofitti fudhachuuf Halaakee waliin mari’atan. Halaakeen marii kana keessaa waan harka hinqabne fakkaatee Bilisummaaf bilbilee gaafate. Gochi kun cinaachaan waan haasa’ameef mala dubbii keessaa habalakaan dhiyaate.

4.2.1.6. Xiinxala Itti Fayyadama Arbeessuu.

Arbeessuun waa’ee waan tokkoo dhugaa ta’e olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Addunyaa (2005:f83)’’ malli dubbii kun waan tokko garmalee guddisuu ykn xinneessuun dhiheessuu ilaallata’’. Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu garmalee ol kaasuun ykn garmalee gadi buusuun ibsuuf kan gargaarudha. Asoosama ‘‘Bishaan Gubate’’ keessatti qabiyyewan mala dubbii arbeessaa of keessaa qaban fuula irratti argaman waliin funaanamuun haala armaan gadiin xiinxalamani jiru.

‘‘Yeroo itti maramu guntutni isii qaama isaa waraane’’
Mahammad(2021:f10)

As keessatti yaanni dhiyaate kun garmalee olkaafamuun kan dhiyaatedha. Sababiin isaa shamarreen tokko yemmuu nama dubbistu hammamuu yoo ta’e harmi ykn guntutnishii nama waraanee miidhuu hindanda’u. kanaaf haala ta’iin kun itti ta’e yemmuu ilaallu, namfakkiin Milkii Moosisaa jedhamu barsiistuu Caaltuu akka hiriyaanisaatti dubbise. Gabaabaa waan ta’eef ol hiixatee dubbise. Yeroo kanas harma Caaltuu fi qaamni isaa waltuqe. Kanaaf barreessichi gurra guddisuudhaan mala dubbii arbeessuu fayyadamee dhiyeesseera.

‘‘...qal’inni mudhii isii dirree bahee taa’;Caaltuun surree uffachuun ishee warra dhiiraatti gatiin akka dabalu godhee jira’’
Mahammad(2021:f12)

Waraabbii kana keessatti, Caaltuun qaamaan furdoo taatus mudhiin ishee qallaa sonsa fakkaatu kan ta'e; akkasumas Caaltuun surree uffachuun ishee warra dhiiraatti gatiin akka dabalu gurra guddisee dhiyeesseera. As keessatti hamma fedhe mudhiin qal'atus dirree bahee hin taa'u;shamarran surree uffachuun isaanii gatii surree waan hin daballeef,dhaadhessuu agarsiisa.Kanaafuu malleen dubbii keessaa mala dubbii arbeessuutti dhimma baheera.

“waa'een Ameerikaa yeroo ka'u Milkii gurrisaa ka'ee miila lamaan dhaabbata”
Mahammad (2021:f26)

As keessatti fedhii Milkiin Ameerikaa dhaquuf qabu ibsuudhaaf kan dhihaataniidha. Milkiin waa'ee Ameerikaa yeroo dhagahu gammachuudhaan kan guutamu ta'uu fi Ameerikaa dhaquun hiyyummaa balleessuu akka ta'e ibsuuf garmalee olkaasee dubbachuun mala dubbii arbeessuutti dhimma baheera.Hamma fedhe fedhiin namsaa yoo dabaleyuu gurri namsaa ka'ee hin dhaabbatu.

“Fooliin kaalsii mana dhukkee itti kaaste;ajaan miila isaaakkuma oksijiinii mana guutuu walgeesse”
Mahammad(2021:f48)

As keessatti kaalsiin nama tokko tokkoo ni ajaa'a; fooliis kenna. Kunimmoo dhiqachuu dhiisuu fi dhukkubbii miilaarraa kan ka'e ta'uu danda'a. Haata'u malee sadarkaa manatti dhukkee kaasuu fi oksijiinii ta'ee mana guutuu wal hingahu. Barreessichis fooliin kaalsii kun olaanaa ta'uusaa agarsiisuuf, dhukkee fi oksijiiniitti dhimma baheera. Kanaaf hojiin naannoo kanatti dhiyaate kun sadarkaa jedhame kana kan geessisu waan hin taaneef gurra guddisuun waan dhiyaateef mala dubbii arbeessaatti fayyadameera.

“Namni dubbii hamma hantuutaa arba godhee waan odeessuuf oduun sobaa kan dhugaa keessatti makamte”
Mahammad(2021:f60)

Asirratti namni dubbii hamma hantuutaa arba godhee yoo odeesse hammam yoo ta'e oduun sobaa kan dhugaa keessa makamuu hin danda'u.Dhugaan bakkuma isaa qabatee jira.Sobnis iddoor huma isaa taa'a. kanaaf barreessichi arbeessee dhiyeesse.

“...dingisiifanna itti roobsanii gammachuun isaa dachaa godhan”
Mahammad(2021:f64)

Waraabbii armaan olii keessatti,amma fedhan yoo dinqisiifatan gammachuun isaa dachaa ta'uu hin danda'u.Yeroo sanatti waanuma arganitti gammaduuf malee kan biraa itti dabaluu hin danda'an.Kanaaf mala dubbii arbeessuutiin dhihaate.

“...mucaa isii fuulli ife agarraan garaan aannan dhuge”’’Mahammad(2021:f80)

Waraabbii kana keessatti hammam yoo ta'elée fuulli namaa ifuun aannan dhuguu akka hin taane ni hubatama. Yaadni dhiyaate kuni gurra guddisuun waan dhiyaateef mala dubbii arbeessaati.

“...hangaa ammaa kan akka mana Saaraatti bareedu hin jiru”’’Mahammad(2021:f95)

Waraabbii kana keessatti waa'ee qabeenya Saaraa ibsuuf Viillaa ishiin ijaarratte garmalee ol kaasee ykn gurra guddisuun dhiyeesee jira. Hamma fedhellee ta'u manni hamma mana Saaraa gahu hin dhibu. Barreessichis itti fayyadama afaanii keessatti tooftaa waan tokko dhugaa jirurraa olkaasanii dhiyeessuun kun arbeessuu waan ta'eef tooftaa kana fayyadamuun isaa hubatameera.

“...guddinni mataa isaa televiiziyona mana Caaltuu xiqquma hanqata”
’’Mahammad(2021:f98)

Waraabbiin kunis mataan namaa hanga fedhe guddatus hamma televiiziyonaa kan gahu hin jiru. Kunis hamma gahuu olitti olkaafamee waan dhiyaateef mala dubbii keessaa mala dubbii arbeessaatti fayyadameera.

“...harmi isii qomarra ta'e malee ulfa baatii torbaa hin hanqatu”’’Mahammad(2021:f114)

As keessatti harmi namaa hamma fedhe yoo guddateyyuu amma ulfa baatii torbaa hin gahu. Kunis garmalee waan olkaafameef mala dubbii arbeessaatti fayyadameera.

“areedni isaatis rifeensa mataa waliin walqixa dheerate”’’Mahamma(2021:f122)

Waraabbii kana keessatti hammamu yoo ta'e areedni namaa dheeratee hanga rifeensa mataa hin gahu. Kunis mala dubbii arbeessuutiin dhiyaatee jira.

“...liqimsaan inni takkaa liqimsuuf olfuudhu nama mana hidhaa jiru ittiin gaafachuuf ni taati”’’Mahammad(2021:f123)

Namoonni tokko tokko yeroo nyaata nyaatan walsaamuuf ykn qoosuuf nyaata guddisanii afaanitti geeffachuu ni danda'u. hammamuu yoo ta'e kan isaan afaan kaawwachuuf olfuudhan kan nama mana hidhaa jiruuf geessan hin taatu. Kanaafuu barreessichi garmalee olkaasuun waan dhiyeesseef, mala dubbii arbeessaatti fayyadameera.

‘...ibidda jalatti gubattee kaffaluudhaan muuxannoo horattee jirti’’
Mahammad(2021:f176)

Waraabbiin kuni jiruuf jirenya namaa keessatti namni waan adda addaa hojjechuudhaan waan garaagaraa ofirraa kaffaluu danda'a. kunis kaffaltii barnootaa ta'uu danda'a, kiraayii manaa fi k.k.f ta'uu danda'a. Haata'u malee namni kamuu yoo rakkate kan ibidda jalatti gubatu hin jiru. Kanaaf,barreessichi mala dubbii arbeessuun dhiyeessuun isaa ni hubatama.

‘...imimmaan isaa dhangala'ee galaanni fuulasaarra guute’’*Mahammad(2021:f219)*

Asirratti namni waan garaagaraa rakkachuudhaan boo'uu ni danda'a. Hammamuu boo'us imimmaan isaa galaana ta'uu hin danda'u. kunis hamma wanti sun gahurraa olkaasee waan dhiyeesseef mala dubbii arbeessuuti.

‘...miidhaginni lafa Baalee garaa nama nyaata; bosonni Baalee qalbii nama hawwata’’*Mahammad (2021:f292)*

Waraabbii kana keessatti gurra guddisuun dhiyeesee jira. Teessumni lafaa fi uumamni bosonaa addunyaa kanarra jiru nama ajaa'ibsiisuu ni danda'a. Hammamuu yoo ta'e garaa nama nyaachuu fi qalbii namaa fudhachuu hindanda'u. kunis mala dubbii arbeessaatiin kan dhihaatedha.

‘...ogeessi kaameeraa aaree dachii garagalche’’*Mahammad(2021:f293)*

Waraabbii kana keessatti, wantootni adda addaa nama mudachuudhaan nama aarsuu ni danda'u. Hamma fedheyuu yoo ta'e garuu aariin dachii garagalchuu hindanda'u. kanaafuu barreessaan kun asoosama isaa keessatti aarii namfakkii kanaa yemmuu dhiyeessu aaree dachii garagalche jechuun isaa sadarkaan aarii namfakkii kanaa humnaa olta'uusaa mul'isuusaati.

‘...iyyitee dachii garagalchite’’*Mahammad(2021:f327)*

As keessatti hanga fedhe namni yoo iyye dachii garagalchuu hindanda'u. Haata'u malee sadarkaan iyya namfakkii kanaa garmalee akka ta'e mul'isa. Kunis mala dubbii arbeessuutti kan dhimma bahameedha.

“...sammuun isaa daangaa namummaarraa bahaadhuft” *Mahammad(2021:f335)*

Jiruuf jirenya addunyaa kanaa keessatti muudannoon adda addaa nama mudachuudhaan nama aarsuu,dhiphisuu, rakkisuufi cinquu danda'u. Akkasumas yaadaa fi yaaddoo guddaa keessa nama galchuu ni danda'a. Haata'u malee hanga fedhe yoo cinqamanis uumama namummaarraa maquu hindanda'an. Kanaafuu barreessaan kun asoosama kana keessatti bifa dubbistootni salphaadhumatti hubachuu danda'aniif sadarkaan dhiphina namfakkichaa hangam ulfaataa akka ta'e ibsuuf garmalee olkaasuun mala dubbii arbeessaan dhiyeessee jira.

Walumaagalatti barreessaan asoosama kana keessatti bifa dubbistootni salphaadhumatti hubachuu danda'aniin mala dubbii arbeessuutti yemmuu dhimma bahu mul'atee jira. Kunimmoo cimina barreessichaa daran calaqqisiisee jira.

4.2.1.7. Xiinxala Itti Fayyadama Ateessaa.

Ateessaan waan nu bira hin jirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiranii fi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuu, haasofsiisuu, gaddisiisuu ykn kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala uumamuudha. Kanumarraa ka'uun barreessaan asoosama kana keessatti haala kamiin akka itti gargaaramee fi kitaabicha keessatti fuula gosti malli dubbii kun irratti argamu walitti funaantuun haala armaan gadii kanaan erga dhiyaataniin booda xiinxalamani dhiyaataniiru.

“Yaa Rabbi nan ajjeesin” *Mahammad (2021:f26)*

Waraabbii kana keessatti namfakkiin Milkiin fedhii Ameerikaa dhaquuf qabu jecha yeroo inni itti waan isa bira hinjirretti haasawu argina. Innis “osoona Ameerikaa hin dhaqin yaa Rabbi nan ajjeesin” jechuun Rabbi faana dubbachaa ture. Namoonni tokko tokko waa'ee jirenya isaanii waan isaan bira hinjirretti yeroo haasa'an nijira. Tooftaan haala kanaan waan namarrraa fagoo jiru kan nama waliin hin dubbannetti gargaaramuun dhiyeessuun mala dubbii atee waan ta'eef barreessichi mala dubbii kanatti dhimma bahuusaa mul'isa.

“basima’aab; basima’aab;kidaane mihret; allaahu akbar,ba iyyesuus sim fi laa’ilaah”
fi laa’ilaah ilallaah” *Mahammad (2021:f27)*

Waraabbi armaan olii keessatti waan dhagahee deebii laachuufi hin dandeenyetti haasa’aa jira.Kunis mala dubbii ateessaa ta’uusaatu hubatama.

“...jirenyaakkanaa keessa taa’ee dhiphachuurra maal qaba osoo Rabbiin na ajjeesee”
Mahammad (2021:f135)

Waraabbi kana keessatti waa’ee du’aa yeroo Milkiin waan isa bira hinjirretti haasa’u argina.Rabbi bira jiraatee deebii hin kennuuf.Kanaaf mala dubbii ateessaan dhihaatee jira.

“Yaa Rabbi jaalala hin godhin” *Mahammad (2021:f150)*

Waraabbi kana keessatti wantootni inni waliin haasa’aa ture kan gaaffii isaatiif deebii homaatuu hin laanne; waliin dubbachuu waan hin dandeenyeef kun tooftaa mala dubbii ateen barreessichi sadarkaa cimina rakkoo namfakkii mudatan argasiisuuf kan fayyadamedha.

“Qaamnikoo fagaatus lubbuuntuu si bira;

Atis na yaadadhu jaalatoo adaraa” *Mahammad (2021:f164)*

As keessatti Milkiin yeroo inni itti waan isa bira hin jirretti haasawu argina.Garuu dhagahee kan deebii laatuuf miti.

“Waluma jaalannee nu lachuu duraanii

Rabbuma keenyat u waliif nu hinqoodinii

Hiree maal goona gaa diduu hin danda’anii

Gargar baanus garuu hamtuutee waa hinfedhuu

Galata keetitu hedduu waa si hin irraanfadhuu

Hamtuun si hin argatin gaariin naafjiraadhu” *Mahammad (2021:f167)*

jedhee yeroo Milkiin Faayoo waliin dubbatu argina. Ta’us garuu Faayoon jiraattee deebii hin kennituuf. Namoonni tokko tokko nama isaan bira hin jirretti yaada isaanii ibsatu. Garuu deebii

argachuu hin danda'an Kanaaf barreessichi tooftaa mala dubbii ateessaatti fayyadamuun dhiyeessee jira.

'Jaalala dhugaa mi 'ooftuu; kan wajjin dabarsinee

Egaa attamin ta 'aa yaa Caaltuu fageenyaat na dhoowwee'' Muhammad (2021:f284)

As keessatti Milkiin akka waan Caaltuun dhageessee deebii laattufiitti walaloo dubbisaa ture. Caaltuun garuu qaamaan waan isa bira hin jirreef deebii kennuus, waliin dubbachuu hin dandeenye. Kun tooftaa mala dubbii barreessichi sadarkaa cimina rakkoo namfakkii Milkii mudatee agarsiisuuf kan fayyadameedha.

'yaa bishaan Haramaayaa madda maaf hin burqinee

Maaliif nurraa goyda nuti suma abdanne'' Muhammad (2021:f303)

As keessatti akka waan bishaan Haramaayaa dhaga'ee deebii kennuu fi waliin dubbachuu danda'uutti waan isa bira hinjirretti odeessa. Kanaafuu barreessichi mala dubbii ateetti fayyadamuun ergaasaa dabarsee jira.

'osoon si jaaladhuu otuman si yaaduu

Si wajjin turuullee osuman barbaaduu

Gargar bahuu keenya; keessikoo osoo gadduu

Naaf jiraadhu ilmakoo sin dagadhu anii

Eenyummaakee beeki; aadaa fi afaaanii

Nagaatti Firii sin jaaladha anii'' Muhammad (2021:f336)

Waraabbii kana keessatti yeroo Milkiin Firiitti haasawu argina. Firiin garuu qaaman bira jiraatee deebii kennuus, waliin haasawuus waan hin dandeenyeef barreessichi mala dubbii ateessaatti dhimma bahuun dhiheesseera.

4.2.1.8. Xiinxala Itti Fayyadama Anyaarsee

Anyaarseen faallaa arbeessaa yoo ta'u waa'ee waan tokkoo kan yaadameen ykn dhugaa jirurraa baay'ee gadi buusanii dubbachuudha. Asoosama qorannoон kun irratti adeemsifame kana keessatti qabiyyeewan itti fayyadama afaanii keessatti Anyaarseedhaan dhiyaatan kitaabicha keessaa funaanamuun haala armaan gadii kanaan erga tarreeffamanii booda tokko tokkoon xiinxalamanii jiru.

“...sumunii fuulli isii garmalee xiqqaadha ;yoo akka gaariitti ilaalan hantuuta fakkaattti ;rifeensi mataa isii dheeratee gurra bira waan hin dabarreef”’Mahammad (2021:f42)

Waraabbii kana keessatti yaadni dhiyaate garmalee gadi buufamuun kan barreeffamedha. Sababnisaa namni tokko garmalee fuullisaa xiqqaatuyyuu hantuuta hin fakkaatu; rifeensi namaas hammamuu gabaabbatus haxxiffachuu nama hin sodaachisu. Kanarraa ka'uun barreessichi gurra xiqqeessuudhaan mala dubbii anyaarsee fayyadamee dhiyessee jira.

“...ijjisaa xixiqqoo waan ta'eef, yeroo hedduu waan ija dunuunfatee deemu fakkaata”’Mahammad (2021:f54)

Waraabbii kana keessatti Iji namaahammamuu yoo xixiqaate; namni ija dunuunfatee waan deemu hinfakkaatu. Kunis hamma wanti sun gahurraa baay'ee gadi buusuun waan dhiyaateef mala dubbii keessaa anyaarseetti dhimma baheera.

‘Diinqaa gad kan jiru kophee itti baafachuuf malee tajaajila biraatiif ni oola jedhamee hin yaadamu’’Mahammad (2021:f65)

Yaadni kuni xiqqeessuun kan dhiyaatedha. Sababnisaa manni namaahammam yoo fokkiseyyuu kophee itti baafachuu qofaaf hin tajaajilu. Seenicha keessatti Urjiin mana qorqoorroo ykn citaatti galti miti. Mukkeen walitti ijaaramanii sharaan gubbaarratti hidhamee mana taheefii jira. Kanaafuu barreessaan asoosamichaa mala dubbii anyaarseen kan ibse ta'u mul'isa.

“...qallinasaarrraa kan ka'e qubee 'l' kan bareechanii kataban fakkaata....qaamasaa paantiin tuqee hin beeku”’ Mahammad (2021:f99)

Waraabbi kana keessatti hamma wanti sun gahurraa gadi xiqqeessee dhiyeessee jira. Namni hamma fedhe yoo qallateyyuu hamma qabee “l” hin ta’u. akkam yoo ta’es paantii kaawwachuu hin dhiisu. Kanaaf yaadni kuni mala dubbiianyaarseen kan dhiyaatedha.

“...ilkaan tee kofluuf hin taatu”*Mahammad* (2021:f110)

As keessatti ilkaan namaa hammamu yoo fokkise kofluu nama hin dhorku waan ta’eef baay’ee gadi xiqqeessee dhiyeesseera.Kanaafuu,barreessaan kun gurraxiqqeessuutti gargaaramee dhiyeessaa jira.

“...laayibrarrii kitaabaan guutame osoo hin taane manuma duwwaatu dhaabbata”
Mahammad(2021:f189)

Waraabbi kana keessatti hamma fedhe manni kitaabaa yoo kitaaba dhabeeyyu duwwaa hin ta’u. Wanta barbaadantu dhabama malee. Erga maqaan laayibrarrii jedhamu kennameefii kitaaba muraasa hin dhabu. Kana waan ta’eef baay’ee gadi buusee jira. Kanaafuu barreessichi mala dubbiianyaarseetti fayyadamee dhiyeessee jira.

“Hawwiin isiin Milkii arguuf qabdu biyyeetti laaqamte;lafti dukkanoytee Finfinnee guddittiin itti dhiphattu”*Mahammad* (2021:f201)

Waraabbi kana keessatti yaadni dhiyaate kun garmalee gadi buufamuun kan dhiyaatedha. Sababnisaa hamma fedhe yoo ta’elée, hawwiin namaa biyyeetti hin laaqamu; lafti dukkanootfeef Finfinneen hindhiphattu. Kanarraa ka’uun barreessichi gurra xiqqeessuudhaan mala dubbiianyaarseetti gargaaramee dhiyeesseera.

4.2.2. Xiinxala Itti Fayyadama Mammaaksaa

Mammaaksi ergaa dabarsuun barbaadame tokko alkallattiidhaan haala waan jedhamaa jiru sana ibsuuf kan itti gargaaramnu qabeenya hawaasaati. Asoosama ‘Bishaan Gubate’ keessattis kan dhimma itti ba’ame yoo ta’u haala faca’iinsa (argama)isaanitiin iddo muraasatti mul’atanii jiru. Mammaaksonni asoosamicha keessatti argamanis haala armaan gadiitiin xiinxalamanii dhiyaatanii jiru.

“Dhakaallee ta’u liqimsaa ganamaa takka”*Mahammad* (2021:f38)

Seenaa asoosamichaarraa yoo laallu namfakkiin Saaraa jedhamtu yeroo nyaanni dhiyaatu waa jechuun isii kan baramedha. Ciree ganamaa mammaaksa Arabaatiin eegalti. “dhakaallee ta’u liqimsaa ganamaa takka” jetti. Arabooni kan mammaakan waa biraatiif isiin ammoo akka isiif ta’utti itti fayyadamt. “osoo dhakaallee ta’ee ganama osoo waa hin liqimsine dabarsuun hin barbaachisu” akka jechuuti Araboota biratti. Aadde Saaraa biratti garuu “ganama waanuma xiqqoo liqimsan ni gaha” jechuudha. Dabalataanis hin eeggatinaa jechuudha Saaraa biratti. As keessatti kan kana mammaaktu Milkiidhaaf malee maatii isheetiif miti. Bareentoo fi Milkii wal caalchisuuf dhamaati. Hamma Milkiin mana sanii bahutti eegama malee, namni olka’ee harka dhiqatullee hinjiru. Erga Milkiin bahee booda garuu maatiin ishee nyaatarratti lafa dhahu. Asirratti dubpii hundi Milkiitti waa himuuf dubbatamt. Barreessichis haala Saaraa kana ibsuuf mammaaksa fuula 38 irratti argamu fayyadamuudhaan agarsiisee jira.

“Walfakkaattiin walbarbaaddi”’Mahammad (2021:f58)

Gama biraatiin namfakkiin muummee asoosama kanaa bu’aa ba’ii jirenyaa hedduu dhamdhamachaa ture. Mana Jaalannee gaafa dhaqu waan haadha isaa argate itti fakkaate. Yeroo booda Jaalanneen hammeenyaa Saaraarraa dhaalteen Milkiidhaaf diina taate. As keessatti amalli nama tokko tokkoo walfakkaata. Tokko tokko immoo hammeenyaa walbarsiisu. Barreessichis haala Saaraa fi Jaalannee kana ibsuudhaaf mammaaksa fuula 58 irratti argamu “walfakkaattiin wal barbaaddi” jedhu kanatti fayyadamuun agarsiisee jira.

‘Ilmoon haadhumaan tolти’’Mahammad (2021:f66)

As keessatti namfakkiin muummee asoosama kanaa mana Saaraatti dararamaa ture. Namoonni akka Milkii mana namaatti dararamanis hedduudha. Waan fedhe yoo ta’elée hamma haadha ofii kan gahu hinjiru. Haati beeloftee ilmooshee nyaachifti, daartee ilmootti uwristi. Haadharraa fagaatanii jiraachuun ulfaataadha. Meeqa kan akka Milkiitti miidhamutu jira. Rakkoo feete agarree haadhumatu ilmoo ofii guddifachuu qaba. Barreessichis haala Milkiin keessa jiru ibsuuf mammaaksa “ilmoon haadhumaan tolти” jedhu kanatti fayyadamuun ergaa dabarfateera.

‘Bakka caphxeen haa yaastu’’Mahammad (2021:f74)

As keessatti Ayyaantuun haala Milkiin keessa jiru agarree Urjiitti himuun yaaddoo itti dabaluu akka ta’e beeytus’ callisuun immoo furmaata akka hin taane yaadde. Imimmaan Milkii kan

agarte waan garaa isii raaseef himuuf murteeffatte. Namoonni tokko tokko yeroo mana namaa ta'an miidhama isaanii himachuu sodaatanii imimmaaniin rakkoo isaanii himatu. Tokko tokko immoo waan fedhe haata'u jedhanii rakkoo isaanii himatu. Dhoksaan fanxoo hin fayyisu jedhama mitiiree? Barreessichi haala kana ibsuuf mammaaksa kanatti fayyadamuun agarsiisee jira.

'Lafa miti lafeerra bu'e' ''Mahammad (2021:f122)

Asirratti Milkiin osoo gorsa Caaltuu dideera ta'ee mana barnootaarraa ari'ama ture. Gorsa Caaltuu fudhachuu fi fedhii gaazexeessaa ispoortii ta'uuf inni qaburraa kan ka'e rifeensa isaa akka ciru godhe. Mana barnootaa irraa ari'amuurra rifeensa isaa kan dheerate gabaabsuu filate. Namoonni tokko tokko gorsa namaa fudhachuu diduun rakkoo keessa seenu. Tokko tokko immoo gorsa fudhachuudhaan rakkoo keessaa bahu. Barreessichi haala kana ibsuuf mammaaksa kanatti fayyadamuun agarsiiseera.

'Foon harree hamma fedhan eeganis daaraa wayi hanqataa?' ''Mahammad (2021:f134)

Seenaas asoosamichaarraa akkuma hubatamu Saaraan Milkiidhaaf fira taatus yaada gaarii hin qabduuf. Milkiin lafa dhaqu kan hin beeyne narraa bahi jettee manaa ariite. Kan ofii isheetiif fira isheef hin tolle akka waan Milkiin diina ishee ta'eetti itti mammaakte. Akka waan Milkiif gaarii gochaa turteetti itti haasofte. Namoonni akka kana of dhoksanii nama miidhan hawaasa keessa waan jiraniif, barreessichi haala kana ibsuuf mammaaksa kanatti fayyadamuun dhiyeesseera.

'Jaalala keessa adurreen ilmoo nyaatti' ''Mahammad (2021:f136)

As keessatti Faayoo fi Milkiin wal dhungachaa suuraa hedduu ka'an. Faayoon yeroo Milkii dhungachaa turte ciniintee jirti. Haata'u malee ciniichaan Faayoo Milkii gammachiisee jira. Faayoonis hamaaf osoo hin taane kan goote jaalala isaaf qabdu mul'isuufi. Barreessichis haala kana ibsuuf mammaaksa kanatti fayyadamuun dhiyeesseera.

'Akka ebeluuttan sirbaan morma nama jal'isa' ''Mahammad (2021:f191)

Nama ilaalanii yoo deeman akka namasanaatti milkaa'uu akka hin dandeenyee fi namaan morkachuun kiyyootti kan nama gatu ta'uutu hubatama. Seenicha keessatti akka sirba Maaliitti

sirbi Afaan Oromoo hanga sadarkaa Afrikaatti akka beekamuuf hojjechaa akka jiran Sayyoон Milkiitti hime. Barreessichi haala kana ibsuuf mammaaksa kana fayyadameera.

‘Namni guddaan jaartii dhabaaf ilmoo dhabe’’’Mahammad (2021:f209)

Seenaas asoosamichaa keessatti Milkii fi Baalchaan osoo daandii gara Gullallee Badhaasoo nama geessurra adeemaa jiranii masgiida bira hogguu gahan Milkiin “Lammii” jedhee mucaa Masgiida keessaan gad bahe tokko dubbise. Baalchaan maqaa mucaa dhagahee Masgiidaa gad bahuu isaatis agarraan “Lammii jedhanii musliimni jiraayii?” jedhee gaafate. Milkiin sammuun Baalchaa fayyaa ta’usaa shakke. Maqaa fi amantaa gargar baasee wallaaluun isaa isa sukkanneesse. Namoonni tokko tokko otuu waa addaan hin baafatin kan haasahan ni jiru. Barreessichis haala kana ibsuuf mammaaksa kanatti dhimma bahee jira.

‘...teessee garaa dhiibuu manna deemtee miila dhiibuu wayya’’’Mahammad (2021:f220)

As keessatti wanti darbuun barbaadame taa’uun akka faayidaa hin qabneedha. Yoo deeman bu’aan argamuu danda’a. yoo taa’an garuu homaa buusuun akka hin danda’amne ibsa. Barreessichis haala kana calaqqisiisuuf mammaaksa kanatti dhimma bahuusaa mul’isa.

‘Bal’inni Finfinnee garba keessaa lilmoo barbaaduudha’’’Mahammad (2021:f222)

Ergaan akka darbu barbaadame, Finfinneen magaalaa guddoo waan taateef, nama barbaadan argachuun ni ulfaata. Namni Finfinnee keessa jiraatu akka Galaanaa waan baay’atuuf nama fedhan argachuun daran rakkisaadha. Lilmoo galaana keessa barbaadunis hagam akka ulfaatu ni hubatama. Seenaas asoosamichaa keessatti Caaltuun Milkii argachuuf Finfinnee deemtus milkaa’uu hin dandeenye. Finfinnee keessa nama barbaadanii argachuun akka cimu hubatte. Barreessaan asoosama kanaas haala kana ibsuudhaaf mammaaksa kanatti dhimma bahe.

‘Samiin hin qotamu,nugusni hin kasasamu’’’Mahammad (2021:f319)

Seenaas asoosama kanaa keessatti namfakkiin muummee hojiirraa akka ari’amuuf xalayaan kennamteef. Namfakkiin kun kana dura miseensa ta’i jennaan waan dideef akka hojiirraa ari’amuuf murtaawe. Waan godhu wallaallan namoota hedduun mari’ate. Ta’us lafa itti yaada isaa ibsatu waan hinqabneef dhiifama gaafachuu akka qabu itti hime. As keessatti samiirra qotanii nyaachuun waan hin danda’amne ta’uu fi mootummaa wajjin walkasasanii eessayyuу

jiraachuun kan hindanda'amne ta'uu ibsuudhaaf barreessichi mammaaksa kanatti dhimma baheera.

4.2.3. Xiinxala Itti fayyadama Jechamootaa

Jechamni afoola Oromoo keessaa tokko yemmuu ta'u, hawwaasa tokko keessatti dubbii mi'eessuuf kan tajaajiludha. Afaan Oromoo keessattis jechamni hiika lama kan qabu yoo ta'u , hiika ifa ta'ee ibsamuufi keessatti immoo hiika dhookataa kan qabudha. Fedhaasaa,(2017: f 88) jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatudha.... Hiika fuulduuraaf duubaa qaba...Akka rakkoon irra hingeenyef yaada dhokataan jechootatti fayyadamee waan jechuun barbaadame hima”

Walumaagalatti jechamni jechoota hiika garaagaraa qaban irraa ijaaramee hiika addaa kan qabudha. Hiika dhokataa jechama afaan tokkoo bira gahuuf immoo aadaa hawaasa afaan sanaa bekuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan asoosama' Bishaan Gubate' keessatti haalli itti fayyadama jechamaa maal akka fakkaatu erga funanamaniin booda xiinxalamuuun dhiyaataniiru.

‘Milkiin kutaa keessaa akkuma gad baheen ijji isaa waa agarte. Waan isa rifachiise osoo hin beeyne onneen isaa naate’ ’Mahammad (2021:f10)

Waraabbii kana yemmuu ilaallu, ‘**onneen isaa naate**’ kan jedhutu dhiyaate. Askeessatti onneen isaa naate jechamni jedhu hiika rifate, bir jedhe kan jedhu qaba. Seenicha keessatti barreessaan kan guyyaa gaafa Milkiin Caaltuu argee rifatee agarsiiseera.Namoonni tokko tokko gaafa nama barbaadanii dhaban argatan kan gammachuu keessa nahan ni jiru.Barreessaan kunis jechama kanatti dhimma bahuun isaa hubatameera.

‘Miira yerootiin masakamuu malee jaalala fiulduraa namni yaadu akka hin jirre bareechitee beeyti.Kanaafuu afaan mi'eeffatanii itti haasawuu isaaniitiif gurra osoo hin kenning kaayyoo isiirratti cichitee kana hunda keessa dabarte.Mahammad (2021:f11)

Bifuma walfakkaatuun ‘**afaan mi'eeffatanii** ‘ jechama jedhu argina. Afaan mi'eeffatanii jechamni jedhu hiika afaan tolani, arraba dhadhaa dibatanii kan jedhu qaba. Seenicha keessatti dardarri magaalaa Calanqoo Caaltuutti siqachuuf jedhanii akka ishee rakkisaa turan mul'isuuf kan itti gargaarameedha.Namoonni akka kana arraba tolani nama gowwomsan hedduun akka jiran hubanna.Barreessaan kunis haala kana ibsuuf jechama kanatti gargaaramee jira.

“Wanti dubbisu hundi garaa isa balleesse” Muhammad (2021:f17)

Kana malees ‘**garaa isa balleesse**’ kan jedhutu dhiyaate. Garaa isa balleesse jechamni jedhu hiika garaa isa booresse, jeeqe, yaada keessa galche kan jedhu qaba. Seenicha keessaatti Milkiin kitaaba ‘Suuraa Abdii’ fudhatee wayita dubbisuu jalqabu kan achi keessa jiru booyicha itti taate. Waan kitaaba dubbisaa jiru osoo hin ta’in, waan jirenya san jiraachaa jiru itti fakkaate. Namoonni tokko tokko waa’ee ta’ii tokkoo yeroo dhagahan ykn waan ofii keessa jiran kan se’an hedduutu jira. Barreessichis haala namfakkii muummee kanaa agarsiisuuf jechama kanatti kan gargaaramedha.

‘Bifaan haalaan diimaa waan taheef, joolleen hogguu wallolan ‘Araba Kasaare’jetiin
Muhammad (2021:f18)

Jechamni **Araba kasaare** jedhu hiikni isaa waan bu’aa hin qabne, kan gatii hin qabne, faayida dhabeessa kan jedhu bakka bu’a. Seenicha keessaatti Aanaan bifaan diimaa waan ta’eef,ijoolleen yogguu wallolan ‘Araba kasaare’ jetiin.Namoonni tokko tokko yemmuu walitti mufatan jechaan walmadeessu. Yeroo namaan walitti bu’amu fuulli namaa ni jijiirama.Barreessaan asoosama kanaas haala kana ibsuuf jechama kanatti dhimma baheera.

‘Rifeensi isaa luuccaan kan haati isaa tottolchiteef buukii jaldeessaa itti fakkaate’
Muhammad (2021:f29)

As keessatti jechama **buukii jaldeessaa** jedhu argina. Hiikni jechama kanaa ni hamaraa’e kan jedhu bakka bu’a. Seenicha keessaatti rifeensi Milkii luuccaan kan haati isaa tottolchiteef nihamarraa’e.Ijoolleen haadha malee jirenya gaarii jiraachuu akka hin dandeenye ergaa dabarsa. Barreessichis haala kana ibsuuf jechama kanatti fayyadamee dhiyeesseera.

*‘Taphattoota kubbaa miilaa kanneen rifeensi isaanii dheeraa maqaa dhawee rifeensi
isaatiis luuccaa waan taheef dheeratee duubatti yoo hidhame akka miidhagu gurra
buuse’* Muhammad 2021:f44)

Waraabbii kana keessatti jechama **gurra buuse** jedhu argina. Hiikni isaa itti hime, itti dubbate kan jedhu bakka bu’a. Seenicha keessaatti Roobaan rifeensi Milkii yoo dheerate akka bareedu itti hime. Taphattoota kubbaa miilaa kanneen rifeensi isaanii dheeraa maqaa dhayee rifeensi isaatiis luuccaa waan ta’eef dheeratee duubatti yoo hidhame akka miidhagu itti dubbate. Namoonni

tokko tokko waan namarraa bareedu namatti himu.Tokko tokko immoo faallaasaa namatti himu. Barreessichis haala kana ibsuuf jechamatti fayyadamuun dhiyeessuun isaa hubatamee jira.

“Bareento Milkii waggaa tokko qofaan caalus,dubbiin inni dubbatu garuu maanguddoo hancufa liqimsite isa fakkeessiti” *Mahammad (2021:f53)*

Hiikni jechama kana lafa guure, raage, bubbuleera, umuriin deeme sammuun bilchaate kan jedhu bakka bu'a.Seenicha keessattis Bareentoon Milkii waggaa tokko qofaan caalus, dubbii inni dubbatu akka nama raagee ta'uu isaa agarsiisuuf bareessichi jechama kanatti fayyadame. Namoonni tokko tokko umriin haa xiqqaatan malee sammuun guddaa akka ta'an ergaa dabarsa.

“Hanga ija isaa duraa achi fagaattutti laalee ijumaan gaggeesse” *Mahammad (2021:f55)*

Dabalataanis, **ijumaan gaggeesse** ‘ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kana duukaa ilaale kan jedhu bakka bu'a.Seenicha keessatti Caalaan maallaqa kenneefi yeroo deemu Milkiin garaa nyaannaan duukaa ilaale.Namoonni tokko tokko yeroo nama geggeessan garaan isaanii ni boora'a.Amma fagaatanitti nama duukaa ilaalu. Sababnisaa oolmaa namni sun godheef yaadatu. kanaaf ijaan gaggeesse jechuun miirri isaa hanga inni dahatuutti faana bu'ee deeme jechuudha.

“Kan tokkummaa Oromoo jaalatu hundi Guutamaa waliin gammade.Diina Oromoo kutaadhaan quoduuf hawwu ammo garaatu gubate” *Mahammad (2021:f64)*

Waraabbii armaan olii keessatti hiikni jechama kanaa ni aare, ni gadde jedhu bakka bu'a. Seenicha keessatti kan tokkummaa oromoo jaallatu hundi Guutamaa waliin gammade.Diina oromoo kutaadhaan quoduuf hawwu ammoo garaatu gadde. Barreessichis haala kana ibsuudhaaf jechama garaatu gubate jedhutti fayyadamuun agarsiisee jira.

“Iftuun kan kabajaa Milkiif qabdu samii dhayxe” *Mahammad (2021:f67)*

Waraabbii armaan olii keessatti ‘**samii dhayxe** ‘ jechama jedhutu dhiyaate. Hiikni jechama kana ni duute, obbaafatte, ni boqotte, lafarraa godaante kan jedhu bakka bu'a. Seenicha keessattis Iftuun kan kabajaa Milkiif qabdu aara galfatte.Addunyaa kana keessatti namni gaariin lafarra akka hin turre ergaa dabarsa.

‘Haati Milkii yaadaan bobbaatee, doonii yaadaatiin waggaa 18 duubatti deebite’’*Mahammad (2021:f70)*

Akkasumas ‘yaadaan bobbaate’ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kana yaadaan deemte, yaadaan qaarite, yaadaan sokkite kan jedhu bakka bu’ a. Seenicha keessatti haati Milkii doonii yaadaatiin waggaa 18 duubatti deebite. Yeroo Milkiin dhalatu Moosisaan lafa abbaa isaa irraa dhaale gurguree makiinaa bitee nama oofutti kenne. Makiinaan galii galchiti jedhamtee bitamte waggaa tokkoyyuu osoo hin turin meeshaa tanatu cabe, tanatu bade; osuma jedhanii kasaaraa seensiste. Namoonni hedduun osoo taa’anii yaadaan buusanii baasu; bakka garagaraa dhaqu. Barreessaan asoosama kanas haala kana ibsuuf jechamatti fayyadamuun dhiyessee jira.

‘Mana adaadaa isaatti rakkina keessa akka jiru yeroo duraatiif tan Ujiitti himte isii waan taateef haala inni keessa jiru quba qabdi’’*Mahammad (2021:f72)*

Waraabbii kana keessatti ‘quba qabdi’ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kana ni beekti ,ni hubatti kan jedhu bakka bu’ a. Seenicha keessatti Ayyaantuun haala Milkiin keessa jiru bareechitee beekti. Namoonni tokko tokko rakkoo namaa kan hubatan jiru. Kanamalees namoonni mana namaa jiraatanii beekan dafanii rakkoo namaa hubatu. Sababnisaa jireenyi mana namaa ulfaataadha. Sangaan biyya ormaatti hin baroodu akkuma jedhamu, namni mana namaa taa’u rakkoo isaa himachuu hin danda’ u. Iddoo ooladirra iddo bulantu caala waan ta’eef.

‘Milkiin bakka haati isaa jirtutti rakkina isarra gahu waan hinjirreef harmeen isaa isAAF gaachana’’*Mahammad (2021:f81)*

Dabalataanis ‘isAAF gaachana’ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kanaa gargaaraa, deegaraa, eegduu, meeshaa waa namarrea qolatu kan jedhu bakka bu’ a. Seenicha keessattis Milkiin bakka haati isaa jirtutti rakkina isarra ga’ u waan hin jirreef harmeen isaa isAAF eegduudha. As keessatti haati ofii dahoo waan hundumaa; haala kam keessattiyyuu kan nama gattee hin deemne akka taate hubanna. Barreessichis haala kana ibsuuf jechama kanatti fayyadamuun dhiyessee jira.

‘Yeroo joolleen ‘nutti orraate jedhanii fiigan inni akka nama bashannanaaf baheetti suuta deema’*Mahammad (2021:f126)*

Waraabbii armaan olii keessatti ‘nutti orraate’ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kanaa nutti dheekkame, nutti banbane, nu lole, nutti aare kan jedhu bakka bu’ a. Seenaas asoosamichaa

keessatti Milkiin mana barnootaa kan deemu minimiidiyaadhaan ispoortii gabaasuuf waan ta'eef guyyaan sagantaan ispoortii hinjirre gammachuu hin qabu. Yeroo ijoolleen nutti aare jedhanii fiigan inni akka nama bashannanaaf ba'etti suuta deema. Barreessichis haala kana ibsuuf jechamatti dhimma bahuun agarsiiseera.

*'Hariiroon Caaltuu wajjin qabdu cimaa wayta deemtu guyyaa tokko mana isaanii fuutee geessitee firooma isii wajjin qabdu **hidda gad jabeessite**'* Muhammad (2021:f147)

Waraabbii armaan olii keessatti '**hidda gad jabeessite**' jechama jedhu argina. Hiikni jechama kanaa firooma cimsite, walitti dhufeenya cimsite kan jedhu bakka bu'a. Seenicha keessatti Faayoon barcaan mana Caaltuu waan itti toleef walitti dhufeenya Caaltuu waliin qabdu cimsachaa deemte. Addunyaa kanarra namoonni karaa adda addaatiin firooma cimsachuu akka danda'an ergaa dabarsa. Barreessichis haala kana ibsuuf jechama kanatti dhimma baheera.

'Iftuun waan hedduutti gufuu taate' Muhammad (2021:f153)

Waraabbii kana keessatti '**gufuu taate**' jechama jedhu argina. Hiikni jechama kanaa ni danqite, karaa dhowwite kan jedhu bakka bu'a. Seenicha keessatti Milkiin Faayoo akka garaa isaatti hammatee dubbisuuf Iftuun mana keessa waan jirtuuf isa danqite. Addunyaa kanarra namoonni jiruufi jirenyaa keessatti nama danqan hedduun jiru. Barreessichis jechama kanatti dhimma bahuun isaa hubatameera.

'Biyya alaatii dhufe jennaan namni hundi daa'ima qabu heerumiisuuif ija hinrigatu' Muhammad (2021:f175)

Waraabbii kana keessatti '**ija hin rigatu**' jechama jedhutu jira. Hiikni jechama kanaa hin didan, jala hin deebisan kan jedhu bakka bu'a. Seenicha keessatti namni biyyaa alaatii dhufe qabeenya guddaa akka qabutti ilaalam. Kanaaf biyya alaatii dhufe jennaan namni hundi daa'ima qabu heerumiisuuif jala hin deebisu. Kunimmoo ilaalcha dogongoraa akka ta'e hubatama. Barreessaan kunis haala kana ibsuuf jechama ija hinrigatu jedhutti dhimma bahuun dhiyessee jira.

*'Roobaan yeroo boqonnaa dhaqee nama isii jajjabeessu fakkaatee Milkii irraanfachiisuuif yaala.Ishiidhaaf liqimfamuu baatus hammeenya Milkii itti hima.Inni ammaa isii dagachuu akka hin oolle **olola gurra guuta**'* Muhammad (2021:f218)

Waraabbii kana keessatti ‘**olola gurra guuta**’ jechama jedhu argina. Hiikni jechama kanaa oduu sobaa itti odeessa, oduu dharaa itti hima, waan dhugaa hin taane itti dubbata kan jedhu bakka bu’ a. Seenaa asoosama kanaa keessatti Roobaan yeroo boqonnaa dhaqee nama Caaltuu jajjabeessu fakkaatee Milkii irraanfachiisuuf yaala. Ishiidhaaf liqimfamuu baatus hammeenya Milkii itti hima. Addunyaa kanarra namoonni waan gaarii namaa yaadan fakkaatan hedduun akka jiran ergaa dabarsa. Barreessichis ta’ii kana ibsuuf jechama olola gurra guuta jedhutti gargaaramuu ergaasaa dabarfateera. Walumaagalatti, akkataan itti fayyadama afaanii asoosama keessatti argaman walitti qindaa’uu gadadoo, rakkoo siyaasaaf dinadee, abdii kutachuu ykn abdiidhaan jiraachuu, rakkoo maatiifi firaaj wajjin qaban, dhiphina ykn rakkina jiru akkasumas, haala jiruuf jireenya dargaggoota oromiyaa maal akka fakkaatu haala miira dubbistootaa keessatti fakkii uumuu danda’uun dhiyaatee jira. Dabalataanis, muuxannoo jaalalaa keessatti tokkummaa Oromummaa kan agarsiisanidha.

BOQONNAA SHAN: GOOLABAIFI ARGANNOO

Boqonnaa kana jalatti bakka goolaba,argannoofi yaadni furmaataa waraqaa qorannoo kanaa gabaabinaan keessatti ibsamee jirudha.

5.1. Goolaba

Qorannoон kun “Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama ‘Bishaan Gubate’ keessatti” jedhu irratti kan xiyyeffatedha.Innis asoosamoota kana keessatti itti fayyadama afaanii argaman akkaataa walfakkaataniin walitti sassaabuun ergaa akkamii akka dabarsan xiinxaluuf kan geggeeffamedha.Haaluma kanaan mataduree qorannoo kana jalatti, qabxiileen adda addaa xiyyeffannoон ilalamaniiru.Innis, maalummaa ogbaruu irraa yoo eegaluu,Ogbarruun hojiilee kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee, barreffamaafi afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha.Hojiilee kalaqaa ogbaruu barreffamaa keessaa isaan gurguddoon: asoosama, walaloofi do’ii(diraamaa) yoo ta’an qorannoон kun hojiilee kalaqaa kana keessaa asoosama irratti kan xiyyeffatedha.

Asoosamni, gooroo ogbaruu barreffamaa keessaa tokko ta’ee, hojii kalaqa ilma namaa addunyaa kana keessatti raawwatu, kan barreessaan fuula waraqarratti qindeessee namaaf dhiheessudha. Asoosamni tokko yeroo barreffamu, itti fayyadama afaan garagaraa kan of keessatti hammatu yoo ta’u, isaan keessaa muraasni malleen dubbii, mammaaksaaifi jechamaadha.Barreessaan tokko karaa asoosamaa ergaa barbaade tokko ibsuuf, waan garagaraan walqabsiisee sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti suura kaasuun, akka isaan nuffii tokko malee xiyyeffannoон hordofaniif malleen dubbii,mammaaksaaifi jechamatti dhimma baha.Qorannoон kunis,asoosamoota Afaan Oromoон yeroo adda addaatti barreffamaa jiran keessaa kan yeroo dhihoo as barreffame fudhachuun malleen dubbii,mammaaksaaifi jechama asoosama filatame kana keessa jiru xiinxaluuf kan geggeeffamedha.Haaluma kanaan,qorannoон kun dayeessa faayidaa(functionalism) jedhutti gargaaramuun haala itti fayyadama afaanii asoosama ‘Bishaan Gubate’keessatti argaman akaakuu isaaniitti qoqqooduun ergaa akkamii ibsuuf akka fayyadan xiinxalamaniiru.Qoranno kana keessatti,ragaaleen sassaabaman jechaan waan xiinxalamaniif saxaxni qoranno hojiirra ooles,saxaxa ibsaati.Akkasumas,sakatta’ a dookumiintti gargaaramuun,ragaalee argaman walitti sassaabuun jechaan waan ibsamaniif,gosa qoranno akkamtaatti gargaaramteetti.Irraawwatamni qoranno kanaas,asoosamoota Afaan

Oromoont barreeffamaa jiran keessaa, kan yeroo dhihoo as barreeffame ‘Bishaan Gubate’ irratti kan daangeffamedha. Sababnisaa asoosamni kun mataduree qorannoo kana waliin deemuun itti fayyadama afaanii gahaa waan of keessaa qabuuf. Kanas mala iddattoo miti carraa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataati dhimma bahameera. Sababni malli kaayyeffataa filatameefis, qorannoong geggeeffame kitaaba asoosama ‘Bishaan Gubate’ jedhu dubbisuudhaan itti fayyadama afaanii ilaalame galmaan gahuu waan danda’uuf.

Maddi ragaa qorannichaa hojiirra ooles, madda ragaa tokkoffaadha. Sababnisaas, kallattuumaan asoosamicha keessaa odeeffannoo mataduree kana waliin deeman walitti sassaabamanii kan xiinxalamen waan ta’eef. Haaluma kanaan meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oole, sakatta’ a dookumantiidha. Malli xiinxala ragaalee qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame, asoosama kana irradeddeebiin dubbisuun malleen dubbii, mammaaksaafi jechama achi keessa jiran akkaataa walfakkaataniin walitti sassaabamaniiru. Dhumarrattis, waraqaa qorannoo kana keessatti, itti fayyadama malleen dubbii, mammaaksaafi jechama argaman tokko tokkoon isaanii ergaa akkamii ibsuuf akka galan ibsamaniiru.

Walumaagalatti, asoosamni filatame kun asoosamoota Afaan Oromoont yeroo dhihoo as barreeffaman keessaa isa tokko yoo ta’u, akkaataa barreessaan asoosama kana keessatti mala dubbii, mammaaksaafi jechamatti fayyadamuun ergaa dabarfate hubatameera.

5.2.Argannoo

Kaayyoont qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii asoosama matadureen ‘Bishaan Gubate’ jedhu keessatti argaman sakatta’ uifi xiinxaluu yoo ta’u, qorattuunis, odeeffannoowwan asoosamicha keessaa funaantuun kallattii adda addaatiin erga xiinxaltee booda argannoowwan armaan gadii keesseetti.

- ✓ Qabiyyeen gosoota itti fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul’atan malleen dubbii kanneen akka:(akkasaa, iddeessa, nameessa, eemiti, habalaka, arbeessuu, ateessaafi anyaarsee) akkasumas, mammaaksaafi jechama akka ta’e hubachuun danda’ameera.
- ✓ Dhaamsi barreessaan dubbistoota biraan gahuuf kaayyeffatee ka’e ergaa kanneen akka gadadoo, rakkoo siyaasaaf dinagdee, abdii kutachuu ykn abdiidhaan jiraachuu, rakkoo maatiifi firaaj wajjin qabaniif dhiphina ykn rakkina jiru maal akka fakkaatu haala miira dubbistootaa

keessatti fakkii uumuu danda'uun dhihaatee jira.Dabalataanis, muuxannoo jaalala keessatti tokkummaa Oromummaa kan agarsiisu ta'uu bira gahameera.

✓Fayyadamni afaanii barreessaan itti fayyadame kanneen akka:malleen dubbii,mammaaksotaafi jechamootaa kunniin barreffamichi gama yaa'aa yaadaatiifi filannoo jechootaatiin miidhagina akka qabaataniifi ergaa dabarsuuf barbaadame dubbisaan nuffii tokko malee dubbisuun akka hubatu gumaachanii jiru.

✓Barreessaan asoosamichaa fayyadama afaanii gargaaramuun taateewwan qabatamaa hawaasicha keessatti duriifi yeroo ammaa raawwachaa jiran haala miidhagina qabuun dhiheessee jira.

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa: Yaadrimi qorannoo Huujoo*: Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa (2016). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo*. Far-East Trading PLC.

Asaffaa Tafarrraa (2009). *Eela, Seenaa Ogummaa Oromoo*. Finfinnee: Far-East Trading Press.

Badenhorst, C. (2008). *Dissertation Writing: A research journey* Pretoria: Van Schaik Publishers.

Biraanuu Maatiyoos (2009). *Fundamentals Of Literature*. Addis Ababaa: Alpha Printers PlC.
Birhanu Matiwos (2013)_____

Dastaa Dassaaleny (2009). *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababaa: Mana Maxxansaa Boolee.
Publications Associations With British Council.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing.

Fedhasaa Taaddasaa(2017).Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo:Finfinnee,Oromiyaa:Ilsbaa.

Filee Jaallataa (2019). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Filee Jaallataa(2016).*Beekumtaa Oromoo I:Naqamte.Oromiyaa:Raajii.Finfinnee*

Finnegan R. 1970. *Oral Literature in Africa*. The Oxford library of African Literature: Oxford University Press Eastern Africa.

Finnegan R. (1978). Oral literature in africa (4thed: oxford university press).

Geofrey leech and Mick Short.(2007).Style in fiction. A linguistic Introduction to English.

Hurruumee Daggafaa(2014). *Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Tuulla Cubbuu Irratti*

Xiyyeffachuun Digirii 2^{ffaa} Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf yuunivarsiitii

Finfinneef Dhiyaate.(Kan Hinmaxxanfamne).

Kadiiraa Alii (2016). *Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadama Afaaniirratti xiyyeffachuun.*

Digirii 2^{ffaa} Afaan Oromoo fi Ogbarruu ittiin guuttachuuf yuunivarsiitii Finfinneef

Dhiyaate.(kan Hin maxxanfamne).

Mahammad Siraaj (2021). Bishaan Gubate:Asoosama Afaan Oromoo:Noolee Dagaal.

Mangashaa Riqiituu.(1992).Oromo oral treasure for new generation:proverbs and sayings of the
Oromo people with English explanation.london,top print

Melakneh Mengistu (2003). *Fundamentals Of Literature.* Addis Ababa University: Branna.

Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaanii fi Af_walaloo Oromoo.*
Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa (2012). *YANDOO: Ogummaa fi Og_walaloo Oromoo.* Finfinnee
Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa.(2013). *Guuboo Seenaa:*Finfinnee:Oromiyaa.

Muhaammad Abduramaan (2013).Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Gurraacha
Abbayyaa keessatti. Digirii 2^{ffaa} Afaan Oromoo fi Ogbarruu ittiin guuttachuuf
Yuunivarsiitii Jimmaaf Dhihaate.

Rabbirraa Tafarraa (2011). *Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9 fi 10.* Finfinnee,
Itoophiyaa.

Sims,M.and Stephens,M(2005),Living Folklore.An introduction to the study of people on their
tradions,Logan Uta:University press.

Dabaleewwan

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejji Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti

Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf Dhihaate

Dabalee ‘A’Mala Dubbii Akkasaan Dhihaate

“Fuullisaa bareedaan **biiftuu ganamaa fakkaatu** gammachuudhaan guutuudha.**Akka harree fe’iisni itti guddatee** deemsa isaa itti dhuufuu yaastuutti inniinis aara yaasaa daandii Dhangaggoo **kanakka bofaatti mammaramurraitti** fufe;Namni hundi akka waan waliin ooduutti callisee jira”(Mahammad,2021:f1)

“Fuullisaa kan duraanii caalaa amma mul’ata;mallaan isaa...burtukaana rarra’u fakkaatti;furdinni qaamasaa ...dureessa isa fakkeessee jira”(Mahammad,2021:2)

“Gaazexeessitoota ispoortii akka gosa barnootaa tokkootti maqaa isaanii qo’atee jira Akka waan koree dorgommii taheetti yeroo hunda achii hin dhabamu;...akka nama mindaan kaffalamuufiitti...”(Mahammad,2021:f3)

“Namni waan fedhe jechuu mala malee Milkiin garuu huccuuakkanaa kaayyachuu isaatti waan qaafatu osoo hin tahn **waan boonu fakkaata”**.(Mahammad,2021:f4)

“Tokko tokko kan akka waraabessa itti bari’ee liph liph ja’u malee daandiiraa namni hin mul’atu.Keessummaa yookaan nama jimaan bitachuuf yeroon itti dabarte yookaan nama mana namaatti deemutu magaalaan ona akka hin fakkaanne godha.(Mahammad,2021:f6)

“Guntutni shamarranii kan gunteellaa malee dhaabbatu **waan keessaan bahee nama waraanu fakkaata”**(Mahammad,2021:f7)

“Keessi isaa akka waan oneetti duwwaa itti fakkaate;Akka faaya wahiitti hidhiinsaa gad rarraate;akka bikaa bisaanii kan gartokkoon capheetti imimmaan isaa dhangala’e;imimmaan Milkii kan addaan hin cinne **akka roobaatti fuularraan gad yaa’uu itti fufe”** (Mahammad,2021:f8)

“Nama hedduu waa’een Calanqoo yeroo ka’u dhiiga akka galaanaa yaa’eetu sammuutti dhufa”(Mahammad ,2021:f9)

“Daqiiqaa afurtamman ta waggaa 40 itti fakkaatte obsaan dabarse’ Fuulli isaa kan akka waan adurreedhaan walolee kokotteeffame,...fuulli isaa fuula shamarran mana bunaatii wallolaa bulan fakkaata”(Mahammad,2021:f10)

“...akka adurree somba agarteetti mooraa isaaniitti walgahaa ture”(Mahammad,2021:f11)

“Akka nama boru’ konsartii ‘muuziqa qabuutti wallee shaakalaa bule’ ’(Mahammad,2021:f13)

“Sabboonummaan waan namaa jibbuu osoo hin taane waan ofitiin boonuu akka tahe itti himte”(Mahammad,2021:f16)

“Nama guyyaa guyyaadhaan fuula haarayaa dubbisu osoo hin ta’in,nama guyyaa guyyaadhaan fira awwalu fakkaate”(Mahammad,2021:f17)

“...fedhiin isaa akka haroo bishaan itti yaa’utti ballachaa waan deemteef,kitaaba Caaltuu bira jiru tokko tokkoon guuree dubbisee fixe”(Mahammad,2021:f18)

“Haala paartilee siyaasa Oromootis, yeroo haasawu barataa seenaa yookiin nama siyaasaa fakkaata”(Mahammad,2021:f19)

“...akka lakkuu haati abbaa malee dhiistee duutee,wajjin bobbahanii wajjumaan gala turan;akk masanuutti wal ilaaluuf yeroo dheertuu itti hin fudhanne;akka gurra lamaaniitti kallattiin isaanii adda adda taate”(Mahammad,2021:f20)

“Daandiin makiinaan irra deemtu waan bututeef namni hundi ni hurgufama.Keessattuu warri duubarra taa’u ragada Tuulamaa waan shaakalan fakkaatu.Warra ganama waan waliin oodu ffakkaatu hunda amma iyyisiisaa jira”(Mahammad,2021:f22)

“Du’afsi Ameerikaan waan hin oolle kan itti fakkaatu hedduudha.Hiyummaan maatii isaa Ameerikaa dhaquudhaan waan furamtu itti fakkaata”(Mahammad,2021:f26)

“Onneen isaa waan isa keessaa lafatti buute itti fakkaate”(Mahammad,2021:f28)

“Rifeensi isaa luuccaan haati isaa tottolchiteef buukii jaldeessaa itti fakkaate.Milkiin gabaabaan furdina qaama isaa wajjin kubbaa mila qabdu fakkaatu sun (Mahammad,2021:f29)

“Teepii Naashinaalaa harkatti qabatanii Wallee Afaan Oromoo bananii ganda guutuu mana cidhaa fakkeessan; Ajjeechaa namichaa booda waraanni ganda gabaa fakkeesse sun lafa haa seenu samii haa seenuu osoo hin beekamin dhabamaa tahe”(Mahammad,2021:f29)

“Sa’ a muraasa booda waraanni wayyaanee kan odeessa argate bitamtoota isaa waliin akka awwaannisaa dhufee ganda weerare”(Mahammad,2021:f30)

“Bakka namni hin jirretti garuu akka adurree hantuutatti taphattuutti Milkiitti taphachuu feeti”(Mahammad,2021:f34)

“Akka warra siyaasaatti olola dharaa afarsa. Bareento akka jaartii ulfaatti yeroo yeroodhaan wanna nyaatu jijiira”(Mahammad,2021:f37)

“Daa’imuma yeroo hunda furriin irraa hin cinne fakkaatti Finfinneen’ (Mahammad,2021:f39)

“Roobaan umrii dheertuu mana barumsaa Afran Qalloo keessatti waan fixeef, akka barataatti osoo hintaane, akka qabeenya mana barnootaatti ilaalamaa ture”(Mahammad,2021:f40)

“Miseensa koree federeeshinii kubbaa miilaa fakkaata malee akka nama laga harree jiruutti hin haasa’u; dhalaan akkamitti akka nama jaallattu, dhalaan of jaalachiisuuf adeemsa jiruufi dhalaan meeqa jaalalaan akka maraache odeessa. Yeroo waa’ee kanaa haasa’u hayyuu xiinsammuu fakkaata”(Mahammad,2021:f41)

“Roobaan mana barnootaarraa abdii kutachu didee akka qocaatti osoo tiratuu kutaa 7^{ffaa} gahee Milkiidhaanis walbare. Yoo akka gaariitti ilaalan hantuuta fakkaatti” (Mahammad,2021:f42)

“Milkiin qaamni isaa dhiigaan osoo hintaane akka waan jaalala ispoortiin dalaguutti nama waa’ee ispoortiin itti haasa’u wajjin turuun haraada itti ta’ee jira”(Mahammad,2021:f43)

“Yeroo walakkaa gahu akka nama makiinna argee hin beeknee ta’e; Waan jannata namni seenuuf waaqeffatu ijaan argae itti fakkaate”(Mahammad,2021:f46)

“Waan namni kophee baafate osoo hin tahan waan boollii finoolii banamte fakkaata”
(Mahammad,2021:f48)

“Bareento Milkii wagga tokko qofaan caalus,dubbiin inni dubbatu garuu maanguddoo hancufa liqimsite isa fakkeessite;gurrisaa haalaan bal’aa waan ta’eef maxeebaa xiqqoo fakkaata;fuullisaa kan akka biyyee lafaa,nama nyaatee hin bulle isa fakkeesee jira”(Mahammad,2021:ff53-55)

“...miilaan akka makiinaatti dhukkee kaasaa Qafiira keessaan qaxxaamura.Akka fiigicha qaxxaamura biyyalessaatti Qafiira keessaan ykn kooneeliin bahee ‘highschool’ dhaqa”(Mahammad,2021:f59)

“...simannaa isaanii cidha fakkeessan ;Urjii hiyyummaan akka finniisaatti fuularraan baatee jirti”(Mahammad,2021:ff64-65)

“Milkiin nyaatee quufuufi dhugee dheebuu bahuu baatus jirenya qananii waan jiraatu fakkaata”(Mahammad,2021:f75)

“Urjiin carraa isiitti gaddaaakka maraattutti kophaa haasawaa gara Finqilleetti qajelte”(Mahammad,2021:f84)

“Akka nama ibidda itti qabsiisaniitti keessi isaa gubate. Akka nama dhukkubsateetti wanni hin beeayne tokko keessa isaatti dhagahame”(Mahammad,2021:f88)

“Bineensa yeroo yeroodhaan bifaa jijiirratu itti fakkaate”(Mahammad,2021:f93)

“Huccuun inni kaayyatu Viillaa inni keessa jiraatuun walfakkaattee hin beeytu”
Mahammad,2021:f94)

“Bunammoo akka bisaaniitti dhugus araada akka itti hinta’in namni hundi ni beeka”(Mahammad,2021:f97)

“Faanni isaa tan akka namaa isaaf akka hundee mukaatti tilmaamamte” (Mahammad,2021:f98)

“...akka bofaatti deema...;akka sabbataatti mammarama...”(Mahammad,2021:f99)

“...akka hattuu poolisa jala miliqaa deemuutti karaan fooqiirraa goraa deema”
(Mahammad,2021:f103)

“Ilkaan isaa diimatee timaatima tortore fakkaatee jira;ati bar fuulli kee dinnicha kombolchaa fakkaataa”(Mahammad,2021:ff109-110)

“Ilkaan isaa kan ala jiru uumama bira isa fakkeesse jira”(Mahammad,2021:f115)

“...mataan isaa rifeensaan guutamee waan jiruuf bosona xiqqoo takka fakkaatee ture”
(Mahammad,2021:f122)

“...harki timaatima bilchaate fakkaate”(Mahammad,2021:f139)

“Faayoon bareedduun warra Gooroo Muuxii tan jimaa akka biddeenaatti nyaattu osoo Milkiin isii jaalatuu jaalala isaa dhiistee Keeniyaatti godaante.Wallee bantee shiishaa akka meeshaa muuziqaatti cinaa iyyisiisti”(Mahammad,2021:ff145-146)

“Milkiin bilbila eega cufee booda akka nama dhukkubni akka uffataatti irraa fuudhameettii gammachuudhaan ol utaale;..meeshaan barcaaf qophooyte waan maraataan keessa oole fakkaatti.Akka waan namni lafarraa dhabameetti magaalaan itti onte”(Mahammad,2021:ff154-155)

“Akka waraana duulaaf baheetti tarkaanfii dheeressaa deemsaa eegalan.Namni akka waan kittaanameetti babargaanfachaa yoo deeman malee dhagaan gaara ciisaa nama hin deemsisu.”(Mahammad,2021:f159)

“ Baay’inni isaa ammoo mana nama tokkoo osoo hin tahin araddaa takka fakkaata ; fuullisaa hogguma takkatti adurree dallante fakkaate”(Mahammad,2021:ff161-162)

“Akka haati daa’ima isiitiin loltuutti lolteenii ol seensiste;Jechoonni afaan isiitii bahan akka ableetti isa muran”(Mahammad,2021:ff166-167)

“Dargaggeessi baay’een baatee yeroo seentu akka bineensaa hiriira galee itti dhufa”
(Mahammad,2021:f169)

“Harka isii kan gama isaa ergame qabee akka riqichatti irra deeme.Harki isaa guntuta isii kan akka xuuxxootti dhaabbaatu bira gahe...kan gunteellaa malee akka waraanaatti ol gara galee dhaabbaatu, ijji isaanii akka maagneetaatti walharkiste”(Mahammad,2021:f178)

‘Barumsa ispoortii osoo hin taane barumsa dhalaal waan baratu fakkaata’
(Mahammad,2021:f192)

‘Milki fi inni walcinaa yeroo dhaabbatan lukkuufi cuucii isii fakkaatan’
(Mahammad,2021:f199)

‘Milkiin dhaabbinaan Bilisummaafi Gannat waan hin caalleef isaan jidduu bu’ee hammatee yeroo deemu shamarran sadii waan wajjin deeman fakkaatu’(Mahammad,2021:f202)

‘Barattootni hedduun namitti makiinaan dhuftee maallaqa kaffaltu waan arganiif **Milkii akka ilmoo sooreessaatti laalu**’(Mahammad,2021:f213)

‘Ilkaan isaa tokko gubbaarratti caphee kan jalatti hafe gufuu gubatte fakkaata’
(Mahammad,2021:f231)

‘Mooraan maatii Bilisummaa bal’inni isii **dirree ijooleen keessatti taphattu fakkaatti**’Walakkaa isaammoo makiinaa voolsii **qocaa fakkaattutu jira**’
(Mahammad,2021:f233).

‘Fuullisaa jijiiramee **waan daaraa dibate fakkaata**.Qubeen hundi **Milkii itti fakkaatti**’
(Mahammad,2021:ff264-265).

‘Iillii waan onneen isii bakka lamatti **addaan dhoote itti fakkaate**’(Mahammad,2021:f273)

‘Hanga guyyaan Bilisummaan Gudar deemtu gahutti,isiifi Milkiin **akka daangaa biyyaatti gargar eegaman**’(Mahammad,2021:f283).

‘Seera kabachiisuuf osoo hin taane makiinaa yaabbaatu eeggachuuf **waan dhaabbaatu fakkaata**’(Mahammad,2021:f304).

‘**Firiinis akka meeshaa** daldalaa makiinaa hundarratti fe’amaa oola’(Mahammad,2021:332)

“Haalli isii, akka laga ganna guutee bona goggoguuttiyaadni ishii bakka takka turuu didee daandii isaarratti deebi’e. Onneen isaa akka haroo Haramaayaatti duwwaahafte’’(Mahammad,2021:ff334-335)

“Akka abbaaf ilmaa, akka maatii tokkoo,

Wajjin dabarsuudhaaf ballinaa fi rakkoo,’’(Mahammad,2021:f336).

“Namni qaama isaa yeroo laalu jirenya sadoo, jirenya qananii waan jiraatu itti fakkaata” (Mahammad,2021:f338)

Dabalee ‘B’Mala Dubpii Iddeessaa

“Qilleensa funyaaniin olxuuxee akka makiinaa mootorri ka’aa jiruutti s’ “Qilleensa funyaaniin olxuuxee akka makiinaa mootorri ka’aa jiruutti sagalee dhageessisee...”(Mahammad,2021:f9).

“Hammuma liphuu takkaatti waraana Adda Bilisummaa Oromoo keessaa tokko gara namichaatti rasaasa roobse”(Mahammad,2021:f29)

“Qaama isaa keessaa kan bahu fincaan osoo hin taane ba’aa biraa itti fakkaate” (Mahammad,2021:f50)

“...saree masgiida seente tahes...(Mahammad,2021:f58)

“Manni akkanaa toora kana waan hin jirreef namni halaalaa argu,makiinaa miidhamtee sharaan irratti uffifame se’ a”(Mahammad,2021:f65)

“Fira diina natti ta’etu kana natti fide”(Mahammad,2021:f90)

“Yeroo isiin if baraa dhufte ‘ati dhiira’ jedhaanii guddise”(Mahammad,2021:f92)

“Milkiin gabbina isaarraa yeroo takka takka ‘dibbee’ jedhamee yaamama” (Mahammad,2021:f98)

“Harmi isii qomqrра ta’e malee ulfa baatii torbaa hin hanqatu.marxoo dachaasee hidhatee waan deemuuf ijooleen maraataa jettee dheessiti”(Mahammad,2021:ff114-115)

“Qaamaan furdoо taatus dhommoqinni mudhii isii masoobii biddeenaa fakkaata”(Mahammad,2021:f146)

“Bareedinni isii bishaan lagaati;amalli isii dachii lafaati”(Mahammad,2021:f195)

“Yeroo ammaa kanatti dhalaal durbummaa qabdu arguuf yaaduun nama du'e ni ka'a jedhanii akka yaaduuti”(Mahammad,2021:f206)

“roottoon sun eessa jirti?jedhee ijoollee gaafata”(Mahammad,2021:f226)

“Galgaleen garuu gurraattii gabaabduu furdoo,fuulli isii finnisa”(Mahammad,2021:f233)

“Haalli inni keessa jiru maraatuurraa fagoo miti”(Mahammad,2021:f284)

“Bareedinni uumama Baalee bareedina namaa isa yaadachiise”(Mahammad,2021:f292)

“Maqaatu sireedha malee meeshaa muuziqaa aadaa jechuutu dhiyaata”
(Mahammad,2021:f316)

“Akkaataan jirenya kiyya namni itti yaaduufi haalliniin keessa dabre dachiifi samiidha”
(Mahammad,2021:f339)

Dabalee ‘C’Mala Dubpii Nameessaafi Eemitiiin Dhihaate

“Daandiin waliin nama dhahee nama walitti mufatellee walitti araarsa” (Mahammad,2021:f22)

“Ameerikaan dhiiga isaanii keessa seenee sammuu isaanii bite”(Mahammad,2021:f26)

“Sakandii muraasa booda yaadni isaa bakka hedduu bobbahe”(Mahammad,2021:f28)

“Aduun akka nama ijoollee xixiqqoo taphachiisuu dhokatuutti duumessa keessa dhiibbattee erga baatee...”(Mahammad,2021:f39)

“Fooliin kaalsii mana dhukkee itti kaaste”(Mahammad,2021:f48)

“Moluun mataasaa akka daandii haarayaan baheetti ,rifeensa isaa gargar dhoostee keessa qaxxaamurti”(Mahammad,2021:f54)

“Osuma ilaaluu ija isaatiifi qarshii 10 jidduu hurriin seente”(Mahammad,2021:f55)

“Hiyyummaan beelaafi dheebuuf isa saaxilte”(Mahammad,2021:f60)

“Dukkana halkaniirratti yaadni dukkana biraababalteef”(Mahammad,2021:f75)

“Bubbeen isa dursitee gara ganda Hasan deemte...”(Mahammad, 2021: f119)

“Gammachuun sammuutti baatee waan dubbatu wallaachiste”(Mahammad,2021:f160)

“Beelaafi dadhabbiin walghanii deemuu isii dhorkan”(Mahammad,2021:f222)

“Manni afaan bane isa nyaachuuf ka’e”(Mahammad,2021:f275)

“Namni osoo hin maraatin huccuu baafata;osoo bishaan hin argin waan itti robe fakkaata; bakka ibiddi hinjirretti qaamnisaa affeelama”(Mahammad, 2021:f6)

“Namni waan nyaatuufi dhugu dhiisee waa’ee shiraaroo yaaduu eegale”(Mahammad,2021:f60)

“...waan garaan hin fudhatin afaaniin tole jette”(Mahammad,2021:f63)

“Yaadaan duubatti haftee qaamaan fuulduratti suksukte”(Mahammad,2021:f85)

“...ta dhiigaan firaahojiidhaan diinaa...”(Mahammad,2021:f88)

“...waan hin barreeffamin dubbisuu eegale”(Mahammad,2021:f90)

“Osoo deemuu isfaaltii bira hogguu gahu,isfaaltii ijaan arkee waan hin beeyneef,dhoqqaetu balleysa je’ee isfaaltii cinaa osoo deemuu magaalaa seene”(Mahammad, 2021:f111)

“Waan itti dhagahame gammachuufi naasuu walii wallaale;nama isa sossobu argannaan booyichi sagalee baafate”(Mahammad,2021:f117)

“Dhakaa malee lafti biyyee qabdu waan hin jirreef kopheen dhakaa dhawaa,dhakaanis dhakaa dhawaa osoo deemanii,kopheensaa tan qarshii 120n bite gama keessaatiin hogguu buqqaatu itti dhagahame”(Mahammad,2021:f159)

“Obboleettiin faayoo xiqoon akkuma fiigaa dhufteen nama lama kan tokko ta’ee dhaabbatu agardee dhaabbatte”(Mahammad,2021:f160)

“Milkiin yeroo hunda taaksiidhaan bobbahee waan galuuf mana barumsaa malee karaarratti nama tokko wajjinillee walhin argu”(Mahammad,2021:f193)

“waan ijji isii agarte amanuu dadhabde”(Mahammad,2021:f306)

“Daa’ima afaan hin beeyne wajjin taa’ee haasawuu jalqabe”(Mahammad,2021:f335)

Dabalee ‘D’Mala Dubbi Habalakaafi Arbeessuun Dhihaate

“Roobaan rificateeti rifachuun isaa akka irratti hin beekamneef,nama addaati,lafuma tanarrayyuu namni akkasaa waan jiru natti hin fakkaatu.Milkiirraa eeyyama fudhannee wajjin baanakaa jedhe osoo hin jaalatin”(Mahammad,2021:ff182-183)

“Milkiin gabaabbatee ‘Guinnes world record’s irratti galmaahuu baatus dheerateetis namaan hin qixxaanne”(Mahammad,2021:f202)

“Yeroo ammaa tanatti dhalaalaa durbummaa qabdu arguuf yaaduun nama du’e ni ka’a jedhanii akka yaaduuti”(Mahammad,2021:f206)

“Jireenyi inni keessa jiruufi akkaataa namni itti isa yaadu waliif faallaadha”
(Mahammad,2021:f288)

“Halaakeen nama dhimma kana quba hin qabne fakkaatee bilbila”(Mahammad,2021:f327)

“Yeroo itti maramu gututni isii qaama isaa waraane”(Mahammad,2021:f10)

“...qal’inni mudhii isii dirree bahee taa’Caaltuun surree uffachuun ishee warra dhiiraatti gatiin akka dabalu godhee jira”(Mahammad,2021:f12)

“waa’een Ameerikaa yeroo ka’u Milkii gurrisaa ka’ee miila lamaan dhaabbata”(Mahammad,2021:f26)

“Fooliin kaalsii mana dhukkee itti kaaste;ajaan miila isaa akkuma oksijiinii mana guutuu walgeesse”(Mahammad,2021:f48)

“Namni dubpii hamma hantuutaa arba godhee waan odeessuuf oduun sobaa kan dhugaa keessatti makamte (Mahammad,2021:f60)

’...dinqisiifanna itti roobsanii gammachuu isaa dacha godhan”(Mahammad,2021:f64)

“...mucaa isii fuulli ife agarraan garaan aannan dhuge”(Mahammad,2021:f80)

“...hanga ammaa kan akka mana Saaraatti bareedu hin jiru”(Mahammad,2021:f95)

“...guddinni mataa isaa televiiziyona mana Caaltuu xiqquma hanqata”(Mahammad,2021:f98)

“...harmi isii qomarra ta’e malee ulfa baatii torbaa hin hanqqatu”(Mahammad,2021:f114)

“areedni isaatis rifeensa mataa waliin walqixa dheerate”(Mahamma,2021:f122)

“...liqimsaan inni takkaa liqimsuuf olfuudhu nama mana hidhaa jiru ittiin gaafachuuf ni taati”(Mahammad,2021:f123)

“...ibidda jalatti gubattee kaffaluudhaan muuxannoo horattee jirti”(Mahammad,2021:f176)

“...imimmaan isaa dhangala’ee galaanni fuulasaarra guute”(Mahammad,2021:f219)

“...miidhaginni lafa Baalee garaa nama nyaata;bosonni Baalee qalbii namaa hawwata(Mahammad,2021:f292)

“...ogeessi kaameeraa aaree dachii garagalche”(Mahammad,2021:f293)

“...iyyitee dachii garagalchite”(Mahammad,2021:f327)

“...sammuun isaa daangaa namummaarraa bahaa dhufte”(Mahammad,2021:f335)

Dabalee ‘E’Mala Dubbi Ateessaan Dhihaate

Yaa Rabbi nan ajjeesin...(Mahammad,2021:f26)

“basima’ aab”

“kidaane mihret innaatee”

“Allahu akbar”

“bayyasuus sim” gariin ammoo “laa ilaaha illallaah” (Mahammad,2021:f27)

jirenya akkanaa keessa taa’ee dhiphachuurra maal qaba osoo Rabbiin na ajjeesee? jedhee waa’ee du’aa yeroo yaadu (Mahammad,2021:f135)

“yaa Rabbi jaalala hin godhin”(Mahammad,2021:f150)

“Qaanikoo fagaatus lubbuuntoo si biraa,

Atis na yaadadhu jaalatoo adaraa”(Mahammad,2021:f164)

“wal numa jaalannee nu lachuu duraanii

Rabbuma keenyatu walii nu hinqoodinii”

Hiree maal goonakaa diduu’n dandayanii

Hin dandayanii

Gargar baanus garuu hamtuutee waa hinfedhuu

Galata keetitu hedduu waa si hin irraanfadhuu

Hamtuun si hin argatin gaariin naa jiraadhu.(Mahammad,2021:f167)

“jaalala dhugaa mi’oofuu kan wajjin dabarsine

Egaa attamin ta’aa yaa Caaltuu fageenyat na dhoowwee” (Mahammad,2021:f284)

“Yaa bishaan Haramaayaa madda maaf hin burqinee

Maaliif nurraa goyda nuti suma abdanne”(Mahammad,2021:f303)

“osoon si jaaladhoo osuman siif yaaduu

Si wajjin turuullee osuman barbaaduu

Gargar bahuu keenya keessikoo osoo gadduu

Naaf jiraadhu ilmakoo si hin dagadhu anii

Eenymmaakee beekii aadaa fi afaanii

Nagaatti Firii sin jaaladha anii(Mahammad,2021:f336)

Dabalee ‘F’Mala Dubbi Anyaarseen Dhihaate

“...Sumunii fuulli isii garmalee xiqaadha;yoo akka gaariitti ilaalan hantuuta fakkaatti;rifeensi mataa isii dheeratee gurra bira waan hin dabarreef...”(Mahammad,2021:f42)

“...ijjisaa xixiqqoo waan taateef,yeroo hedduu waan ija dunuunfatee deemu fakkaata”(Mahammad,2021:f54)

“Diinqaa gad kan jiru kophee itti baafachuuf malee tajaajila biraatiif ni oola jedhamee hin yaadamu”(Mahammad,2021:f65)

“...qallinasaarraa kan ka’e qubee ‘l’ kan bareechanii kataban fakkaata”(Mahammad,2021:99)

“...ilkaan tee kofluuf hin taatu”(Mahammad,2021:f110)

“...laayibrarii kitaabaan guutame osoo hin taane manuma duwwaatu dhaabbata”(Mahammad,2021:f189)

“Hawwiin isiin Milkii arguuf qabdu biyyeetti laaqamte;lafti dukkanoooytee Finfinnee guddittiin itti dhiphatte”(Mahammad,2021:f201)

Dabalee ‘G’Itti Fayyadama Mammaaksaa

Dhakaallee taatu liqimsaa ganama takka(Mahammad,2021:f38)

Walfakkaattiin wal barbaaddi(Mahammad,2021:f58)

...ilmoon haadhumaan toliti(Mahammad,2021:f66)

.....bakka caphxeen haa yaastu(Mahammad,2021:f74)

lafa miti lafeerra bu'e(Mahammad,2021:f122)

foon harree hamma fedhan eeganis daaraa wahi hanqataa?(Mahammad,2021:f134)

jaalala keessa adurreen ilmoo nyaatti(Mahammad,2021:f163)

Akka abaluuttin sirbaan morma nama jal'isa(Mahammad,2021:f191)

Namni guddaan jaartii dhabaab ilmoo dhabe(Mahammad,2021:f209)

...teessee garaa dhiibuu manna deemtee miila dhiibuu wayya(Mahammad,2021:f220)

Bal'inni Finfinnee garba keessaa lilmoo barbaaduudha.(Mahammad,2021:f222)

samiin hinqotamu nugsni hin kasasamu(Mahammad,2021:f319)

“Dhakaallee taatu liqimsaa ganamaa takka”jetti(Mahammad,2021:f38)

Dabalee ‘H’ itti fayyadama jechamootaa

“Milkiin kutaa keessaa akkuma gad baheen ijji isaa waa agarte.Waan isa rifachiise osoo hin beeyne **onneen isaa naate**”Mahammad (2021:f10)

“Miira yerootiin masakamuu malee jaalala fuulduraa namni yaadu akka hin jirre bareechitee beeysi.Kanaafuu **afaan mi’effatanii** itti haasawuu isaaniitiif gurra osoo hin kenning kaayyoo isiirratti cichitee kana hunda keessa dabarte.Mahammad (2021:f11

“Wanti dubbisu hundi **garaa isa balleesse**” Mahammad (2021:f17)

“Bifaan haalaan diimaa waan taheef,joolleen hogguu wallolan’**Araba Kasaare’jetiin**.

‘Rifeensi isaa luuccaan kan haati isaa tottolchiteef **buukii jaldeessaa** itti fakkaate’’ Mahammad (2021:f29)

“Hanga ija isaa duraa achi fagaattutti laalee **ijumaan gaggeesse**”Mahammad (2021:f55)

“Kan tokkummaa Oromoo jaalatu hundi Guutamaa waliin gammade.Diina Oromoo kutaadhaan qooduuf hawwu ammo **garaatu gubate**”Mahammad (2021:f64)

“Taphattoota kubbaa miilaa kanneen rifeensi isaanii dheeraa maqaa dhawee rifeensi isaatiis luuccaa waan taheef dheeratee duubatti yoo hidhame akka miidhagu **gurra buuse**” Mohammad (2021:f440)

“Haati Milkii **yaadaan bobbaatee**, doonii yaadaatiin waggaa 18 duubatti deebite” Mohammad (2021:f70)

“Mana adaadaa isaatti rakkina keessa akka jiru yeroo duraatiif tan Ujiitti himte isii waan taateef haala inni keessa jiru **quba qabdi**” Mohammad (2021:f72)

“Milkiin bakka haati isaa jirtutti rakkina isarra gahu waan hin jirreef harmeen isaa **isaaf gaachana**” Mohammad (2021:f81)

“Yeroo joolleen ‘**nuttি orraate** jedhanii fiigan inni akka nama bashannanaaf baheetti suuta deema Mohammad (2021:f126)

“Hariiroon Caaltuu wajjin qabdu cimaa wayta deemu guyyaa tokko mana isaanii fuutee geessitee firooma isii wajjin qabdu **hidda gad jabeessite**” Mohammad (2021:f147)

’Iftuun waan hedduutti **gufuu taate**’’ Mohammad (2021:f153)

“Biyya alaatii dhufe jennaan namni hundi daa’ima qabu heerumsiisuuf ija hin rigatu” Mohammad (2021:f175)